# QAACCESSA QABIYYEE FARDAAN HIMII SIRNA AWWAALCHAA OROMOO SHAWAA LIXAA: HAALA QABATAMAA AANAA MEETTAA ROOBII

**TOLASAA WARQUU BEEGGII TIIN**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/19**
**FINFINNEE**

# QAACCESSA QABIYYEE FARDAAN HIMII SIRNA AWWAALCHAA OROMOO SHAWAA LIXAA: HAALA QABATAMAA AANAA MEETTAA ROOBII

**TOLASAA WARQUU BEEGGII TIIN**

**GORSAAN: MULUGEETAA NAGAASAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF KAN DHIYATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA**
**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA2011/19**
**FINFINNEE**

# YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraafi Boodaa

Warqaan qorannoo ulaagaa digirii lammataa (MA) gamisaan guuttachuudhaaf mata duree **“Qaaccessa Qabiyyee Fardaan Himii Sirna Awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa: Haala Qabatamaa Aanaa Meettaa Roobii**” jedhuun **Tolasaa Warquu Beeggii tiin** qophaa’ee ulaagaa sadarkaa madaallii Yuunivarsiitichi kaa’e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Keessaa

Maqaa _________________________Mallattoo_________________Guyyaa____________

Qoraa Alaa

Maqaa__________________________Mallattoo_________________Guyyaa____________

Gorsaa

Maqaa__________________________Mallattoo_________________Guyyaa____________

---

Dura Taa’aa Muummee Yookaan Walitti Qabaa Digirii Lammata

# *Axereera*

*Qorannoon kun Qabiyyee Fardaan Himii Sirna Awaalchaa irratti xiyyeeffatee hojjetame. Kaayyoo guddaan qorannichaas qabiyyee fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa: Haala qabatamaa Aanaa Meettaa Roobii qaaccessuudha. Raawwii qorannoo kanaa keessatti irraawwatamni qorannichaa uummata Aanaa Meettaa Roobii ta'ee, kan irratti xiyyeeffatame hawaasa iddoo sirni awwaalchaa raawwate ykn waltajjii jahaa qofaarratti. Malleen funaansa ragaa qorannoo kanaa qorataan itti gargaarame daawwannaa, waraabbii, af-gaaffii, maree gareefi sakatta'a galmeeti. Maddi ragaa tokkoffaan qorannoo kanaa, bakka fardaan himiin sirna awwaalchaa raawwatetti argamee yoomessa uumamaa keessatti daawwannaafi waraabbiin gaggeeffame, namoota dhimma fardaan himii sirna awwaalchaarratti hubannoo qaban irraas odeeffannoon af-gaaffiifi maree gareetiin sassaabame. Maddi ragaa lammaffaan immoo, Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobii irraa odeeffannoo barreeffamaafi suuraan jirurraa ragaan walitti qabame. Odeeffannoon kallattii garaagaraatii walitti qabame, mala ibsaatiin qaacceffame.Kunis, mala qulqulleeffataatti gargaaramee yaadiddama tajaajilaafi galumsaa bu'uureeffatee qaacceffame. Adeemsi iddattoon qorannichaa ittiin filatame mala miti carraan ta'ee kaayyeffataatiini.Walumaagalatti, firiin argannoo qorannoo kanaa akka aadaa Oromoo Shawaa Lixaa: haala qabatamaa Aanaa Meettaa Roobiitti fardaan himiiniifi faaruun fardaan himii garee hawaasaa garaagaraatiif akkaataa garaa garaatiin himama.Akkaataan sooressaaf, gootaafi namoota bebbeekamoof itti himaniifi hiyyeessaaf itti himan garaagarummaa qaba. Kan hiyyeessaa fardeen muraasaan yeroo himan kan kanneen kaanii heddduu ni baay'ata. Dabalataanis, fardaan himiin sirna awwaalchaa adeemsa mataasaafi hurruubummaa ittiin raawwatus kan qabuudha. Ammas, fardaan himiin meeshaalee garaa garaatti dhimma baha. Fakkoommiiwwan garaa garaa sirna kana waliin walqabatee ni mul'ata. Yeroo ammaa kanatti, naannoo qorannoon kun itti gaggeeffametti sadarkaan irra jiru sababoota garaa garaatiin hir'achaafi gadi bu'aa deemeera. Dhumarratti, firiiwwan qorannoo kanneen bu'uura godhachuudhaan dhimmi fardaan himii kun qabeenyaa saba Oromoo waan ta'eef, qophii kitaabilee barnootaa keessa galee osoo ittiin barsiifamee. Qaamni dhimmi ilaallatu, qorattootni, Waajjirri Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobii qorannoo kana bu'uura godhatee dhimma kanarratti osoo xiyyeeffatee hojjeteen yaada dabalataan kennameedha.*

## Galata

Waan hundumaa dura isa dursee naaf akeeke, isa naaf akeeke immoo biraan nagahee jalqabsiisee kan na xumursiise Waaqayyoon guddaan galateeffadha.Itti aansuudhaan, beekumsa, gorsaafi yeroo isaanii osoo anatti hinwaakkatiin waan na barbaachisu hundaa nuffii malee kan na gargaaraniifi na jajjabeessan Mulugeetaa Nagaasaa (PhD)’tiif galata guddaan qaba.Qophii pirooppozaalaarratti, gorsaafi deeggarsa lakkaa’amuu hindandeenye kan naaf gumaachan Xilaahun Taliilaa (PhD)’tiifis galanni koo guddaadha. Kun hunduu bu’aa dadhabbii lamaan keessaniiti waan taheef, fayyaa tahaa, umurii dheeradhaan hawwii kooti. Ammas, hojiin kun akka fiixaan bahuuf, na bukkee dhaabattee kan na jajjabeessaa turteefi deeggarsa garaa garaa naaf gochaa turte haadha manaa koo Aadde Atsaduu Damee guddaan galateeffadha. Akkasumas, ijoollee koo Yeroosaan Tolasaafi Deebii Tolasaatiinis deeggarsa keessaniif galatoomaa jechuun barbaada. Dabalataanis, kaameeraan ittiin odeeffannoo waraabu naaf ergisee akka qorannoon kun galma gahu kan nadeeggare B/saa Mitikkuu Kabbadaaf galata guddaan qaba. Bakka sirni awwaalchaa jiru hundatti anaa wajjin deemee taatee mul’atu hundaa kaameeraan waraabuudhaan nuffii tokko malee na deeggaraa kan ture  Obbo Darajjee Warquutiif galanni koo guddaadha. Kana malees, hojjettoota Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobii kanneen tahan Obbo Fayyisaa Fiixaa, Dar.Kennaa Dagguufi Aadde Dammaqech Mul’ataa odeeffannoofi deeggarsa barbaachisaa naaf kennitan hundaaf galatoomaan jedha. Dhumarratti, namootni dhuunfaadhaanis ta’e gareedhaan ijaaramtanii odeeffannoo barbaachisu naaf kennitan hundiifi maatiin guyyoota sirna awwaalchaa gadda cimaafi rifannaa cimaa keessa osoo jirtanii akkan taatee sirnicharratti mul’atu yookaan raawwatu kaameeraadhaan waraabu naaf eeyyamtan hundi hedduu galatoomaa.

**Jibsoo**

Akkaataa galumsa isaaniitiin jechootni tokko tokko hiika garaagaraa ni qabaatu.Kana giddu-galeeffachuudhaan jechootni armaan gaditti barreeffaman qorannicha keessatti hiika laatameef kana akka qaban dubbistootni qorataa kanaaf haa hubatani.Kunis:

- Balballoomsuu-ibsuu/addeessuu
- Bukkee-bira(maddii)
- Finna-dhala(ijoollee)
- Ija dhiibuu-qaanii wallaaluu
- Labata-dhaloota haaraa
- Quba qabaachuu-odeeffannicha beekuu
- Taatee-gochaa(raawwii)
- Waakkachuu-sassachuu
- Wayita-yeroo

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereera ....................................................................................................................i
Galata ........................................................................................................................ii
Jibsoo .......................................................................................................................iii
Ibsa Suuraalee ........................................................................................................viii
Boqonnaa Tokko: Seensa ..........................................................................................1
1.1. Seenduubee Qorannichaa.....................................................................................1
1.2. Seennaannoo Qorannichaa....................................................................................2
1.2.1. Haala Argamaafi Teessuma Aanaa Meettaa Roobii ..........................................2
1.2.2. Haala Amantaa Naannoo Qorannichaa: Meettaa Roobii ...................................4
1.2.3. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Meettaa Roobii.................................................4
1.2.4. Sirna Warroommii Uummata Meettaa Roobii ...................................................5
1.3. Ka’umsa Qorannichaa ..........................................................................................6
1.4 Kaayyoo Qorannichaa ............................................................................................8
1.4.1 Kaayoo Gooroo Qorannichaa..............................................................................8
1.4.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa.............................................................................9
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ...........................................................................9
1.6. Daangaa Qorannichaa...........................................................................................9
Boqonnaa Lama: Yaada Rimee, Yaaxxinaafi Sakatta’a Barruu ...............................11
2.1. Yaada Rimee Qorannichaa ..................................................................................11
2.1.1. Yaaxxina Hiika Fakkoommii ...........................................................................11
2.2. Maalummaa Fookiloorii ......................................................................................12
2.3. Faayidaa Fookiloorii............................................................................................13
2.4. Gooroowwan Fookiloorii ....................................................................................14
2.4.1. Afoola ..............................................................................................................16
2.4.1.1. Faayidaa Afoolaa............................................................................................17
2.4.1.2. Amaloota Afoolaa ..........................................................................................18
2.4.1.3. Gosoota Afoolaa.............................................................................................19
2.4.1.3.1. Af-walaloo...................................................................................................19

2.4.1.3.1.1. Gosoota Afwalaloo ....................................................................20
2.4.1.3.1.1.1. Faaruu.......................................................................20
2.4.1.3.1.1.1.1. Faaruu Booyichaa ..................................................21
2.4.2. Wanta Aadaa .....................................................................................22
2.4.3. Aartii Sochii Hawaasaa......................................................................23
2.5. Fardaan Himii Sirna Awwaalchaa........................................................24
2.5.1. Faayidaa Fardaa ................................................................................27
2.5.2. Hariiroo Fardaafi Abbaa Fardaa ........................................................28
2.6. Sakatta'aa Barruuwwan Wal-fakkaatanii ..............................................29
2.6.1. Tokkummaafi Garaagarummaa Qorannoowwan Walfakkiifi Qorannoo Kanaa .......... 30
2.6.1.1. Tokkummaa....................................................................................30
2.6.1.2. Garaa Garummaa............................................................................31
2.7. Yaadiddama Qorannichaa.....................................................................31
2.7.1. Yaadiddama Tajaajilaa/Faayidaa/ .....................................................31
2.7.2. Yaadiddama Galumsaa ......................................................................32
Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa.......................................................34
3.1. Saxaxa Qorannichaa ............................................................................34
3.2. Irraawwatama Qorannichaa..................................................................35
3.3. Madda Ragaa Qorannichaa...................................................................35
3.4. Iddattoo Qorannichaa............................................................................36
3.5. Malleen Funaansa Ragaa Qorannichaa.................................................37
3.5.1. Daawwannaa......................................................................................37
3.5.2. Waraabbii...........................................................................................38
3.5.3. Af-gaaffii............................................................................................38
3.5.4. Maree Garee.......................................................................................40
3.5.5. Sakatta'a Galmee ...............................................................................42
3.6. Mala Qaaccessa Ragaa .........................................................................42
3.7. Adeemsa Qoqqoodinsaafi Qindeessa Ragaa .........................................43
Boqonnaa Afur: Qaaccessa Fardaan Himii Sirna Awwaalchaa ...................44
4.1. Maalummaa Sirna Awwaalchaa ...........................................................44
4.2. Adeemsa Raawwii Sirna Awwaalchaa..................................................44

4.2.1. Qophii Sirna Awwaalchaan Duraa ....45
4.2.2. Yeroo Raawwii Sirna Awwaalchaa ....48
4.2.2.1. Nyaata Aadaa Sirna Awwaalchaarratti Dhiyaatu ....51
4.2.3. Raawwii Sirna Awwaalchaan Boodaa ....53
4.3. Adeemsa Raawwii Fardaan Himii ....53
4.3.1. Hurruubummaa Fardaan Himii Sirna Awwaalchaa Ittiin Raawwatan ....54
4.3.2. Akaakuu Fardeenii kan Sirna Awwaalchaarratti Ittiin Himamuufi Hinhimamne ....55
4.4. Ilaalcha Hawaasni Oromoo Meettaa Fardaaf Qabu ....56
4.4.1. Meeshaalee Fardaafi Nama Fardaan Himuu ....57
4.4.1.1. Meeshaalee Fardaa ....57
4.4.1.2. MeeshaaleeNamni Fardaan Himu Uffatuufi Qabatu ....60
4.5. Akaakuu Faaruu Fardaan Himii Sirna Awwaalchaa ....65
4.5.1. Faaruu Fardaan Himii Gootummaa Irratti Hundaa'ee Himamu ....66
4.5.1.1. Faaruu Fardaan Himii yemmuu Nama Duulee Galee Manatti Boqoteef Himamu ....66
4.5.1.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Nama Duulee Achitti Boqoteef Himamu. ....67
4.5.1.3. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Ajjeesaan Bineensaa Boqote Himamuuf ....68
4.5.1.4. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Nama Bineensa Ajjeesuuf Manaa Bahee Bineensi Ajjeeseef Himamu ....70
4.5.2. Faaruu Fardaan Himii Qabeenyarratti Hundaa'ee Himamu ....71
4.5.2.1. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Hiyyeessi Boqote Himamuuf ....71
4.5.2.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Sooressi Boqote Himamuuf ....72
4.5.3. Faaruu Fardaan Himii Barnootarratti Hundaa'ee Himamu....73
4.5.3.1. Faaruu Fardaan Himii Nama Osoo Barnootarra Jiruu Boqoteef Himamu. ....73
4.5.3.2. Faaruu Fardaan Himii Nama Barnoota Xumuree Osoo Hojiitti Hinbobba'iin Boqoteef Himamu. ....74
4.5.3.3. Faaruu Fardaan Himii Nama Barnoota Xumuree Hojii Eegalee Battala Boqoteef Himamu. ....75
4.5.4. Faaruu Fardaan Himii Gaa'elarratti Hundaa'ee Himamu ....76
4.5.4.1. Faaruu Fardaan Himii Nama Osoo Gaa'ela Hingodhatiin Boqoteef Himamu....76
4.5.4.2. Faaruu Fardaan Himii Nama Kaadhimmatee Tasa Boqoteef Himamu....76
4.5.4.3. FaaruuFardaan Himii Nama Fuudhee Osoo Daa'ima Hingodhatiin Boqoteef Himamu. ....77

4.5.4.4. Faaruu Fardaan Himii Nama Fuudhee Daa'immansaarraa Boqoteef Himamu ........ 77
4.5.5. Faaruu Fardaan Himii Dubartootarratti Hundaa'e ........ 78
4.5.5.1. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Dubartootni Bebbeekamoon Boqotan Himamuuf ........ 78
4.5.5.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Dubartii Abbaa Warraa Malee Mana Bulchitu Boqottu Himamuuf ........ 79
4.5.5.3. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Dubartii Lolarratti Boqotteef Himamu ........ 80
4.5.6. Faaruu Fardaan Himii Arjummaafi Doqnummaarratti Hundaa'ee Himamu ........ 80
4.5.6.1. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Arjaan Boqote Himamuuf ........ 80
4.5.6.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Doqni Boqote Himamuuf ........ 81
4.5.7. Faaruu Fardaan Himii Hojiirratti Hundaa'ee Himamu ........ 81
4.5.7.1. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Daldalaan Boqote Himamuuf ........ 81
4.5.7.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Qoteebulaan Boqote Himamuuf ........ 81
4.5.7.3. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Namni Uffata Hodhu Boqotu Himamuuf ........ 82
4.5.8. Faaruu Fardaan Himii Umriifi safuu Hawaasaarratti Hundaa'ee Himamu ........ 82
4.5.8.1. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Jaarsi Biyyaa Boqotu Himamuuf ........ 82
4.5.8.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Ayyaantuun Boqote Himamuuf ........ 83
4.6. Fakkoommiiwwan Sirna Awwaalchaa Waliin Wal-qabatan ........ 83
4.7. Yeroo Ammaa Kanatti Haala Fardaan Himiin Sirna Awwaalchaa Irra Jiru ........ 85
Boqonnaa Shan: Argannoofi Yaada Furmaataa (Yaboo) ........ 86
5.1. Argannoo ........ 86
5.2. Yaada Furmaataa (Yaboo) ........ 89
Wabii
DABALEE A
BABALEE B
BABALEE. C
BABALEE. D

# Ibsa Suuraalee

**Fuula**

Fakkii Tokko: Kaartaa Bakka Itti Argama Aanaa Meettaa Roobii Agarsiisu. ...................... 3

Suuraa Tokko: suuraa odeef- kennitootaa kan yeroo adda addaa af-gaaffiidhaan odeeffannoo qorataaf kennan agarsiisu. ............................................................. 39

Suuraa Lama: Suuraa dargaggoota umurii (20-40) jidduu jiraniifi meeshaalee aadaa qabataniifi uffatanii fardaan himiiratti hirmaatanii qorataa waliin mare garee gaggeessanii odeeffannoo kennan agarsiisu ........................................................ 41

Suuraa Sadii: Namoota umuriin isaanii waggaa (40-75)jiran yeroo mare gareetiin qorataaf odeeffannoo kennan agarsiisu. ............................................................. 41

Suuraa Afur: Suuraa mare garee ogeessota Waajjira Aadaafi Tuuriizimii waliin qorataan taasise agarsiisu. ......................................................................... 42

Suuraa Shan: Suuraa hanga reeffi bakka boqotee ka'uutti namootni fardee isaaniirraa harca'anii dhadhaababatan, fardeen isaanii marga cuffachiisan agarsiisu. ............... 48

Suuraa Jahaa: Suuraa iddoo boqonnaa reeffaatti firoottan naannawanii yemmuu booyan agarsiisu49

Suuraa Torba: Suuraa yeroo reeffi bakka boqotee jiruu ka'u, abbootii fardeenii himan agarsiisu. 49

Suuraa Saddeet: suuraa osoo reeffi gara awwaalaatti deemaa jiruu namoota fuuldura goranii fardaan himan agarsiisu. ......................................................... 50

Suuraa Sagal: Suuraa yemmuu qeesonni reeffatti qaddasan agarsiisu. ............................ 51

Suuraa Kudhan: Suuraa namoota iddoo awwaalaatti yeroo reeffi boolla seenu booyan agarsiisu. 51

Suuraa Kudha tokko: Suuraa qorataan namoota umurii waggaa 40-75 jiran waliin maree garee gaggeesse agarsiisu. ....................................................................... 54

Suuraa kudha lama: Suuraa meeshaa fardeen ittiin himanii ykn maqaa meeshaalee sanaa yeroo qorataan ode-kennaa gaafatu agarsiisu. ..................................................... 60

Suuraa Kudha sadii: Suuraayerooqorataan namakal'ee/anfaarroo, daabee, uleefi alangee qabatee himu qorataaf af-gaaffiidhaan odeeffannoo kennuagarsiisu. .................. 61

Suuraa Kudha afur: Suuraa qorataan nama gaaleefi ulee qabatee himurraa af-gaaffiidhaan odeeffannoo fudhatu agarsiisu.............................................................. 63

Suuraa Kudha shan: Suuraa nama eeboo qabatee himu agarsiisu. .................................. 64

Suuraa Kudha jahaa: Suuraa namaqawwee qabatee himu agarsiisu. ............................... 65

Suuraa kudha torba: Suuraaqorataan maree garee ogeessota waajjiraa waliin taasifame agarsiisu.65

# Boqonnaa Tokko: Seensa

Qo'annoofi qorannoon tokko sababa tokko malee hingaggeeffamu--sababa gaggeeffamuuf qaba. Kun ammoo qorannicha gaggeessuuf maaltu gaaffii akka ta`eefi gaaffii kanas deebisuuf galma wixineeffachuudhaan raawwatama. Waan gaaffii ta'e kanaaf immoo furmaata waarawaa kennuudhaaf adeemsa adeemamuu malu hundaa galmaan gahuun barbaachisaadha. Ka'umsuma kanaan qorannoon kun boqonnaa kana keessatti qabxiilee adda addaa kanneen akka seenduubee, seennaannoo, ka`umsa qorannoo, kaayyoo qorannoo, yoomesssa qorannoo, barbaachisummaa qorannoo, daangaa qorannichi irratti adeemsifameefi hanqina qorannichaa duraa duubaan kan of keessatti qabateedha.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Sabni tokko saba biroorraa adda bahee waan ittiin beekamu qaba. Innis aadaa isaatiini. Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Kan sabni tokko maalummaasaa, eenyummaasaa, duudhaasaa, barsiifatasaa, amantaasaa, haala jireenyaasaafi falaasamasaa ittiin ibsatuudha. Gochoonni hawaasni tokko jireenya isaa geggeessuuf raawwatuufi akkaataan uffannaa, adeemsaa, nyaataa, boo'ichaafi kanneen biroos mallattoo aadaa saba tokkooti. Sababiinsaas aadaan akkaataa jireenyaa, hambaa dhaabbataafi socho'aa, kan labata tokkorraa gara labata itti aanuutti dabraa dhufe, ibsituu gammachuu, eenyummaa, gaddaa, sadarkaa guddinaafi teekinooloojii sabni tokko itti fayyadamaa jiru kan agarsiisu isa olaanaadha. Yaaduma kana ilaalchisee, Lubni Fiixeen (2013: 262) yemmuu ibsu,

> *Sabni tokkos saboota biroorraa kan inni ittiin addaan ba'u: aadaa, seenaa, hooda, safuu ittiin beekkamu qabaachuu isaati. Namni tokko qomoon koo kana jechuu qofaan eenyummaa isaa hinmirkaneessu. Gumaacha inni aadaa sabichaa keessatti qabutu dhugoomuu qaba. Kanamalees, aadaan saba tokkoo haala jiruufi jireenya uummatichaa kan calaqqisiisuufi seenaasaa kan mul'isuudha. Wanti ilmi namaa lafa kanarratti akka dhuunfaattis ta'ee gareen jiruufi jireenyasaa keessatti dubbatuufi raawwatu eenyummaafi maalummaa isaa calaqqisiisa. Aadaan haala jireenyaafi gocha hawaasaa kan inni guyyyaa guyyaatti raawwatu kan calaqqisiisuudha,* jechuudhaan ibseera.

Haaluma kanaan uummanni Oromoos kan ittiin beekamu keessaa aadaan isa tokko. Firiiwwan aadaa kanneen ta'an keessaa akaakuun nyaataa, uffannaa, sirni siinqee, sirni gadaa, afoolli, wal-gargaarsi, adeemsi waaqeffannaa, aadaan moggaasa maqaa, sirna

awwaalchaafi kkf. eenyummaa isaa agarsiisu.Yaaduma kana ilaalchisee, Gammachuun, (2001:175) yeroo ibsu, "Aadaan uummata Oromoo baay'ee bal'aafi jireenya uummataa kan calaqqisiisu waan ta'eef eenyummaa isaati.Yaada kanas, 'gochoonni hawaasni tokko jireenyasaa gaggeessuuf raawwatuufi akkaataan ittiin raawwatu hundi aadaadha' jechuudhaan ibsa. Kanaafuu, aadaafi sirnoonni Oromoon raawwatus eenyummaasaa kan ibsuudha. Hawaasa Oromoo hawaasa biroorraa kan adda isa taasisu kan aadaafi afaansaa akkasumas, jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatu afoola mataa isaa qaba. Kanaanis, wanta hawaasni waliin hirmaatu, gammachuu, gadda, hawwii, dhiphina, sona, jireenya isaafi kanneen kana fakkaatan afoolatti dhimma ba'uudhaan calaqqisiifata.

### 1.2. Seennaannoo Qorannichaa

Uummanni Tuulamaa giddu-galeessa biyyittii keessa qubachuu isaatirraan kan ka'e, jijjiiramoota adda addaatiif saaxilamaadha. Jijjiiramoota mul'achaa jiran keessaa jijjiiramni induustirii isa tokko. Kunis, magaalaa guddoo biyyittiitti dhiyaachuurraan kan ka'e induustiriin biyyittiin qabdu naannawaa kanatti ammallee babal'achaa jira. Babal'ina induustirii kana waliin ammo kanneen akka manneen barnootaa, bishaan dhugaatii qulqulluu, daandiilee adda addaa, dhaabbiileen amantii adda addaafi kanneen biroonis ariitiidhaan keessatti guddachaa jiru.


#### 1.2.1. Haala Argamaafi Teessuma Aanaa Meettaa Roobii

Aanaan Meettaa Roobii Naannoo Oromiyaa kanneen godinaalee Lixa Oromiyaatti argaman keessaa kan godina Shawaa Lixaa keessatti argamtuudha. Aanaan kun Finfinneerraa Kiiloo meetira101 fagaattee kallattii Kaaba Dhiyaatti kan argamtuufi magaalaa godina Shawaa Lixaarraa kiiloomeetira 153 fagaattee  kallattii Kaaba Bahaatiin argamti.Aanaan kun gandoota magaalaa sadii(3)fi gandoota baadiyaa digdamii sadii(23) kan of keessaa qabdu yemmuu tahu,walumaagalatti gandoota baadiyaafi magaalaa digdamii jahaa(26) of keessaa qabdi.

Aanaan kun akkaataa argama birqabaatiin kallattii Bahaatiin Aanaa Ada'aa Bargaa, kallattii Lixaatiin Aanaa Jalduu, kallattii Kaabaatiin Aanaa Gindabaratiifi Aanaa Meettaa Walqixxeetiin, kallattii Kibbaatiin Aanaa Ejereetiin daangeffamtee argamti. Aanaan Meettaa Roobii bal'ina lafaa hektaara 93769 irratti kan bu'uureeffamteedha. Bal'ina lafaa

kana keessaa lafa qonnaaf kan oolu hektaara 51762.99 yoo ta’u, lafti bosonaan uwwifame hektaara 6729.25, lafti dheedichaaf oolu hektaara 11775.25, lafti ijaarsa adda addaaf oolu immoo hektaara14038.41fi lafti jallisii irra oole hektaara 4565 akka tahe ragaan Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobii ni ibsa.

**Fakkii tokko: Kaartaa Bakka Itti Argama Aanaa Meettaa Roobii Agarsiisu.**




### 1.2.2. Haala Amantaa Naannoo Qorannichaa: Meettaa Roobii

Akka odeeffannoon Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobii (2011:22) ibsutti amantaan Ortodooksii bara 1876 A.L.I aanicha akka seeneedha. Amantaan kunis akkuma taabotni “Mana Amantaa Ortoodooksii Tewaahidootti Biyya Lallabaa Lixa Shawaa Aanaa Meettaa Roobiitti Mana Amantaa Shinoo Yesuusii”jedhu aanicha seenee hordoftoota horateeni. Yeroo ammaa kanatti akka odeeffannoon aanichaa ibsutti, amantaan Ortoodooksii 25%, amantaan Pirootestaantii 60%, amantaan Waaqeffataa 14%, amantaan Isilaamaa 0.5% akka ta’eedha.

### 1.2.3. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Meettaa Roobii

Gosoota Oromoo keessaa gosti Tuulamaa naannoo Oromiyaa keessa iddoo adda addaatti faffaca’anii argamu; keessattuu giddu galeesa biyyittii keessatti hedduuminaan argamu.Hidda latiinsa Oromoo Tuulamaa kana hubachuudhaaf caatoo armaan gadiitiin yaa ilaallu.

**Caasaa Hidda Latiinsa Oromoo Meettaa**




Maddi: Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa $16^{ffaa}$ (1998/2006:129) Biiroo Aadaafi Tuuriizimii Oromiyaa.

### 1.2.4. Sirna Warroommii Uummata Meettaa Roobii

Warroommii jechuun adeemsa dargaggeessi fuudha gahe ykn waggaa 18 ol tahe tokko shamarree heeruma geese ykn waggaa 18 ol taate tokko waliin wal-fuudhanii bultii waliin hundeessanii waliin jiraataniidha.Haa ta'u malee, sirni warroommii akkanaa kun bu'uura yaa tahan malee akaakuun warroommii Aanaa Meettaa Roobii keessatti beekaman kanneen armaan gadittibarreeffamaniidha.Isaanis:

**Kaadhimmachuu**: Sirni warroommii kun kan dargaggeessi ykn gurbaan intala isaaf taatu ilaallatee, maattiitti himatuufi akka gaafatanii fuusisaniif mariisisee maatiin immoo warra intalaatti kabajaan jaarsa erganii kan gaafatanii fuusisaniidha.Sirni warroommii kun hawaasicha biratti kabajamaafi jaalatamaadha.Fedhii maatii lamaaniifi warra walfuudhan lamaaniin waan gaggeeffamuuf hedduu fudhatama qaba.

**Butii:** Sirni warroommii gasa kanaa baroottan durii keessatti bal'inaan gaggeeffamaa turullee yeroo ammaa kanatti bakka tokko tokkotti malee hinmul'atu.Sirni warroommii kun, kan gurbaan fuudha gahe tokko mucayyoo isaaf taatu filatee fedhiifi eeyyama ishii malee hiriyyoottan isaa waliin humnaan fudhatee haadha manaa kan godhatuudha.Inni kun, yeroo ammaa kanatti dargaggeessi kana raawwateefi namni isa gargaare waan seeraan gaafatamuufi adabamuuf hafaa jira.

**Waliin Galuu**: Gurbaafi intalli fedha wal-fuudhuu horatan, fedha maatii isaanii lamaaniin ala kan gurbaan intala ilaallateefi waliigalan fudhatee galuudha.Sirni warroommii gosa kanaa maatii intalaaf qaaniidha.Maree isaanii malee waan nama jaalatte waliin badduuf.Maatiin gurbaa fuudhuus, odeeffannoo muraasa gurraa qabaatanillee hanga kan maatii intalaa yoo mufachuu baatanis mufannaan ni jira.Intallis, mana maatii gurbaatti gurbaa waliin galti.

**Waliin Baduu**: Sirni warroommii kun waliin galuu wajjin walfakkaata.Garaagarummaan isaaniis, waliin galuun gurbaafi intalli ykn mucayyoon wal-qabatanii gara mana maatii gurbaatti yeroo galan, waliin baduun garuu, gurbaafi intalli wal-qabatanii kan gara birootti waliin badaniidha.

**Aseennaa**: Sirni warroommii inni kun kan intalli maatii ishee jalaa baddee gara maatii gurbaatti galtuudha.Gurbaa waliin turanii garuu, gurbaan fedha fuudhuu osoo hinqabaatiin tarii tasa yoo garaatti hafe tahe mana maatii ishee teessee dahuurra kan ija dhiibdee maatii gurbaatti galtuudha.Sirni warroommii inni kun maatii intalaatiif baay'ee qaaniidha.Yeroo tokko tokko gurbaanillee waan fedhasaa hintaaneef yeroon inni dhiisee badufaa ni jira.Ta'us, jaarsoliin jidduu galanii akka inni tasgabbaa'ee ishii bulchu taasisu.

**Irra Dhaaba**: Sirni warroommii inni kun immoo, warri gurbaa intala ilma isaaniif taatu ilaalaniifii, osoo maatiin intalaa quba hinqabaatiin loon oofanii dhaqanii mucayyoo waliin fudhatanii galu.Sirni warroommii gosa kanaa kan gaggeeffamu yeroo hedduu kan haati warraa dura fuudhe yoo jalaa duutefaa sirna kanaan fuudha.

### 1.3. Ka'umsa Qorannichaa

Raawwiin fardaan himii sirna awwaalchaa yoomessa mataa isaa kan qabuufi yoomessuma mataasaa keessattis kan raawwatuudha. Aadaafi seenaan kunis, labata tokkorraa gara labata itti aanuutti afaaniffaan walirraa dhaallamaa dhufee labata har'aa bira gahe. Ka'umsi qorannoo kanaas, qaaccessa qabiyyee fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa haala qabatamaa Aanaa Meettaa Roobiirratti xiyyeeffatamee qophaa'e. Aadaan, duudhaan, barteeniifi kkf, kan hawaasichi kunuunfatee itti tajaajilamaa jiru keessaa fardaan himiin sirna awwaalchaa isa tokko. Fardaan himii yeroo jedhamu, kan nama lubbuun isaa addunyaa kanarraa deemeef fardarra bahanii gaarummaasaa, gootummaasaa, jireenya hawaasummaa dabarseefi kkf himuufii jechuudha.

Fardaan himii yeroo jedhamu, akaakuun farda malee himuu kan biraa jira jechuudha. Kunis, lafoo asiifi achi garmaamanii seenaa nama boqote sanaa himuudha. Kun namootni fardeen ittiin himan hinqabne garuu seenaan nama boqote sanaa isaan callisiisuu kan hindandeenye akkaataa kanaan himuufi. Kana malees, gaangeedhaan himuun nidanda'ama. Kanaan immoo namoota umuriin isaanii deeme, namoota akka barbaadanitti farda asiifi achi garmaamsanii ittiin himuu hindandeenyetu ittiin hima. Sababnisaa namootni umuriin isaanii achi siqe kunneen sababa dugdi isaanii akka barbaadanitti fardarra taa'ee isaan hingarmaamsifneef suuta jedhanii gaangee isaanii asiifi achi naannessaa nama seenaasa

beekan sanaaf himu. Kunneen caalaa garuu, hawaasichi kan fardaan himamuufiif iddoo olaanaa kenna.

Hawaasicha biratti fardi safuu addaa qabaatus, hanqinootni gadii kunneen akka qorataan mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuuf kan kakaasaniidha. Inni jalqabaa, hanqina beekumsaati. Kanas, dhalootni haaraan mata duree kanarratti beekumsa gahaa waan hinqabneefi sirnichis sababoota garaagaraatiin yeroodhaa yerootti hir’achaa deemaa waan jiruuf furmaata kaa’uudhaaf yaadamee qophaa’e. Inni lammaffaan, qaamoleen garaagaraa dhimma mata duree kanaarratti xiyyeeffannoo hinkennine. Xiyyeeffannoo dhabuun isaa immoo, akka hawaasichi dagatuufi iddoo itti hinkennine taasiseera. Iddoon itti kennamuu dhabuu ykn kunuunsi barbaachisu kennamuufii dhabuun ammo dhalootni akka dagatu taasisa.Inni kan biraan immoo, kanaan dura qorannoon mata duree kanaan walitti dhiyaatu gaggeeffamullee aanaa kanarratti gaggeeffamuu dhabuufi kallattiidhaan dhimma fardaan himiirratti kan gaggeeffame dhabamuun sababoota qorataa qorannoo kanaaf kakaasaniidha.

Fardaan himiin kun dhiirota sadarkaa garaagaraarra jiran kanneen amalaan, gaarummaa gochuudhaan, gootummaa ykn dhiirummaa qabaniin, arjummaa isaaniitiin, yeroo rakkinaa nama bira dhaabatanii nama gargaaruudhaan, jaalala namootaa qabaachuudhaan, hojii isaanii jaalachuufi namoota waliin hawaasummaa uumanii jiraachuudhaaniifi kkf irratti hundaa’ee hawaasichi himaafi. Fardaan himiin kun dhiirotaan alattis dubartoota gootummaan beekaman, arjummaan beekaman, maatii isaanii seeraan bulchaniifis ni himamaafi.

Adeemsa raawwii fardaan himii keessatti fakkoommiiwwan garaa garaatu mul’ata. Fkn.Fardi ilma hangafatti fakkeeffama. Kunis, abbaa fardaa maqaa fardasaatiin waamu. Farda akka Waaqa namaa araarsuutti fakkeessu. Kunis, yeroo roobni roobuu didee gogiinsi hammaate, farda collee luugamanii malkaa bu’anii, tulluu bahanii Waaqa yoo kadhatan ni rooba; Waaqnis namaaf araarama jedhanii amanu. Sababa kanarraa kan ka’een fardaaf iddoo guddaa qabu.Yeroo raawwii fardaan himiitti, namootni fardaan himan nama boqote sana hojiisaa/ishee himaa, maqaasaa/ishee dhaadhessaa, gootummaasaa/ishee ykn dhiirummaasaa/ishee hirmaattota sirnichaatti miira gaddaafi miira mararfannaatiin fardeen isaanii asiifi achi garmaamsaa,fardeen isaaniirraa hudduudhaan takkaa ol ka’aa, takkaa

immoo gadi taa'aa, fuulduratti adeemaa, duubatti deebi'aa, ulee ykn dheeboofi gaachana isaanii mirmirsaa himanii hirmaattota garaa raasanii boochisu. Yeroo gaarummaa, gootummaa, arjummaa, jaalala inni/isheen namootaaf qabu/du, naannawanii garmaamaa himan namni qaamaan nama boqote/tte kanallee hinbeekne osoo hinbeekiin dhaabatee imimmaan gaddaa ofirra dhangalaasa.

Raawwii sirna kanaarraa labatni haaraan waan hedduu irraa barata. Akka itti namni wal-mararsiifatu, jiraatti namaaf gaarummaa ooluun, jaalala namootaa qabaachuun, nama rakkate gargaaruun, hiyyeessa harka qabuun, namaaf garaa laafuun,gaafa gaddaafi gaafa gammachuu namoota waliin hawwaasummaa uumuun,gaafa lubbuudhaan darbanillee sirni awwaalchaa ofii akkaataa kanaan akka miidhagsu, akka ulfina argatu nama taasisuu isaa irraa baratu. Sababnisaa, anis akka abaluun gaarummaa namaaf oolee jaalala namootaa argadha jedhanii onnatu. Kanaafuu, gaaffileen hedduu barbaachisoo tahaniifi deebii barbaadan gaafatamaniiru. Isaanis:

- ❖ Fardaan himiin sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Meetta Roobii adeemsa akkamiin raawwata?
- ❖ Faaruun fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii akaakuu meeqa qaba?
- ❖ Meeshaaleen aadaa yeroo raawwii fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Meettaa Roobii irratti barbaachisan maal faati?
- ❖ Fakkoommiiwwan sirna awwaalchaa wajjin wal- simatan isaan kami?
- ❖ Yeroo ammaa kanatti fardaan himiin sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii sadarkaa maaliirra jira?

## 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1 Kaayoo Gooroo Qorannichaa

- ❖ Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa qabiyyee fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa: Haala qabatamaa Aanaa Meettaa Roobii qaaccessuudha.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa

- Adeemsa raawwii fardaan himii Sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii ibsuu.
- Akaakuu faaruu fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii qaaccessuu.
- Meeshaalee aadaa yeroo raawwii fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobiitti gargaaraman toora tooraan ibsuu.
- Fakkoommiiwwan sirna awwaalchaa wajjin wal-qabatan ifoomsuu.
- Yeroo ammaa kanatti haala fardaan himiin sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii irra jiru addeessuu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo gaggeeffame kanarraa namootni ykn dhaabbileen adda addaa fayyadamtoota ni ta'u. Fayyadamummaan isaanii kunis, akkaataa armaan gadiitiin ta'a.

- Qorannoo kanarraa qaamoleen hubannoo hinqabne qorannicha argatanii yoo kan dubbisan tahe ergaa isaa, faayidaa qorannichi hawaasaaf qabu, akkaataa qorannichi ittiin dhiyaate, haalota qorannichi keessatti dhiyaateefi kanneen kana fakkaatan irratti beekumsa gahaa niargatu.
- Namootni kanaan booda mata duree kanaan walfakkaatu irratti qorannoo isaanii gaggeessuu barbaadan qorannoo kana yoo argatanii dubbisaniifi hubatan akka madda ragaatti tajaajilamuu nidanda'u.
- Barsiisotniifi barattootni qorannicha yoo argatanii dubbisaniif adeemsa baruufi barsiisuu keessatti haala qabatamaa naannoo irratti hundaa'uudhan dandeettiiwwan afaanii ittiin barachuufi aadaa hawaasaa beekuudhaaf hedduu isaan gargaara.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoo kana Oromoo Tuulamaa mara irratti gaggeessuun yeroo dheeraafi baajata guddaa waan gaafatuuf jecha saba Oromoo Tuulamaa keessaa Bachoo, hidda Bachoo keessaa immoo Meettaa irratti mala kaayyeffataatiin daangessee filachuudhaan daaangessuun barbaachisaa tahee qorataatti mul'ateera. Kanaafuu, iddoon qorannoon kun

itti gaggeeffame Oromiyaa keessaa godina Shawaa Lixaa Anaa Meettaa Roobii qofaa irratti. Kunis, matadureen qorannichaa qaaccessa qabiyyee fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa: Haala qabatamaa Aanaa Meettaa Roobii qaaccessuu jedhurratti.

# Boqonnaa Lama: Yaada Rimee, Yaaxxinaafi Sakatta'a Barruu

Boqonaa kana jalatti yaada rimeewwan qorannichaa ilaalchisee barruuwwan adda addaa kanneen wal-fakkaatan sakatta'amanii ibsa isaanii waliin kaa'amaniiru.

## 2.1. Yaada Rimee Qorannichaa

### 2.1.1. Yaaxxina Hiika Fakkoommii

Yaaxxinni hiika fakkoommii, ilaalchi hawaasaa maal akka bakka bu'u kan ibsuudha.Kunis, hawaasichi waan safeeffatu, waan hedatu, waan gara fuula duraatti dhufuu danda'u itti yaadee ykn ilaalee kan tilmaamuufi itti gargaaramuudha. Amalli fakkoommii inni bu'uraa bakka bu'uudha.Wanti qabatamaan tokko bakkaan ykn gachaan iddoo wanta biraa bu'uudhaan waa'ee bakka bu'e sanaa ol kaasee mul'isa. Akka Zarihuun Asfaa, (2004:120-121) jedhutti gosoota fakkoommii bakka gurguddoo sadiitti qooda. Isaanis:

#### I. Fakkoommii Hunda Galeessaa

Fakkoommiin inni kun bakka bu'aafi bakka bu'amaan iddoo hundatti akkaataa tokkoon beekama. Fkn:

- Bullaallaan nageenya bakka buuti.
- Abaaboon jaalalaafi miidhagina ibsuuf bakka bu'a.
- Dukkanni wallaalummaafi muudannoo badaa bakka bu'a.
- Warqeen waan baay'ee mi'aa ta'eefi kabaja ibsuuf.
- Bishaan hojii badaarraa qulqullaa'uu bakka bu'a.
- Tulluun wanta dhiibuu ykn sochoosuuhindandeenye ibsuuf bakka bu'a.
- Biiftuun baatujiruu haaraa, fooyya'insaafi bilisummaa bakka bu'a.
- Abiddi balleessaa, rakkoofi dubbii dabaa kaasuu bakka bu'a.

#### II. Fakkoommii Barsiifataa

Gosti fakkoommii inni kun hawaasni duudhaafi barsiifata isaa, haala jiruufi jireenyasaafi muudannoo isaatirraa ka'ee kan uumamuudha. Gosootni fakkoommiiwwan kanneenii hawaasa sanaaf mallattoo isaati. Namni hawaasa sana keessa hinjiraanneefi aadaa hawaasichaa hinbeekne akkaataa salphaa taheen beekuu ykn hubachuu hindanda'u. Fkn:

- Hawaasa Oromoo biratti, halluu gurraachi abdii, fedhaafi waan Waaqa biraa barbaadu ittiin ibsata.
- Halluu adii, nageenyaaf dhimma itti baha.
- Halluu diimaa, gootummaafi wareegamaan bakka buusa.

**III.Fakkoommii Dhuunfaa**

Gosti fakkoommii inni kun ammo, barreessaan ykn waloon tokko kalaqa sammuu isaatii kan uume waan qabatamaa addunyaa kanaa ittiin ibsuudha.Waan barreessaan sun bakka buuse beekuuf beekumsaafi qorannoo gadifagoo taasisuu barbaachisa.

## 2.2. Maalummaa Fookiloorii

Ibsa maalummaa fookiloorii irratti falmiin yookaan waliigaluu dhabuun hayyoota fookiloorii hedduu bira ni jira. Kunis, akkaatuma salphaatti bifa wal-fakkaataa taheen hiikkaan waliigalaa akka hinjirre hayyootni hedduun quba ni qabsiisu. Hayyoota kanneen keessaas, Simsfi Stephen, (2005:2) akka jedhanitti, "Folklore is many things, and it's almost impossible to define succinctly" jedhu. Hayyootni kunneen akka jedhanitti, fooklooriin waa hedduudha; ibsuudhaafis kannamarakkisuudha.Ta'us, hiikkaawal-fakkaataa isaarratti falmiin jiraatullee, maalummaa fookiloorii ilaalchisuudhaan hayyootni garaagaraa immoo waan hedduu jedhanii jiran. Kan isaan jedhan keessaa muraasa yoo ilaalle, Ben Dan Amos (1979:430) yemmuu ibsu, "Folklore is aspher of interaction a mirror of culture, a perspective screen of personality" jedha. Akka yaada beekaa kanaatti fooklooriin wal-quunnamsiistuu hawaasaa, ibsituu aadaa saba tokkoofi ibsituu eenyummaa saba tokkoo akka tahe balballoomsa. Yaada kanarraa ka'uudhaan afoolli eenyummaa hawaasaa, maalummaa aadaa hawaasaa wajjin quunnamtii cimaa akka qabu ni hubatama. Itti dabalees, afoolli ibsituu aadaa akka taheefi ibsituu eenyummaa hawaasa tokkoo akka tahe ni balballoomsa.

Itti dabalees Dundes, (1965:1) yemmuu ibsu, "most definitions concern the "lore" but some concern the "folk" lore the materials of folk lore rather than the people who use the materials has been described in terms of origin, form, transmission and function" jedha. Yaada hayyoota lameen olitti dhiyaatan kanneen irraa wanti hubannu fookilooriin jechoota dachaa lama "folk" fi "lore" jedhanirraa kan dhufe yemmuu tahu, "folk" jechuun garee

hawaasaa beekumsa waliin qooddatan, dhimmi walitti isaan fidu isaan gidduu kan jiruyoo tahu, “lore” jechuun immoo beekumsa hawaasaa yookaan duudhaa hawaasaa irratti kan xiyyeeffatu akka ta’e quba nuqabsiisa. Haaluma wal-fakkaatuun, maalummaa fookiloorii ilaalchisee Dorson, (2015:98) yemmuu ibsu, “Folklore is an echo of the past, but at the same time it is also the vigorous voice of the present” jedha.Yaada kanarraa wanti hubatamu, fookilooriin owwaattuu waantota darbaniiti. Akkasumas, haaluma wal-fakkaataa ta’een sagalee ammaati, kan jedhuudha. Kunis, fookilooriin wantoota darban kan nutti agarsiisuufi gara fuula duraattillee kan nu aggaamsisu tahuu isaati.

Ammas hayyuun Dundes, (1965:34) maalummaa fookiloorii yemmuu ibsu, “folklore is a material that is handed on by tradition, either by word of mouth or by custom and practice” jechuudhaan ibseera. Yaada kanarraas waanti hubatamu, fookilooriin meeshaa aadaadhaan baatamu ta’ee, dubbii afaaniitiin, duudhaafi shaakala hawaasaatiin kan darbuufi kan dhiyaatu ta’uu isaati.Yaaduma kana immoo aakaataa balballoomsuu danda’uun Dundes, (2007:55) yemmuu ibsu, “Folklore is an essential way that cultural knowledge and wisdom is possesed down from generation to generation and from peer” jechuudhaan balballoomsa. Kana jechuunis, fookilooriin waan barbaachisaa karaa barbaachisaa taheen beekumsa, aadaafi ogumalabata tokkorraa gara labata itti aanuutti dabarsuufi hiriyaan hiriyaatti dabarsuudha.Simsfi Stephens, (2011:30) maalummaa fookiloorii ilaalchisuudhaan yemmuu ibsan,“folklore is a way of learning and a way of commumicating than there must be a group of peoplewho need to communicatesome thing to each other,” jechuudhaani. Fookilooriin duudhaawwan hawaasaa meeshaalee aadaa, afoolaafi aadaa sochii qaamaa dhalootaa dhalootatti darbuudha.. Innis, dubbii afaaniifi barsiifataan darbaa tureefi ammas immoo darbaa jiruudha.

### 2.3. Faayidaa Fookiloorii

Fookilooriin jiruufi jireenya ilma namaa guyyuu guyyuu keessatti faayidaa hinsafaramne qaba. Kanas, hayyootni og-barruu garaa garaa haala garaagaraatiin ibsanii jiran. Misgaanuun, (2011:12) yemmuu ibsu, “Fookilooriin dhaloota darbeefi kan ammaatiif riqicha ta’ee wal-quunnamsiisa. Kana jechuun hambaalee bara durii turaniifi amma jiran dhaloota har’aatti agarsiisuun maalummaa uummatichaa walitti fida” jechuudhaani. Hayyuun biroo, Georgesfi Jones, (1995:14) gamuma bu’aa isaatiin yemmuu ibsan:

*Through oral literature /folklore/ people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify agroups social norms and values;inform others about the basis for or nature of their culture; revealor display their identity, traditionality,knowledge,or competence;and entertain or be entertained.*jedhu.

Ammas, faayiduma fookiloorii ilaalchisanii hayyootni, Simsfi Stephens, (2005:174) yemmuu ibsan, "One function of folklore is education, particularly, but not exclusively, in nonliterate societies. …we recognize some folklore can have an informal teaching function in that it describes attitudes held in a society" jedhu. Yaada hayyoota kanneeniirraa wanti hubatamu, fookilooriin haala hinsaganteeffamneen hawaasa barnoota ammayyaa hinqabne barsiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabuufi yaada sammuu hawaasaa keessa jiru baasee kan ibsuudha.

Kana malees, hayyootumti kunniin bu'aa fookiloorii yemmuu ibsan "folklore is an important mechanism for maintaining the stability of culture" jedhu. Akka hayyoota kanneeniitti, fookilooriin aadaan hawaasaa tokko osoo hinboora'iin akka turu taasisa yaada jedhuudha.

### 2.4. Gooroowwan Fookiloorii

Akka hayyuun fookiloorii beekamaan biyya Ameerikaa Richard Dorsen (1972:1-2) ibsutti, gooroowwan fookiloorii iddoo gurguddoo afuritti qooda. Isaanis: afoola, wanta aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii sochii hawaasaa jechuudhaan qoqqoodee kaa'a. Kanneen iddoo afuritti qoqqoodaman kunneenis of jalatti qoqqooddii xixiqqaa biroo akka qaban ni dubbata. Fakkeenyaaf, afoolli kanneen akka afseenaa, durdurii, afwalaloo, mammaaksa, hiibboo, geerarsa, dubbii qolaa, faaruu looniifi kanneen kana fakkaatan faadha. Duudhaan hawaasaa immoo, qoricha aadaa, jilawwan bashannanaafi taphoota, amantaalee duudhaa fa'a of keessatti haammatanii argamu. Wanta aadaa jalatti immoo: meeshaalee aadaa, ogummaa harkaa, dizzaayinii aadaafi kanneen kana fakkatan biroollee ni haammatamu. Kana malees, raawwiin aartii hawaasaa: sirba aadaa, shubbisa, sochii diraamaafi kanneen kana fakkaatan of keessatti haammatee argama.

Kana malees, hayyootni garaagaraa fookilooriin gooroowwan hedduu of jalaa qaba jechuudhaan yaada isaanii gumaachu. Hayuun Dundes,(2007:55), yemmuu wantoota fookilooriin of keessaa qabu balballoomsu,"folklore as a mirror of culture that various

forms of folklore: myths, folktales, legends, folksongs, proverbs, riddles, games, dances and many other materials preserved in words,*"* jechuudhaan yaada isaa gumaacha. Dabalataanis, wantootafookilooriin of jalaa qabu ilaalchisuudhaan Simsfi Stephens, (2011:1-2) yeroo ibsan," folklore is folk songs and legends. It's also quilts, Boy Scout badges, high school marching band initiations, jokes, online avatars, chain letters, nicknames, holiday food, and many other things you might or might not expect" jechuudhaan ibsu.

Yaaduma armaan olii kana immoo haalaan akkaataa ibsuun Simsfi Stephens, (2005:11) yaada gadii kana dhiyeessu,

> *Folklore is a body of traditional belief, custom, and expression, handed down largely by word of mouth and circulating chiefly out side of commercial and academic means of communication and instruction. Every group bound together by common interests and purposes, whether educated or un educated, rural or urban, possesses a body of traditions which may be called it's folklore. In to these traditions enter many elements, individual, popular, and even "literary" but all are absorbed and assimilated though repetition and variation in to a pattern which has value and continuity for the group as a whole*, jedhu.

Yaaduma kanaan kan walfakkaatu immoo John, (1964:365) yemmuu kaa'u "folklore includes the traditional elements of the way of life of agroup of people and the creative expressions developing naturally as a part of this way of life" jedha. Ammas dabalee hayyuudhumti kun, fookilooriin wantoota inni of keessatti haammachuu qabu John, (1964:365) yemmuu kaa'u, "In tradition to folk songs, dances, tales, and handcrafts of a group, folklore includes generally held beliefs of members of this group and their activities resulting from their beliefs" jedha. Elizabeth, (2008:20) waantota fookilooriin of keessatti haammachuu qabu yemmuu keessu, "folklore involves communication of games, songs, stories, rituals, thoughts, and other traditional content from one individual to another and from one generation to the next" jetti.

Walumaagalatti, yaada hayyootaa kanneenirraa wanti hubatamu, fookilooriin gooroowwan gurguddoo afur akka inni of jalaa qabu Dorsen, (1972) akkaataa armaan gadiitiin kaa'eera. Isaanis: Duudhaa hawaasaa (adeemsa mataa isaa danda'e kan qabuufi sirna raawwii ofii qabuun kan dhiyaatu), Meeshaalee aadaa (kanneen akka uffata aadaa, meeshaalee

muuziqaa, nyaata aadaa, qoricha aadaa, faaya aadaa, faaya manaa, faaya namaa, ijaarsa manaafi kanneen kanaan walfakkaatan kanneen biroo ta'uu nidanda'u), Aartii duudhaa (kuni kan sirna wajjiniin walqabatee raawwii idilee qabuudha). Kunis hubannoo, beekumsa, dandeettii namoota waan sana raawwatanii beekuudhaaf yookaan arguudhaaf kan nugargaaruudha.Kanneen keessaa kan hurruubummaadhaan dhiyaatu yookaan sochii qaamaafi afoolaan kan hawaasni waantota darbuuqabanoguma afaaniin labata irraa labata itti aanutti dabarsu.Qorannoo kana keessattis gooroowwan fookiloorii arfan tarreeffamanii taa'an keessaa kanneen qorannichaa wajjin walitti dhufeenya qaban gaditti kaa'amanii jiru.

### 2.4.1. Afoola

Afoolli damee fookiloorii keessaa isa tokko ta'ee umurii dheeraa akka qabus ni dubbatama. Afoolli haala jireenya hawaasa tokkoo kan murteessu, kuufama beekumsaa kan taheefi fuula duratti fuudhee akka deemu hayyuun Bukenyan, (1994:85) "Oral literature is the heart of a people's way of life.It is the very soul of their culture. As the reservior of a people's values, it expresses a given society's world view and gives them a spring board from which their day-to-day existence is propelled" jechuudhaan ibsa. Wantootni dhala namaa uummama kaan irraa adda taasisan keessaa inni tokko yaada isaa afaanitti tajaajilamee wanta isatti dhagahamu hunda nama akka isaatiif ibsuun isaa isa jalqabaati. Keessumaa immoo, wanta sammuu isaa keessa jiru haala namootaaf galuun ifa godhee dubbachuu danda'uun dhala namaa adda taasisa.Yeroo kana jedhamuttis wanta dhaga'es, kan kalaqes, lamaan isaaniituu haala gaariin namoota birootiif ibsa jechuudha. Afoolli barreeffamaan osoo hintaanee afaaniin labatarraa labatatti kan darbaa dhufeefi ammas darbaa jiruudha.Yaada kana ilaalchisee Irsteen, (2012:14) Nagarii wabeeffachuuudhaan yeroo ibsitu, "Afoolli dhalootaa dhalootatti afaaniin kan darbu hambaa namni mirga abbummaa falmatu waan hinjirreef jiruufi jireenya hawaasichaa keessaa kan burqe fakkaata. Kanaafuu, afoolli ragaa qabatamaa uummata tokkooti" jetti.

Gama biraatiin, waa'ee barbaachisummaa afoolaa ilaalchisee Asafaan, (2004:9) yoo ibsu, "Afoolli bilchina afaan sanaaf, bilchina waloo afaan sanaafis murteessaadha…Afoolli mala, dandeetti, oguma, abshaalummaa walootti hora" jedha. Ammas Asafaan, (2004:11), (Bukenya, 1994) wabeeffachuun akka ibsetti,

> *…it [oral literature] is avaluable…experience contributing to the total growth, development and self-fulfillment of the person exposed to it. Oral literature imports to the growing person useful, cognitive, performative and affective skills which enable the person to live a rewarding life and to be a useful member of society,* jedha.

Yaada kanarraa kan hubatamu, afoolli muuxannoo, dagaaginaafi guddina walii galaatiin nama keessatti qooda fudhate guutuu kan tasiisuudha. Akkasumas, afoolli guddina dandeettii sammuu, hojiifi kaka'umsa namaa cimsuun, miseensa hawaasaa keessatti nama barbaadamaa taasisuufi akka jireenya mijaawaa jiraatan nama taasisuu keessatti iddoo guddaa qaba.

**2.4.1.1. Faayidaa Afoolaa**

Afoolli hawaasa kalaqee itti fayyadamuuf tajaajila hedduu kenna. Yaada kana Andzejewski (1985:38) yemmuu ibsu, "Oral literatures perform a wide variety of social functions," jedha. Akka yaada isaatti afoolli tajaajila hawaasummaa adda addaa bal'aa kan kennu ta'uu isaati. Hayyootni Georgesfi Jones, (1995:314) kallattii bu'aa afoolli tokko hawwaasaaf buusurratti hundaa'uudhaan yeroo ibsan, "Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, knowledge, or competence; and entertain or be entertained" jedhu. Kunis, afoolli hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin akka waa gumaachu mirkaneessa. Afoola gargaaramee hawaasni wal-barsiisa, duudhaa hawaasaa toora toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannana, wal-bashannansiisa. Hawaasni, karaa ammayyoomeen har'a seerawwan, amantiifi siyaasaan wal-bulchuutti jiru dhakaa bu'uuraa kan tahe, beekumsa afoolaarra dhaabbateeti. Har'allee waliin jira; burus biraa hinhafu.

Kana malees, afoolli miliquuf kan fayyaduudha. Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa guyyuu guyyuu irra deddeebbiifi nuffisiisaa ta'e keessa bahee, addunyaa haara'aa keessa ergaa yaadaatiin galuu barbaada. Kanas kan godhu taphaafi kolfa afoola keessa jiru qooddachuudhaan ta'a. Barsiifataafi aadaa cabsuudhaan jechoota saalfii ni dubbatu. Waan haalli uumamaa isaafi teessuma lafaa illee isa dhorke, kan inni raawwachuu barbaadu, garuu hindandeenye hunda afoola fayyadamee raawwata. Fakkeenyaaf, intala sooressaa

fuudhuu; akka simbirroon barrisa; mootiin ta'a; kkf. Maqaa aadaafi barsiifataan kan irratti fe'aman garuu kan inni hinbarbaanne afoola fayyadamee yeroodhaaf jala miliqa (Feqaadee, 1991:34)

Faayidaan afoolaa inni kan biraa barsiisuudha. Afoolli beekumsaafi muuxannoo hawaasaa waggoota dheeraa kan of keessatti qabateedha. Kanaaf hawaasichi afoolaan fayyadamuudhaan seera jireenyaa, amala gaariifi tooftaa ittiin barsiisa. Haala nyaataafi dhugaatii, haala uffannaa, haala dubbii, arjummaafi tokkummaafi kkf. Daa'immaniifi dargaggoota ittiin barsiisuudhaan ijoollummaa irraa kaasee ittiin sammuu isaanii qara (Okpewo, 1992).

Hawaasni afoolatti dhimma bahuun ijoolleensaa naamusaan akka jiraatan ittiin too'ata. Namoota naamusa gaarii hinqabne ittiin abaara. Warra naamusa gaarii qaban, warra safuu hawaasichaatiin bulan ittiin dinqisiifata; ittiin jajjabeessa, amaloota gaarii hintaane kan akka: hannaa, sobaa, hammeenyaa, sodaafi kkf irratti jibbiinsa qabu ittiin ibsa. Afoolli haala jireenyaafi amala gaarii akkuma barsiisu amaloota gaarii hintaanes kan hawaasichi jibbu akka hinbabal'anne ittiin too'achuuf, oola (Feqaadee, 1991).

#### 2.4.1.2. Amaloota Afoolaa

Yeroo waa'ee afoolaa kaasnu kan waliin ka'uu qabu amaloota isaati. Amaloota afoolaa kanneen tahan keessaa isaan gurguddoon uummatummaa, lufummaafi jijjiiramummaafaati. Wasanee, (2001:170) yemmuu ibsu, "afoolli kalaqa ilma namaan haa uumamu malee kan abaluuti jechuudhaaf ragaan hinjiru. Kanaaf, afoolli kan uummataati. Sababuma kanaan amala uummatummaa qaba" jedha. Lufummaan immoo afoola labata tokkorraa gara labata itti aanuutti darbuudhaan kan wal-qabatuudha. Dabalataanis, Zarihuun, (1992:25) yemmuu ibsu,

> *Afoolli afaaniin si'a darbu jijjiirama agarsiisuu danda'a.Nama tokko waltajjii irratti afoola daawwattoota isaaf yoo dabarse, daawwattootni isaa kunis, wanta arganiifi dhagahan kana gara nama biraatti dabarsuu danda'u.Yeroo kana immoo itti dabaluufi irraa hir'isuu waan danda'aniif afoolichi jijjiiramaa deema*, jedha.

Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, afoolli afaaniin labatarraa gara labata itti aanuutti waan darbuuf jijjiiramaa deemuu isaa nama hubachiisa. Jijjiiramni mul'atu kun immoo

qabiyyee, uunkaafi hiikarratti hundaa’ee itti dabalamuu ykn irraa hir’achuu isaati. Ammas, amaloota afoolaa ilaalchisee Getaachoo, (2006:141) yemmuu ibsu, “afoolli gochaan kan wal-qabatu ta’ee yeroo baay’ee gumiidhaan kan dalagamu akkasumas wantoota darbe irratti kan xiyyeeffatu” jedha.

#### 2.4.1.3. Gosoota Afoolaa

Gosootni afoolaa heddummaachuurraan kan ka’e iddoo tokkotti qoratanii xumuruudhaaf rakkisaadha. Sababuma kanaafuu, afoola qorachuudhaaf gogsa gosaan qoqqooduun murteessaadha. Ta’ullee, hayyootni garaagaraa akkaataa garaagaraatiin yaada dhiyeessu. Haaluma kanaan, Finnegan, (1970:12) waa’ee gosoota afoolaa yemmuu ibsitu, “afoolli dimshaashumatti karaa lamaan ilaalamuu danda’amullee, Inni tokko kan nama hawwatu tahee dubbiidhaan ykn hololaan kan darbu, inni lammataa immoo bifa walaloofi yeedalootiin dhiyaachuu kan danda’uudha” jetti. Gama biraatiin, Okpewhu, (1992:127, 290) waa’ee gosoota afoolaa yemmuu ibsu” afoolli afrikaa bifa muuziqaafi do’iitiin gosoota fookiloorii raawwii jala galan jechuudhaan bakka sadiitti kan qoodu yeroo tahu, sirbootaafi jechamoota (songs and chants) raagoo (oral narratives)fi kanneen cimina sammuu mul’isan” jechuudhaan qoqqooda. Ka’umsa yaada kanaatiin afoola iddoo sadiitti qoodee dhiyeessa. Isaanis: raagoo (oral narrative), qareeyyii (witteism), af-walaloo (oral poetry) faadha. Kanneen kana sadeen keessaa faaruun fardaan himii sirna awwaalchaa af-walaloo jalatti ramadama. Karaa biraatiin Finnegan, (1970:12) waa’ee gosoota afoolaa yemmuu ibsitu, “afoolli walumaagalatti, karaa lamaan ilaalamuu kan danda’u yemmuu tahu, inni tokko kan nama hawwatu tahee dubbiidhaan kan darbuufi lammaffaan immoo bifa af-walalootiin kan dhiyaatu” jetti. Yaada hayyuu tanaarraa kan hubatamu afoolli gosoota gurguddoo

##### 2.4.1.3.1. Af-walaloo

Gosoota afoolaa keessaa tokko kan taheefi bifa walalootiin qindaa’ee afaaniin labata tokkorraa gara labata itti aanuutti darbuudha. Maalummaa afwalaloo ilaalchisee Feqaadee, (1991:86) yemmuu ibsu “afwalaloo jechuun yeroo baay’ee bifa muuziqaa qabatee bareedina goonfachuun haala duraa duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu” jedha. Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, afwalaloon bifa miidhagina qabuun duraa duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu, qabeenyaa uummataa kan taheedha. Haaluma wal-fakkaatuun

Borgan, (1993:863) yemmuu ibsu, “afwalaloon duudhaa hawaasaa kan of keessatti qabu, irra caalaa hawaasa hinbaranneen kan kalaqamuudha” jedha. Dorson, (1992:85) afwalaloo yemmuu ibsu, “afwalaloon uunka isaa qofaan osoo hintaanee, haalli darbiinsa isaa adda isa taasisa. Afwalaloon labatarraa labatatti kan darbu barreeffamaan osoo hintaanee himiinsa afaaniitiin ykn gochaan, bifa sirbaan, geerarsaan, faaruudhaan darba” jedha.

**2.4.1.3.1.1. Gosoota Afwalaloo**

Afwalaloon akkaataa garaa garaatiin gosoota garaa garaatti qoodama.Isaan keessaa gurguddoo kanneen tahan kaayyoo isaa, hurruubummaa isaa, yoomessa isaafi walaloo isaarratti haala inni tajaajila hawaasaaf kennu irratti hundaa’uudhaanqoodama. Andirizeksi, (1985:410-14) “afwalaloon Oromoo kan yeroon daanga’aniifi kan yeroon hindaangofne yoo tahu, afwalaloon yeroodhaan hindaangofne walaloo jaalalaa, amantii, ateetee,…yoo tahu,afwalaloon yeroodhaan daanga’an immoo walaloo loonii,faaruu booyichaa,goototaa,…” akka tahan tarreessa.

**2.4.1.3.1.1.1. Faaruu**

Faayidaa afoolli hawaasaaf kennu kan mata duree olii jalatti ilaalle bu’uura godhachuudhaan, faaruu fardaan himii sirna awwaalchaarratti raawwatan qorannoo kana keessatti qaacceffamanii jiran. Kunis, qorannoo kana keessatti faayidaa isaan hawaasichaaf kennan ilaaluudhaaf yaadamee kan dhiyaateedha. Faaruun gosa afoolaa keessaa isa tokko yemmuu tahu, gosa afwalaloo jalatti ramadama. Maalummaa afwalaloo ilaalchisee Nagarii, (1993:63) yemmuu ibsu, “Faaruun afoola Oromoo walaloodhaan dhiyaatu keessaa isa tokkoodha,” jedha. Yaaduma kanaammas, Nagarii, (1993:63) Winterod (1975:20) waabeffachuudhaan yemmuu ibsu, “Faaruun bifa walalootiin dhiyaata; akka walalootti immoo qindaa’ina jechootaa, dubbii haalawaa, wal-simannaa sagalootaatiin kuulamee dhiyaata,” jedha. Yaadakanarraa wanti hubatamu, faaruun afoola haalanama hawwatuufi miidhagina qabuun kan dhiyaatu akka taheedha.Faaruun haala kanaan bifa nama hawwatuufi miidhagina qabuun dhiyaatu immoo waan mul’isu qaba. Faaruun calaqqee qaba. Calaqqeen kunis, aadaa, seenaa, jiruufi jireenya hawaasaati.

Afoolli jechoota adda addaatiin kan himamu ta’ee, faaruu adda addaa qabaachuu nidanda’a. Akka Fedhasaan, (2013:34) Finnegan (1977) wabeeffachuudhaan ibsutti,

> *Faaruun walaloo miira mararfannaadhaan guutameedha. Namni tokko waan jaalatu sana jaalatee mararfata. Qabiyyee isaarratti hundoofnee faaruu gosa adda addaatti qooduu dandeenya. Innis, faaruu hiriyaa, faaruu biyyaa, faaruu loonii,faaruu haadhaa, faaruu Ateetee,faaruu abbaa, faaruu Waaqaa, faaruu dachee, faaruu jaalalaa, faaruu urursa daa'immanii, faaruu booyaafi kkf ta'uu nidanda'u*,jechuuni.

Faaruuwwan afoola Oromoo kunneen Sirna keessatti mul'atan qabu. Kanneen keessaa Sirna booyichaa fudhannee yoo ilaalle adeemsa kan mataa isaatii ni qaba.Kunis, yeroo namni du'u yookaan lubbuudhaan dhabamu, Sirna taasifamuudha. Sirni kun immoo miidhagina akka goonfatuuf adeemsa raawwii sirna awwaalchaa keessatti yeroo booyamu yeedaloo mataa isaaniqaba.

#### 2.4.1.3.1.1.1.1. Faaruu Booyichaa

Uummanni Oromoo uummata aadaa, duudhaa, barsiifataafi seenaa mataa isaa qabuudha. Uummanni kun faaruutti gargaaramee aadaa isaa ni ibsata. Duudhaa uummata kanaa keessaa inni tokko immoo gaafa namni boqote waliif boo'uudha. Yeroo waliif boo'an kanattis, faaruu boo'ichaatti gargaaramanii oguma gadda irratti qaban mul'isaa mararsiifachaa wal-awwaalu. Faaruu booyichaa kanaan seenaa, gootummaa, arjummaa, gaarummaafi kkf kan namni sun osoo lubuun jiruu mul'isaa ture warra seenicha beekan yaadachiisanii warra hinbeekne immoo beeksisaa garaa raasanii akka boo'aniif kakaasu. Yaaduma kana Nagariin, (1992:23) yemmuuibsu, "faaruun booyichaa walaloo hurruubummaadhaan deeggaramee gaarummaa nama du'ee kaasanii ittiin kan dhiyeessaniidha" jedha. Dabalataanis, Araarsoon,(1995:46) maalummaa faaruu booyichaa yeroo ibsu, "faaruun booyichaa yeroo namni du'u kan du'e sun fira baay'ee yoo qabaate namni itti ergamee,firri dhiyoo jiru wal-gahee kan boo'uudha" jedha. Yaada kana kan cimsu Dassee, (1992:20) yoo ibsitu," Faaruun booyichaa sagalee miidhaginaan waan faarfamuuf sammuu hooqee, garaa raasee kan nama boochisudha," jetti. Yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti, booyichi sagalee miidhagina qabuun yeroo boo'amu qalbii namaa tuqee lapheerraa akka boo'an kan nama taasisuudha.

Walumaagalatti, faaruun booyichaa duudhaa saba Oromoo keessaa tokko kan taheefi yeroo namni lubbuudhaan addunyaa kanarraa darbu ykn boqotu gadda ofii, miira jaalalaa, namaboqote kanaaf qaban karaa ittiin mul'isaniidha. Kanaafuu, Oromiyaa keessatti

yeedaloon booyichaa adda addummaa ni qabaata. Godina Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii keessatti haalli fardaan himii sirna awwaalchaa akkamiin akka raawwachaa tureefi yeroo ammaa kanas raawwachaa jiru, garee hawaasaa garaa garaatiif akkaataa garaagaraatiin himamuun isaafi adeemsa sirnichi keessa darbu hundi qorannoo kana keessatti qacceffameera.

### 2.4.2. Wanta Aadaa

Wanti aadaa kun dameewwan fookiloorii keessaa isa tokko ta'ee, wantoota ija dhala namaatiin mul'ataniifi harkaanis qaqqabatamanii akkaataa barsiifata hawaasaatiin kalaqamaniifi hojjetamaniidha. Dhimma kana ilaalchisuudhaan hayyuun Dorson (1972:2) yoo ibsu, "Indirect contrast to oral folklore is physical folklife, generally called material culture. …the visible rather than aural…Material culture respond to techniques, skills, recipes and formulas transmit across the generations and subject to the same forces of conservative tradition …," jedha.Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, meeshaaleen aadaa faallaa afoolaa qabatamoofi ijaan mul'ataniiti. Meeshaaleen aadaa tooftaalee, ogummaalee kalaqaa adda addaa, qajeelfamoota hojiifi tooftaalee garaa garaa labata tokkorraa gara labata birootti kan ceesisuufi hambaalee aadaa kan kunuunsuudha.

Kanaan alattis, hawaasa jiruufi jireenyi isaa aadaa hundee godhatee jiraatu keessatti bu'uurri waa maraa hawaasichaa meeshaalee aadaati.

Yaaduma kana ilaalchisuudhaan Dorson, (1972:3) yemmuu ibsu,

> *How men and women in traditional oriented societies build their homes, makes their clothes, prepare their food, farm and fish, process the earth's bouty, fashin their tools, and implements and design their furniture and utensils are questions that concern the student of material culture. In tribal society all processes are traditional and product handmade, although of course innovation occurs*, jechuuni.

Akka yaada hayyuu kanaatti, akkaataan dhiirriifi dubartiin hawaasa aadaa hundee godhate keessatti mana isaanii itti ijaarratan, uffata isaanii itti tolfatan, nyaata isaanii itti qapheeffatan, lafa qotaniifi itti qurxummii horsiisan, meeshaalee bareedinaafi ittiin hojjetan, meeshaalee faayaafi meeshaalee manaa itti bocan hundi gaaffiiwwan barataa meeshaalee aadaa ilaallatuudha.

Qorannoo fardaan himii kana keessattis meeshaalee aadaa kanneen sirnicharratti tajaajilan toora tooraan ilaalamanii jiru. Akka ka'umsaatti, meeshaaleen fardaa kanneen akka fuuloo, luugamaa, faanaa, kooraa, dursaa, uddeellaa, maataba, ashaankitaaba, harkisaa, dursaafi kkf faa tokko tokkoon ilaalamee jira. Meeshaalee abbaan fardaa uffatuufi qabatummoo kanneen akka eeboo, gaalee, ulee, kal'ee, daabee, qawweefi kkf faa ilaallamanii jiru. Dabalataanis, gosoota nyaataa sirna awwaalchaarratti dhiyaatan mulluu, buddeenaafi kkf yeroo tahu, dhugaatiin dhiyaatu iddoo garaa garaatti waantota garaagaraatu dhiyaata.

### 2.4.3. Aartii Sochii Hawaasaa

Aartiin sochii hawaasaa gosa fookiloorii keessaa tokko ta'ee, dhimma gochaan mul'atuudha. Keessumattuu afoolaaf miidhagina kan kennuufi kan lubbuu itti horuudha. Hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti ogummaa aartiifi sochii qaamaa kana faayidaa adda addaatiif kan oolchu ta'ee, kalaqqii muuxannoosaa bara dheeraaati. Gosti aartii kunis yeroo, raawwatu uffanni aadaa uffatamee, meeshaalee muziqaa aadaatiin deeggaramee, wantoonni miidhagina aadaa agarsiisan erga qopheeffamanii booda akkuma aadaa sabichaatti qophiin barbaachisu taasifamuun, fuula, mataa, harka, miila, mudhiifi morma sochoosuudhaan dhimma raawwatamuudha. Yaada kana ilaalchisee Dorson (1972:4) yoo ibsu, "While the renditions of a folktale or a folksong are now usually referred to as performances they are more casual in nature than the conscious presentation of these arts by individuals or groups with folk instruments, dance customes and scenario props" jedha. Akka yaada kanaatti yeroo afseenaan himamuufi sirbi sirbamu hurruubsaan (dalagaan) keesatti mul'ata. Kunis itti yaadamee osoo hintaane, uumamaan dhuunfaa ykn gareedhaan aartii yeroo dhiyeessan hurruubsaafi meeshaalee waliin wal -simsiisuun kan keessatti mul'atuudha. Aartiin sochii qaamaa kunis kan akka boo'ichaa, sirba ayyaanaa, sirba cidhaa, sirna awwaalchaatiif sochii godhamu of keessaa qabaachuu danda'a. Sirboonni adda addaa, diraamaan, muuziqaan aadaa, sochii qamaatiin muuziqaadhaan dhiyaatu marti aartii kan jalatti ramadamu. Qoqqooddiiwwan kunneen kan barbaachiseef, tokko tokkoon xinxaaluuf malee hurruubsa keessatti wal utubanii, wal miidhagsanii waliin jiraatu.

Kana ilaalchisee Dorson (1972:4) yoo ibsu, "The performing arts intersect each with the other and often appear in conjuction," jedha. Akka yaada kanaatti yemmuu sochiin

agarsiifamutti inni tokko isa tokko keessatti mul'ata. Waliin malee yeroon hinraawwatamne nijira.Sirba biyya keessatti dhiichisni, muuziqaaniifi sochiin qaamaa bifa diraamaatiin sirbicha keessatti mul'achuu danda'a. Sababni isaa dhiichisni mataa isaattuu amala diraamaa of keessaa qabaachuu waan danda'uuf, dhimmoonni diraamaa keessatti mul'atan kanakka deddeebisaa (dialogue), qabdubbii (sololoqe), meeshaalee (instruments) fi qooddattoota (actors) fa'an argamuu danda'u.

Raawwii fardaan himii sirna awwaalchaa keessatti,abbaan fardaa fardasaa mi'a fardaatiin miidhagfatee ykn faayee, ofiis meeshaalee aadaa uffateefi qabatee miidhagee fardasaatti bahee, miira gaddaafi miira mararfannaa keessa galee fardasaa gara fuula duraafi gara boodaatti oofaa, lukasaa lamaaniin faanaatti ejjetee,kooraarraa takkaa ol ka'ee, takkaa taa'ee, ol dhaabatee ofirra gaggaragalaa, eeboo ykn ulee, gaachana isaa mirmirsaa, sagalee ol kaasee dhageessisaa himaafi. Kanaaf, aartiin sochii qaamaa iddoo olaanaa qaba.

Walumaagalatti, aartii duudhaa kan jedhamu kun sochiiwwan dhimma hawaasummaarratti gama muuziqaan, ragadniifi diraamaan raawwataman ta'uu kan nu hubachiisuudha. Raawwiin duudhaa kun raawwiiwwan bakka amantaanitti raawwatamuufi kan bakka amantaan alatti kanneen raawwataman akka of keessatti hammachuu danda'u nu hubachiisuu danda'a. Raawwii bakka amantaatti raawwataman fakkeenyaaf, yemmuu kabajni ayyaana waggaa kanneen akka: Gubaa birraa, Ayyaana Cuuphaa, akkasumas ayyaanonni kanneen akka: Irreechaa, ayyaana ijoollee kanneen jedhaman yemmuu qorataman muuziqaan, gochaaniifi diraamaan hagam walitti dhufeenya akka qaban nihubatama. Tokko tokkoon isaanii eessatti amala adda addaa qabaatu jennee hubachuuf nama rakkisa. Kanaaf, muuziqaa duudhaas ta'ee, kan ammayyaa sochiifi diraamaan achi keessatti mul'atan ammayyummaa keessa galuun jijjiirrama agarsiisuu akka danda'u waliin akka qorataman ibsuun barbaachisaadha. Yaaduma kanarratti hundaa'uudhaan, qorannoon kun aartii sochii qaamaatiif xiyyeeffannoo olaanaa kenneera.

### 2.5. Fardaan Himii Sirna Awwaalchaa

Uummanni Oromoo uummata damee kuush keessaaisa tokko yemmuu tahu, uummata seenaa bara dheeraa qabuufi seenaa isaa bifa barreeffamaatiin osoo hintaanee fookilooriitti gargaaramee afaaniifi gochaan labataa labatatti waliif dabarsaa har'a gaheedha. Akka

Asafaan, (2009:12) ibsutti, Afaanota Afirikaa keessatti dubbataman keessaa Afaan Oromoo Afaan Arabaa,Awusaafi Suwaahiliitti aanee baay'ina uummata Afaan Oromoo dubbatuun (%40) dhibbeentaa afurtamaa ol ta'uu akka danda'uni tilmaamama.

Fardaafi uummata Oromoo addaan baasanii ilaaluun hindanda'amu.Sababni isaas, fardi ummata Oromoo biratti hedduu jaalatamaafi kabajamaadha; sabicha biratti iddoo olaanaan kan kennamuufiidhas. Fardi hawaasicha biratti akka kabajamuufi iddoo olaanaan akka kennamuuf kanneen taasisan keessaa, tajaajilli inni uummata Oromoof kennu baay'ee guddaa ta'uurraan kan ka'eedha. Yaaduma kana ilaalchisuudhaan, Warqinaan, (2008:163) yemmuu ibsu,

> *Fardi uummata Oromootii miidhagina isaati. Yeroo gaa'ilaa, yeroo du'aa, yeroo rakkinaa, yeroo bashannanaafi yeroo waraanaa fardi ummata Oromootiif akka harka isa mirgaati.Oromoon farda qabu nikabajama, farda isaatiinis niwaamama, ittiinis jajama. Ummanni Oromoo bara jaarraa (16^ffaa^) keessa weerartoonni biyya abba isaa humnaan weeraramee ture deebisee too'achuuf lola gurguddaa Gadaan adeemsiserratti faradoonni Abbootii Gadaa wajjin duulanii injifannoo hedduu raawwatanii jiru,* jedha.

Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, jiruufi jireenyi hawaasa Oromoo farda wajjin walitti hidhamiinsa cimaa qabaachuu isaati. Uummata Oromoo biratti fardi faayidaa adda addaatiif kanneen akka: gombisaaf, sirna awwalchaarratti yeroo namootni bebbeekamoon addunyaa kanarraa darban yookaan du'an garmaamanii ittiin himuudhaaf yookaan guyyaa gaddaatiif, cidhaaf, dorgommiidhaaf, daandii ittiin deemuudhaaf, ittiin lolee injifannoo goonfachuudhaaf gumaadhaaf, bashannanaafi kanneen kana fakkaataniif hedduu nifayyada. Tajaajila fardi hawaasa Oromootiif kennu kanarraa ka'uudhaan hawaasni Oromoo fardaaf iddoo olaanaa kenna. Fardi awwaayii ykn ayyaantuudha jechuudhaan kunuunsa olaanaa godhuuf. Waaqa illee ittiin araarfatu jedhaniit amanu. Miidhaa farda irra ga'uuf baay'ee quuqamu. Hawaasichi miidhaa fardarra gahe akka namarra gaheetti fudhata waan taheef miidhama isaa hinbarbaadu.Miidhama fardasaa akka miidhama ijoolleesaatti ilaala.

Fardaan himiin sirna awwaalchaa aadaa Oromoo keessatti nama lubbuun isaa addunyaa kanarraa darbe awwaaluuf guyyaa sirna awwaalchaa sana fardatti bahanii gaarummaa namni du'e sun jiraa isaatti hojjete, ciminaafi gootummaa isaa isa osoo hindu'iiniin duraa

kaasanii himuufi. Kunimmoo sababni tahuuf, namni gaarummaa isaa, gootummaa isaa, arjummaa isaacimina isaafi kanneen kana fakkaatan waa'ee Nama kanaa kanaan dura hinbeekne beeksisuudhaaf, warra beekanimmoo yaadachiisuudhaafi kanneen kana fakkaataniif raawwata. Fardaan himiin sirna awwaalchaa kuni sirna ittii raawwatamu qabaata. Bakkaa bakkatti akkaataan raawwii isaa garaagarummaa akka qabaatu, Dirribaan (2012:71) yemmuu ibsu, "Sirni awwaalchaa nama du'ee akka aadaafi safuu uummata sanaatti addaa addummaa qaba,"jechuudhaani.

Ammas hayyuudhumti kun sirna raawwii awwaalchaa wajjin walqabsiisee, Dirribaa, (2012:71) yemmuu ibsu, "nama du'e yaadachuuf awwaala isaarra biqiltuu dhaabu. Ajjeesaaf faacha isaa akka siidaatti karaa irra dhaabu," jechuudhaani. Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, sabni Oromoo srna raawwii awwaalchaa kan dhuunfaa isaa akka qabuudha. Wayita sirna raawwii awwaalchaa kanas seenaa namni hobbaafate yookaan du'e sun jiraatti dalageen walqabsiisee gaggeessuu isaati. Kunis, nama bara jiraate keessatti gootummaa qabaachaa ture, garraamummaa qabaachaa ture, arjimmaa isaa, namaaf dimmuu isaafi kanneen biro inni raawwateef yaadannoo akka tahuuf jecha faacha daandiirratti baasanii fannisuudhaan bakka sana maqaa isaatiin moggaasu. Kanaanis, namootni hawaasicha biratti gaarummaa hojjetanii hiqabaanne taatee kana ilaaluudhaan namoota namaaf yaadan, nama jaalatan, gootummaa qabaataniifi kanneen kana fakkan akka tahaniif irraa baratanii jireenya gaarummaa qabu akka jiraataniif isaan qopheessa.

Kaayyoon fardaan himii inni guddaan, raawwii sirna awwaalchaa keessatti gaarummaa, gootummaa, arjummaa, hawaasummaa namni du'e kun jiraatti qabu beeksisuufi. Yaada kana Nagariin, (1992:23) yemmuu ibsu, "faaruun booyichaa walaloo hurruubummaadhaan deeggeramee gaarummaa nama du'ee kaasanii ittiin kan kan dhiyeessaniidha," jechuudhaan balballoomsa. Adeemsuma raawwii sirna awwaalchaa kanarratti, Dasseen, (1992:26) akkaataa gadiitiin ibsa. Adeemsa raawwii fardaan himii sirna awwaalchaa kana keessatti firoottan dhiigaa, hiriyyootni, ollootni, kanneen fageenyatti nama du'e kana beekanillee walitti dhufeenya isaaniifi nama lubbuunsaa/shee addunyaa kanarraa darbee kana jidduu jiru akkaataa miidhagaa taheefihurruubummaan deeggarameen imimmaan jaalalaa isaanii ofirra dhangalaasaayemmuu dhiyeessan kanneen dhaabatanii ilaalanis

taatee duraa duubaan ta'u kana yemmuu arganiifi dhagahan miirri isaanii waan tuqamuuf osoo hin jaalatiin boohaa, imimmaan ofirra yaasu.

Haaluma walfakkaatuun immoo Zelelem, (2003:127) yemmuu ibsu,

> *There is no professional mourness or these who lament funeral dirges in Oromo society. However, as in other prts of Africa, there are lamentations that appear in amore or less stylized literary form, even though they differ significantly in their functions. The main character of elegiac poetry in Oromo society is it's personal grief expressive mode. They are expressed during sorrowful feelings due to the passing away or missing of a beloved one.At times, they occur long after-general expressions*, jedha.

Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, uummata Oromoo keessa wawwaannaan yookaan booyichinama du'eef taasifamu yookaan immoo gaddi sirna awwaalchaa waliin walqabatee akka jiruudha. Akkasumas, Afirikaanota kanneen biro keessatti afwalaloon yeroo gaddaa uunka gumaa qabatee adeemuun isaafi barbaachisummaan inni tajaajila keessatti qabu adda isa taasisa. Inni kan biroon immoo, afwalaloon booyichaa Oromoo kanneen biroorraa wanti adda isa taasisu inni guddaan gadda namummaa namaa qabaachuu isaafi akkaataa ittiin raawwatu qabaachuu isaati.

### 2.5.1. Faayidaa Fardaa

Hawaasni addunyaa kanaa beeyladoota waliin walitti dhufeenya cimaa qaba. Baadiyaa keessatti beeyladootni kunneen faayidaa guddaa qabaatu. Sangootni qotiisaaf, saawwan elmamanii aannan, dhadhaafi kanneen kana fakkaatan kennuuf, sareen mana eeguudhaaf, hadurrn hantuuta eeguudhaaf, re'ootaafi hoolota qalatanii nyaachuudhaaf, lukkuulees qalatanii nyaachuudhaaf, harree itti fa'achuudhaaf, fardaafi gaangoo yaabbatanii ittiin imaluudhaaf itti gargaaramu. Fardi hawaasa addunyaa kanaatiif faayidaa guddaa qabaata. Yaada kana ilaalchisee kitaabni, 'The World Book Encyclopedia' jedhamu (2001:342) yemmuu ibsu, "Horse has been one of the most useful animals for thousands of year. Horse once provided the fastest and surest way to travel on land. People still use horse for recreation, sport and work. Children and adults rid horse for fun and exercise." jechuudhaaniidha. Akka yaada kitaaba kanarraa hubatamuutti fardikanbaroota kumaatamaan lakkaa'amaniif dhala namaa hedduu tajaajilaa kan turan gidduudhaa isa tokko. Fardi baroottan sanatti geejiba lafarraatiin hedduu kan beekamuudha.Haga

har'aattillee dhalli namaa farad faayidaalee akka bashannanaa, ispoortiifi dalagaalee adda addaatii itti dhimma bahu. Ijoollotniifi ga'eessotni sosochii addaa garaatiif fardatti dhimma bahu Yaaduma kana immoo akkaataa cimsuu danda'uun hayyuun Warqinaa (2008:163) yemmuu ibsu,

> *Fardi Uummata Oromootii miidhagina isaati.Yeroo gaa'ilaa, yeroo du'aa, yeroo rakkinaa, yeroo bashannanaafi yeroo waraanaa fardi Uummata Oromootiif akka harka isa mirgaati.Oromoon farda qabu nikabajama, farda isaatinis niwaama, ittiinis jajama. Ummanni Oromoo bara jaarraa (16ffaa) keessa weerartoonni biyya abba isaa humnaan wareeramee ture deebisee too'achuuf lola gurguddaa Gadaan adeemsiserratti faradoonni Abbootii Gadaa wajjin duulanii injifannoo hedduu raawwatanii jiru,* jechuudhaani.

Akka yaada hayyuu kanaarraa hubatamuun danda'amuutti, jiruufi jireenyi uummata Oromoo farda waliin hariiroo cimaa qabaachuu isaati. Uummanni kun fardasaatti tajaajilamee guyyoota gammachuufi guyyoota gaddaatti akka dhimma bahu ni hubatama. Kana malees, ittiin lola deemuuf, lolaniis ittiin moo'anii galuudhaaf shoora guddaa taphata

### 2.5.2. Hariiroo Fardaafi Abbaa Fardaa

Uummata Oromoo biratti hariiroon fardaafi abbaa fardaa jidduu jiru cimaadha.Yaada kana Amdallaafi kanneen biroo (2004:123) yemmuu ibsan,

> *Loltuu Oromoo tokkoofi farda isaa gidduu jaalalliifi hariiroon ture haala hiriyaa yookiin dhibantaati.Farda loltuu akka miseensa gadaatti lakkaa'uun akka ture ni dubbatama. Kanaafuu fardi buttuu tokkoo du'uun, akka buttuun tokko du'eetti lakkaawama.Nama fardi lolarratti jalaa du'e akka waan obboleessi yookiin firri jabaan jalaa du'eetti gaddanii namicha jajjabeessu; loon gurguranii farad biraa bitanii bakka buusuuf,* jechuudhaani.

Yaada hayyoota kanneeniirraa wanti hubatamu uummatni Oromoo fardasaaf iddoo ol aanaa akka qabuudha.Ummanni Oromoo jaalala farad isaaf qaburraa kan ka'e irraa kan ka'e waan inni sooratu eegee seeraan soora. Bakka bultii isaafillee eeggannoo taasisa. Akkasumas, sirna gadaa Oromoo keessatti fardi akkuma loltuu fardaan loluu, akka miseensa gadaa tokkootti lakkaa'amee ilaalama. Gabaabumatti, Uummanni Oromoo fardasaa akkaqabeenyaa lakkaa'amuutti ilaala osoo hintaanee akka fira dhiigaatti, akka hiriyyaatti, akka dhala isaatti ilaala. Abbaa fardaa jalaa fardisaa tasa yoo miidhame, abbaan

fardaa sun akkuma firri dhiyoon jalaa miidhameetti hedduu itti dhagahama. Kanaafis, namootni qarshiillee walitti buusanii farad kanbiraallee yeroon itti bitaniif ni jira. .

### 2.6. Sakatta'aa Barruuwwan Wal-fakkaatanii

Qorannoo kana gaggeessuudhaaf sakatta'iinsi qorannoowwan wal-fakkaatanii hedduu murteessaadha. Kanaafuu, mataduree qorannoo kanaa wajjinwalitti dhufeenya kanneen qaban kanneen gadiiti.

**Eebbisaa Gammadaa**. (2010). Mata duree "Qaaccessa Adeemsa Sirna Booyichaa Oromoo Sooddoo Aanaa Qarsaa Maallimaa" jedhurratti qorannoo isaa digirii lammaffaa gaggeessee jira. Xiyyeeffannoon qorannoo isaatiis itti fayyadamni afaanii faaruu booyichaa keessatti maal akka fakkaatu, sirni booyichaa Oromoo Sooddoo haala garaa garaa keessatti maal akka fakkaatuufi faaruun booyichaa kun akkamiin akka dhiyaaturratti.

**Hirphaa Baqqalaa**. (2017). Mata duree "Qaaccessa Afwalaloo Booyichaa Oromoo Maccaa, Ilmaan Liiban" jedhurratti qorannoosaa kan digirii lammaffaa Yuunivarsiitii Jimmaatti adeemsisee jira. Xiyyeeffannoon qorannoo isaa immoo, afwalaloon booyichaa Oromoo maccaa Ilmaan Liiban haala garaa garaa keessatti akkamiin akka dhiyaatu,ergaa afwalaloodhaan hawaasni waliif dabarsu,itti fayyadamni afaanii afwalaloo booyichaa keessatti akkamiin akka itti mul'atu irratti.

**Asnaaqach Katamaa**. (2014).Mata duree "Ibsa Sirnaafi Afoola Awwaalchaa Oromoo Godina Addaa Naannawaa Finfinnee Magaalaa Sabbataa"kan jedhurratti qorannoo ishii digirii lammaffaa raawwattee jirti. Xiyyeeffannoon qorannoo ishiitiis sirna raawwii afoolaa awwaalchaan duraa, wayita awwaalchaafi awwaalchaan boodaairratti kan xiyyeeffatuudha.

**Katamaa Bayeechaa**.(2003).Mata duree "Tapha Fardaa Aanaa Meettaa Roobii" jedhurratti qorannoo isaa digirii Baachilarii Aartii guuttachuudhaaf kan hojjeteedha. Xiyyeeffannoon qorannoo isaatiis, akkaataa hawaasichi farda itti taphachiisurratti. Kunis, haala taphni fardaa itti gaggeeffamu, yeroo taphni fardaa itti taphatamu, bakka taphni fardaa itti gaggeeffamuufi seera tapha fardaa irratti xiyyeeffatee kan hojjeteedha. Qorannoon kun digirii jalqabaatiif waan qophaa'eef waantota qorannoon tokko of keessatti haammachuu qabu haammatee hinjiru.

**Taaddasaa Hoomaa**. (2016).Mata duree "Xiinxala Akaakuu Fookiloorii Oromoo Gombisa Fardaa Keessatti: Aanaa Dandii" jedhurratti qorannoo isaa digirii lammataa Afaan Oromootiin Yuunivarsiitii Addis Ababaatti hojjete. Ciminni qorannoo isaa tapha gugsii fardaa Oromoo Dandii bal'isee wabii deeggaree dhiyeesseera. Kanatti dabalees, hariiroo Oromoon Aanaa Dandiifi fardi qabu eessaa dhuftee isaa waliin haalaan ibseera. Kana malees gosoota fookiloorii arfanuu raawwii sirna gombisa fardaa keessatti gadifageenyaan xiinxaleera.Jijjiirama fookiloorii gombisa fardaa keessatti mul'atu ibseera.

**Jaalataa Mootii**. (2014). Mata duree "Xiinxala Sirna Gombisa Fardaa Oromoo Tuulamaa Aanaa Kuyyuu" jedhurratti sagantaa MA'tiif Yuunivarsiitii Addis Ababaatti hojjete. Ciminni qorannoo kanaa sirna raawwii gombisa fardaa bal'inaan ibseera. Qorannoo kana kan deeggaru wabii adda addaa gargaarameera. Garuu, sirna gombisa fardaa kana keessatti ykn raawwachuudhaaf fookiloorii isa kamtu maal gargaare? gaaffii jedhuuf deebiin gosoota fookilooriitiin walqabatee ibsame bal'inaan hinmul'atu. Kana malees, sirna raawwii gombisa fardaa ija ispoortiitiin walqabsiisee eessaa dhufteefi faayidaa isaa ifatti adda godhee hinxiinxalle.

**Urgeessaa Xilaahun**. (2017).Mata duree "Xiinxala Fookiloorii Oromoo Itti Fayyadama Fardaa Keessatti Godina Shawaa Kibba Dhiyaa Aanaa Dawoo" jedhurratti digirii lammataa (MA) isaa Yuunivarsiitii Addis Ababaatti Afaan Oromootiin hojjete. Ciminni qorannoo isaa itti fayyadama fardaa Oromoo Daawoo bal'inaan wabiilee deeggaree ibseera.Jijjiirama fookiloorii Oromoo itti fayyadama fardaa keessatti gahee qaban irratti mul'atu ifa baaseera.

### 2.6.1. Tokkummaafi Garaagarummaa Qorannoowwan Walfakkiifi Qorannoo Kanaa

#### 2.6.1.1. Tokkummaa

Xiyyeeffannoon fookiloorii kanneenii taajaajila fardi hawaasaaf kennu, kunuunsa hawaasichi fardaaf laatufisafuu inni hawaasicha keessatti qabu jiddu galeeffachuun isaa tokkummaa isaa hanga tokko ni ibsa.Walitti dhufeenyi qorannoowwan kanneen jidduu jiruufi akkaataan qaaccessa adeemsa sirna booyichaa kanneenii hanga tahe walitti dhufeenya qabaatus tokko miti. Kan walitti isaan fidu, raawwii faaruu booyichaa keessatti qabiyyeedhaan qoqqooduun dhiyeessuu isaati.

#### 2.6.1.2. Garaa Garummaa

Qorannoowwan kanneen irraa qorannoo kana wanti adda taasisu:

- Xiyyeeffannoon isaa yeroo namni lubbuudhaan addunyaa kanarraa darbu, akkaataa itti hawaasichi fardaan waliif himurratti hundaa'ee, garee hawaasaa garaa garaatiif akkaataa gaarummaasaatti, gootummaasaatti, hojiisaatti, amalasaatti, umuriisaattiifi saalarratti hundaa'ee haala garaa garaatiin akka himamutu xiinxalame.
- Fakkoommiiwwan fardaan himii sirna awwaalchaa keessatti mul'atan xiinxaleera.
- Fardaan himiin sirna awwaalchaa adeemsa mataasaa kan qabu tahuu qorannichi ibseera.
- Meeshaalee yeroo fardaan himiin sirna awwaalchaa tajaajilan, waan sirnicharratti nyaatamuufi dhugamu addeesseera.

### 2.7. Yaadiddama Qorannichaa

Raawwii qorannoo tokkoo keessatti, yaadiddamni baay'ee barbaachisaafi murteessaadha. Barbaachisummaan isaa kunis, kallattii qaaccessa qorannoo waan namatti agarsiisuufi. Barbaachisummaadhuma yaadiddamni qorannoo keessatti qaburratti hayyuun Finnegan, (1992:25) yemmuu ibsitu, “the role of theory is just to facilitate the study” jetti. Yaaduma hayyuu tanaa ka'umsa godhachuudhaan qorannoon kunis yaadiddamoota jiran keessaa yaadiddama tajaajilaa ykn faayidaafi yaadiddama galumsaatti dhimma baheera.

#### 2.7.1. Yaadiddama Tajaajilaa/Faayidaa/

Yaadiddama tajaajilaa kana keessatti akka bu'uuraatti kan ilaalaman qaamoleen hawaasaa marti tokkummaa uumuudhaan akka qaama tokkootti hojjechuu yaada jedhurraa madde. Yaada kanas, hayyuun Ben Amos, (1993:209), Bascom, W.R. (1954) wabeeffachuudhaan yeroo ibsu, xiyyeeffannoon yaadiddama kanaas aadaafi fookiloorii walitti fiduudhaan hawaasummaa hawaasaa walitti hidhuuf akka tahe, balballoomsa. Yaadiddamuma kana hayyuun Bascom, (1965:298) dameewwan gurguddoo afuritti qoqqoodee yeroo ibsu, “Informally teaching cultural attitudes (often to younger group members); escaping accepted limitations of our culture;maintaining cultural identity; and validating existing cultural norms essentially boil down to one function” jedha.Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu,yaadiddamni tajaajilaa ykn faayidaa karaa al-idilaawaa taheen aadaa hawaasaa

barsiisuu, miliquu, aadaa eenyummaa ofii kunuunsuufi aadaan safuu hawaasaa wajjin gatii argatee akka darbuuf sirreessuu akka taheedha.

Dabalataanis, wantoota yaadiddamni tajaajilaa ykn faayidaa of jalaa qabu hayyootni Simsfi Stephens, (2011:180) yeroo ibsan, yaadiddamni tajaajilaa wantoota gurguddoo tahan kanneen akka kaayyoo waan qoratamu sanaa, gahee inni hawaasicha keessatti qabuufihiika inni baatee jiru ibsuu akka tahe balballoomsu. Ammas, qorannoo fookiloorii keessatti barbaachisummaa yaadiddama tajaajilaa ykn faayidaa ilaalchisuudhaan hayyuun Green, A. (1997:386) yemmuu ibsu, “in folklore studies, the view that every folklore item must have a function. Here, the expectation is that every proverb, tale, folk belief, or ballad must satisfy some important cultural, social, or psychological function. This view of the functional in folklore is parallel to Bronislaw Malinowski’s position that every thing in human life must have a function”jedha.Haaluma walfakkaatuun, faayidaa yaadiddama tajaajilaa hayyuu Fileen, (2016:48-49) yemmuu ibsu, “yaadiddamni kun faayidaalee beekumtaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu kallattii adda addaan ibsuuf xurree kan namatti fulchudha” jedha. Hayyuudhumti kun barbaachisummaa yaadiddama tajaajilaa fuuluma olii kanarratti yemmuu ibsu,” afoolli haala kamiin akka nama onnachiisu, miira ofii ibsachuu, maal akka fayyadu, akkamitti akka jajjabeessu, kanneen badii dalagan gorsuufi ceepha’uun, gara amala gaariitti akkamitti akka deebisan qorachuuf barbaachisaadha.” jedha.

Yaadota hayyoota kanneenii bu’uureeffachuudhaan faaruun fardaan himii sirna awwaalchaa haala inni keessatti raawwate, namoota inni ittiin dhiyaate, namoota sirnichi dhiyaateef jidduu tajaajilli inni hawaasaaf kennutu gadi fageenyaan ilaalame. Dabalataanis, shoorri yaadiddama tajaajilaa faaruu fardaan himii keessatti hawaasummaa uummataa walitti hidhuuf ykn tokkummaa hawaasaa ni uuma.

### 2.7.2. Yaadiddama Galumsaa

Maalummaa yaadiddama galumsaa ilaalchisee hayyuun Ben Amos, (1993:210) yemmuu ibsu, “a context can be defined as a systemic relations between individuals and environment” jedha. Ammas Fileen, (2016:52) yemmuu ibsu, “yaadiddamni galumsaa gareen afoolaa tokko gaheen inni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti haala galumsaafi itti

fayyadamasaa keessatti hiikaafi ergaa inni qabu qorachuuf kallattii namatti kan agarsiisuudha” jedha. Yaadiddamni galumsaa kan inni hiika gahaa tahe kennu, qaama irratti dalagame, hawaasa keessatti dalagame, akkasumas aadaa hawaasichaa keessatti dalagame wabeeffachuudhaan, ykn kaayyoo keessa galchuudhaan dhiibbaan inni fidu haala galumsaa yaadiddamichaa keessattidha. Yaaduma kana kan cimsu immoo Green, A. (1997:145) yemmuu ibsu, “contextual approach may be explained in terms of the influence of frames of reference on how individuals perceive the properties of physical,as well as social and cultural,object with in a given set of conditions(context)” jedha.Ammas yaaduma kana kan cimsuun, Ben Amos, (1993:210) yeroo ibsu, xiyyeeffannoon yaadiddama kanaa ergaan afaaniin darbau galumsa aadaafi galumsa haalaa bu’uureeffatee hiika qabatamaa hawaasa irratti agarsiisuu danda’uu isaati yaada jedhuudha.

Yaadiddama galumsaa kana bu’uureeffachuudhaan qaaccessa fardaan himii sirna awwaalchaa, hawaasicha giddu galeeffatee akkaataa inni himamuuf ittiin waliif himan, miira akkamiitiin gadda itti dhagahame akka calaqqisiifatan, haala qabatamaa hawaasichaa keessatti akkamiin akka waliif himan irratti xiyyeeffatamee dhiyaate.

Walumaagalatti, wanti akka yaadiddamootni kunneen lamaan filatamaniif taasise kaayyoo qorannichaati. Kunis, kaayyoo qorannichaa irratti hundaa’uudhaan, kaayyoo tokkoffaa, sadaffaafi arfaffaan yaadiddama faayidaa ykn tajaajilaa bu’uureeffatanii yemmuu ilaalaman, kaayyoo lammaffaafi shanaffaan immoo yaadiddama galumsaatiin ilaalamani. Kun immoo, faaruun fardaan himii fakkoommii sirna kana keessatti mul’atan kunneen haala qabatamaa hawaasa sana keessatti raawwataman giddu galeeffatee ilaalame.

# Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

Qaaccessa qabiyyee fardaan himii sirna awwaalchaa kana gaggeessuudhaaf, qorataan mala qorannoo akkamtaatti gargaaramee dhiyeesse.Kunis lafumaa ka'ee kan yaadame osoo hintaanee yaada hayyootaa giddugaleessa godhachuudhaani. Qorannoo kana raawwachuudhaaf odeeffannoo walitti qabame hundi lakkoofsaan osoo hinta'iin, jechaan hiikniifi ibsi itti kenname. Yaadumakana Dastaan, (2002:20) yemmuu balballoomsu, "qorannoon mala akkamtaan gaggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin dhiyeessa*,"* jedha. Yaaduma hayyuu kanaa immoo akkaataa cimsuu danda'uun hayyuun, Creswell, (2009) yemmuu ibsu,

> *Qualitative research is a means for exoloring and understanding the meaning individuals or groups ascribe to a social or human problem. The process of research involving emerging questions and procedures. Data typically collected in the participants setting. Data analysis inductively building from particulars to general themes. And the researcher making interpretations of the meaning of the data*, jedha.

Dabalataanis Addunyaan, (2011:12) akkaatuma yaada kana deeggeruu danda'uun yemmuu ibsu, "ciminni qorannoo kanaa (akkamtaa) gaaffiiwwan akkam? Maaliif? jedhan kaasuun gadi fageenyaan xiinxaluurrattihumna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati"jedha.Yaadolee olii kanneenirraa ka'uudhaan qorataanis qorannoo isaa mala qorannoo akkamtaatiin gaggeesse.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Shwaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii akkaataa raawwii isaa, haala dhiyaannaa isaa, wantoota adeemsa raawwii isaa keessatti barbaachisoo tahan, tartiiba raawwii isaafi kanneen kana fakkaatan mara giddugaleessa godhachuudhaan malleen funaansa ragaa kanneen akka daawwannaa,waraabbii, af-gaaffii, mare gareefi sakatta'a barruu, mala akkamtaatiin gargaaramee raawwatame.

### 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun hawaasa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii giddu-galeeffatee gaggeeffame. Irraawwatamni qorannoo kanaatis hawaasuma aanaa kanaa yemmuu tahu kan irratti xiyyeeffatamee hojjetame iddoowwan booyichaa ykn wal-tajjii jahaa (6) irratti. Iddoowwan gaddaa jahaan kunneenis, gandoota aanaa Meettaa Roobii keessatti argaman keessaa iddoo gaddi yookaan booyichi jirutti argamuudhaan kan gaggeeffameedha.

### 3.3. Madda Ragaa Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuudhaaf qorataan madda ragaa tokkoffaafi lammaffaatti gargaaramee gaggeesse.Maddi ragaa tokkoffaan, bakka fardaan himiin sirna awwaalchaa raawwatamaa turetti qorataan qaamaan argamee daawwannaa gaggeessee, waan daawwatame immoo cheekliistii qopheesseen duraa duubaan qindeesse. Namoota dhimma mata duree qorannoo kanaarratti hubannoofi beekumsa gadi fagoo qabu jedhamanii qorataadhaan akka iddattootti filataman irraa odeeffannoo barbaachisaa tahetu funaanamee qindaa’e dhiyaateedha. Kunneenis, daawwannaadhaan ragaan qabamee, af-gaaffii qophaa’een gaaffiin gaafatamee, viidiyoonis waraabameefi mareen garees gaggeeffamee raawwatamee dhiyaate. Maddi odeeffannoo lammaffaan qorataan qorannoo kana keessatti itti dhimma bahe mala funaansa ragaa sakatta’a barruuti. Kunis, ragaalee waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobii keessatti mata duree qorannichaan walitti dhufu hundaa mala funaannachuutiin kan raawwatameedha.

Ragaan kun fardaan himii sirna awwaalchaa garee hawaasaa garaa garaa jahaa irraa sassaabame. Kunis,sirna awwaalchaa nama sirnoota durii keessa duulee galee amma immoo maatii isaa waliin jiraachaa turee boqote ,sirna awwaalchaa qotee bulaa sooressaa, sirna awwaalchaa qotee bulaa hiyyeessaa, sirna awwaalchaa jaarsa biyyaa boqotee, sirna awwaalchaa nama barnoota xumuree hojii mootummaa hojjechuu jalqabee battala boqoteefi inni dhumaa sirna awwaalchaa nama gabatee barnootaarraa boqote irraa kan argamee qindaaweedha.Gareen hawaasaa garaa garaa kunneen jahaan saalaan kanneen dhiirota tahaniidha.

Sirni fardaan himii garee hawaasaa garaa garaa keessaa kan qorataan yoomessa uumamaa keessatti argachuu hindandeenye akkaataa raawwii isaarratti odeeffannoon odeef-

kennitootarraa sassaabame. Odeeffannoodhaan malee yoomessa uumamaa keessatti kan hinargamne faaruu kanneen kan dubartoota duulanii,dubartoota bebbeekamoo,nama duulee achitti boqotee, ajjeesaa bineensaa, nama bineensa ajjeesuu deemee bineensi nyaatee, nama kaadhimmatee boqotee,kan nama hiyyeessaa,nama fuudhee osoo ijoollee hingodhatiin boqotee,nama doqna tahee boqotee, daldalaa boqoteefi ayyaantuu boqoteef odeeffannoon af-gaaffiidhaafi mare gareetiin argamee qindaawe.

### 3.4. Iddattoo Qorannichaa

Gosoota iddattoolee qorannoo keessaa qorataan mala iddattoo miti-carraatti gargaaramee qorannoo isaa gaggeesse. Kunis, mala kaayyeffataatti gargaaramee qorannicha raawwate jechuudha.Sababni kana taheefis, mala iddatteessuu miti carraa keessatti qorataan qorannoo isaa haalaan raawwachuudhaaf, namoota mata duree qorannoo sanaan wal-qabatee hubannoofi beekumsa gadifagoo niqabu jedhamanii filaman carraa tokko malee filachuun itti waan gargaarameefi. Yaaduma kana ilaalchisuudhaan hayyuun Sarantakos, (2005:164) yemmuu ibsu,"In this (purposing sampling) technique the researchers purposely choose subjects who in their opinion, are relevant to the project. The choice of respondents is guided by the jidgement of the investigator," jechuudhaani.Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, qorataan tokko odeef-kennitoota dhimma qorannoo sanaa itti dhiyeenyaan nibeeku jedhee itti amanu ofii isaa murteessee kan filannoo isaatiin gaggeessu akka tahe irraa hubanna. Kanaafuu, qorannicha gaggeessuudhaaf iddoowwan sirni awwaalchaa itti raawwatan iddattoodhaaf filaman jahaan irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha. Iddoowwan sirni awwaalchaa itti raawwate kanneen jahaan keessaa immoo iddattoodhaaf namoota maanguddoota tahan, beekumsa waa'ee mata duree qorannichaa qaban, filataman keessaa walumaa galatti namoota kudha saddeetiif gaaffiin dhiyaatee gareefi dhuunfaadhaan odeeffannoon sassaabame.

Bakkeen qorannoon kun itti gaggeeffame kunneenillee, mala carraatiin osoo hinta'iin mala miti-carraatiini. Kunis, mala kaayyeffataati gargaarameeodeeffannoon funaaname jechuudha.Sababni isaa qorataan qorannoo kana gaggeesuudhaaf, aadaan fardaan himii sirna awwaalchaa kun sababoota garaa garaatiin dhaloota ammaa biratti irraanfatamaafi xiyyeeffannoo dhabaa waan deemaa jiruuf akka baramuufi yaadatamuuf jecha qorataan qorannoo kana adeemsise.

## 3.5. Malleen Funaansa Ragaa Qorannichaa

Malleen funaansa ragaa qorataan qorannoo isaa gaggeessuudhaaf itti gargaarame: daawwannaa, waraabbii, af-gaaffiifi, mare gareefi sakatta'a galmeeti. Malleen funaansa ragaa kunneen kallattii barbaachisaa tahanii argaman hundatti kan itti fayyadamaniidha. Kunneenis, duraa duubaan ibsamanii jiran.

### 3.5.1. Daawwannaa

Daawwannaan odeeffannoo milkaa'ina qorannoo kanaatiif gumaachan hundaa madda ragaa tokkoffaa ta'ee tajaajila. Kanas, hayyuun Kumar, (2005:127) irratti yemmuu ibsu, "Observation is one way to collect primary data.It is a purposeful, systematic and selective way of watching and listening to an interaction or phenomenon as it takes place"jechuudhaani. Yaadni kun, daawwannaan malleen funaansa ragaa tokkoffaa keessaa isa tokko kan taheefi kaayyeffataadhaan daawwannaa gaggeessuudhaan waan arganiifi waan dhagahan qabachaa deemuudhaan raawwata jechuu isaati.

Kanaafuu, qorataan qorannoo isaa yoomessa uumamaa keessatti bakka fardaan himiin sirna awwaalchaa raawwatameetti wal-tajjiiwwan jahaa irratti qaamaan argamee taateewwan raawwii sirnichaa keessatti raawwatame hundaa galmeeffachaa deemee kan raawwateedha. Kunis, tarree gaafannoo qopheessuudhaan keessatti guutaa deemee akkaataa kallattiin daawwatameen kan qindaa'ee dhiyaateedha.Kanaafuu, waltajjiin jahaa karoorfamee hunduu galma gaheera. Daawwannaan kunis, gaafa 13/5/2011 sirna awwaalchaa mana amantaa Gabreelii Shinootti gaggeeffamerraa, gaafa 9/7/2011 sirna awwaalchaa mana amantaa Mikaa'ela Baakaarratti raawwaterraa, gaafa 28/7/2011 sirna awwaalchaa mana amantaa Goorgisii Qoreerraa, gaafa 9/8/2011 sirna awwaalchaa mana amantaa Gabreelii Shinoorraa, gaafa 22/8/2011 sirna awwaalchaa mana amantaa Gabreelii Shinoorraa, gaafa 15/9/2011 sirna awwaalchaa Baalawaldii Muxxeerraa daawwannaadhaan kan sassaabameedha.

Raawwii sirna fardaan himii kana keessatti nama boqoteef kan himu nama seenaa nama sanaa beekufi hiriyaatu himaafi. Umuriidhaan namoota walitti siiqantu waliif hima. Kunis, dargaggeessi dargaggeessaaf, jaarsi jaarsaaf, gaheessi gaheessaaf himu jechuudha.Adeemsi

kun dirqama miti. Dargaggeessa boqoteef gaheessi ykn jaarsi yeroon itti himus nijira jechuudha. Dubartoota bebbeekamoodhaaf dhiirota seenaa ishee beekantu himaafi.

### 3.5.2. Waraabbii

Waraabbiin kunis, mala funaansa ragaa kan yoomessa uumamaa keessatti iddoo fardaan himiin sirna awwaalchaa gaggeeffameetti qaamaan argamee taatee yeroo sanatti raawwate hundaa viidiyoodhaan waraabamee, akkaataa qabatamaa fardaan himiin sirna awwaalchaa itti raawwate saniin qindaa’e. Kanaafuu, galma gahiinsa qorannoo kanaatiif waraabbiin suur-sagalee kun iddoo olaanaa qaba jechuudha.Waraabbiin waraabamee qaacceffame kan waltajjii jahaati.

### 3.5.3. Af-gaaffii

Malli funaansa ragaa yookaan odeeffannoo funaanuu kun namoota barnoota qalamaa qabaniifi hinqabneef garuu dhiimma mataduree qorannichaarratti odeeffannoo gahaa niqabaatu jedhamanii kanneen qorataadhaan filaman karaa ittiin odeeffannoo argataniidha.Yaaduma kana immoo Kumar, (2005:123) yemmuu ibsu, “any person-to-person interaction between two or more individuals with specific purpose in mind is called an interview,”jechuudhaani.Egaa yaaduma hayyuu kanaarratti hundaa’uudhaan gaaffilee baay’inaan 18 (kudha saddeet) tahan namoota dhimma fardaan himiirratti hubannoo gahaa qabaniif dhuunfaadhaanis tahe gareedhaan namoota 18(kudha saddeet)’tiif gaaffilee banaafi cufaa dhiyeessuudhaan raawwatame. Baay’inni namoota af-gaaffiirratti hirmaatanii 8 (saddeet) yemmuu tahan, isaan keessaa namootni sadii garee keessattis qooda fudhatanii jiru. Maree gareerratti immoo namoota 10 (kudhan) ‘tu qooda fudhate. Haalli ykn yoomessi af- gaaffiin keessatti gaggeeffame haala lamaani. Kunis,yoomessa uumamaa keessatti namoota iddoo waltajjii ykn sirna fardaan himiirratti hirmaataniifi hubannoo niqabaatu jedhamanii qorataadhaan filamaniif bakkuma sanatti gaaffilee dursanii qorataadhaan qophaa’antu gaafatame.Inni kan biroon immoo Waajjira Aadaafi tuuriizimiitti qorataan qaamaan argamuudhaan ogeessota Waajjirichaa kan mata duree qorannichaatiin wal-qabatee odeeffannoo bal’aa ni kennu jedhamanii filaman irraa odeeffannoon walitti qabame.

Odeef kennitootni af-gaaffii Darajjee Warquu-ganda Shinoo 01 irraa, Darajjee Qananii-ganda Shinoo 01, Fayyisaa Fiixaa-ganda Shinoo 01,Caalaa Badhaadhaa-ganda Keelloo Sheelloo, Tashoomaa Tafarraa-ganda Qorichaa, Tasfaayee Tashoomaa-ganda Baakaa, Tuujubaa Guutaa-ganda Baakaafi Dabalaa Utaa-ganda ganda baakaa Qorichaa kanneen tahanirraa sassaabame.

**Suuraa tokko: suuraa odeef- kennitootaa kan yeroo adda addaa af-gaaffiidhaan odeeffannoo qorataaf kennan agarsiisu.**



### 3.5.4. Maree Garee

Malli funaansa ragaa inni kun ammoo, odeef-kennitootni kan dhuunfaadhaan yaadachuu hindandeenye, yaadota falmisiisoo tahan, yaadota namootni yeroo qofaatti yaada kennan shakkan falmii garee kana keessa argachuudhaaf hedduu gumaacha. Kanaafuu, qorataanis gareewwan qindeessuudhaan akka isaan dhimma mata duree qorannichaarratti odeeffannoo kennaniif gurmeessee gaafannoo isaa dhiyeessuudhaan kan raawwateedha. Mareen garee kun akkaataa sadiin gurmaa'e. Kunis, namoota umurii waggaa 20-40 jidduu jiran qofaatti, namoota umurii 40-75 jiraniifi ogeeyyota hubanno qaban kan Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanichaa keessa jiran qindeessuudhaan adeemsifame. Wal-falmiigaree kana keessa yaadotni haarawaaniifi odeeffannoon dhokatee ture argamuu waan danda'uuf mala gaariidha jedhamee waan tilmaama argateef qorataanis kanatti dhimma bahe. Maree garee kanas, yoomessa uumamaa keessatti namoota sirna fardaan himiirratti hirmaataniif iddoodhuma sanatti argamuudhaan gaaffileen dhiyaateef. Kunis, namoota umuriirratti hundaa'anii gaafatamaniif yoomessa uumamaarratti dhiyaate.Inni kan biroon immoo gaaffilee ogeeyyota waajjiraatiif dhiyaate. Miseensotni mare garee kunniin mala miti carraatiin kaayyeffatamanii filamani.

Odeeffannoo kennuurratti namootni garee adda addaa sadii keessatti hirmaatan: Qananii Raggaasaa-ganda Kimmoo Diimaa, Tasfaayee Kabbadaa-ganda Faallee, Eebbisaa Baqqalaa-ganda Faallee, Dammaqechi Mul'ataa-ganda Shinoo 01, Kennaa Dagguu-ganda Shinoo 01, Alamaayyoo Dabalaa-ganda Qoree, Guutaa Tasammaa-ganda Baakaa, Alamuu Raagaa-ganda Qoree, Dhaabaa Dabalii –ganda Kiloofi Dirribaa Beekaa-ganda Qorichaa kanneen jiraatantu yeroo adda addaatti mare garee keessatti hirmaatanii odeeffannoo kennani.

**Suuraa Lama: Suuraa dargaggoota umurii (20-40) jidduu jiraniifi meeshaalee aadaa qabataniifi uffatanii fardaan himiiratti hirmaatanii qorataa waliin mare garee gaggeessanii odeeffannoo kennan agarsiisu**



Suuraa Sadii: Namoota umuriin isaanii waggaa (40-75) jiran yeroo mare gareetiin qorataaf odeeffannoo kennan agarsiisu.



Suuraa Afur: Suuraa mare garee ogeessota Waajjira Aadaafi Tuuriizimii waliin qorataan taasise agarsiisu.



### 3.5.5. Sakatta'a Galmee

Galmee sakatta'uun mala funaansa raga keessaa isa tokkoodha. Kanas, Addunyaan (2011) yeroo ibsu "galmee sakatta'uun meeshaalee funaansa raga keessaa isa tokko ta'ee wantoota barreeffamaa jiran keessaa ragaalee adda addaa funaanuudhaan qaaccessa gaggeessuudha" jedha. Yaaduma kana bu'uura godhachuudhaa qorataan dhimma odeeffannoo qorannichaa argachuudhaaf ragaafi odeeffannoo Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobiitti qabamee jiru galmee sakatta'uufi waajjiricha keessaa qaama dhimmi ilaalurraa odeeffannoo gahaa af-gaaffiidhaan odeeffannoo fuudhameedha. Dabalataanis, haala raawwii fardaan himii sirna awwaalchaarratti muuxannoo qabaniifi ragaa qabamee jirurraa odeeffannoo argameedha. Malli kun, madda ragaa isa lammaffaadha.

## 3.6. Mala Qaaccessa Ragaa

Odeeffannoowwan hawaasa aanichaa kanneen iddattoodhaaf filamanirraa funaanaman toora tooraan qindaa'anii taa'ani. Qindaa'inni isaaniis akkaataa kaayyoo gooree keessatti karoorfameen raawwatame. Ammas, akkaataadhumakaayyoo gooree keessatti karoorfameen xiinxalamee qaacceffame. Achumaan, hiikni raawwii gochootaa qaacceffamanii ibsi itti kennameera. Odeeffannoowwan maddoota garaagaraarraa sassaabaman, sagaleedhaan, viidiyoodhaan, habuurraa yookaan daawwannaa taasifameeniifi tarree gaafannoo qophaa'een odeeffannoo sassaabame irra deddeebi'uudhaan dhaggeeffatamee, dubbifamee, xiinxalamee akkaataa bakka madda isaatii argameen of eeggannoodhaan osoo irraa hinhir'isiin osoo itti hindabaliin ragaa qulqullina qabu qindeessuudhaan kan raawwatameedha. Odeeffannooargame sanarratti hundaa'uudhaan

ammoo waan qorannicharraa hubatameefi argame mala ibsaatti yookaan balballoomsaatti gargaaramuudhaan toora tooraan gurmaa’ee, qoqqoodameefi qaaccessamee gaggeeffame.

### 3.7. Adeemsa Qoqqoodinsaafi Qindeessa Ragaa

Qorannoo adeemsifame kana akkaataa barbaachisaa taheefi saayinsaawaa taheen ragaaleen kallattii addaa garaatiinargaman kunneen akkaataa qabiyyee isaaniitiin kanneen qoqqoodamaniidha. Kunis, adeemsa fardaan himiin itti gaggeeffame, haala hurruubummaa fardaan himiin sirna awwaalchaa itti raawwatame, meeshaalee sirna awwaalchaa kanarratti tajaajilan, namoota meeqaan akka himamu, eenyuuf himameet eenyuuf dhiisa, garee hawaasaa garaa garaatiif  akaakuu faaruu akkamiitiin akka himamuufi, meeshaalee akkam akkamii uffataniifi qabatanii akka sirnicha raawwatan, yeroo raawwii sirnichaatti sochii qaamaa akkamiin akka raawwatu, kanneen jedhan hundi keessatti ilaallamanii jiru. Kana malees, yeroo ammaa kanatti haala fardaan himiin sirna awwaalchaa kun irra jiru, fakkoommii fardaan himii keessatti dhimma bahaman, faayidaan fardaan himii sirna awwaalchaa maal akka ta’e qorannicha keessatti ibsi itti laatamee jira.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessa Fardaan Himii Sirna Awwaalchaa

## 4.1. Maalummaa Sirna Awwaalchaa

Sirna awwaalchaa kaasuudhaan dura maalummaa du'aa kaasuun gaariidha. Du'i lubbuudhaan addunyaa kanarraa godaanuudha. Kunis, dhalatanii, yeroodhaaf jiraatanii jireenya lafa kanarraa dhaabuudha.Namni lafa kanarratti aamma mul'atu kun hundi gaaf tokko balaa tasaatiinis yaa tahuu sababa dullumaatiin addunyaa kana gadi dhiisee akka adeemu beekamaadha.Hireen kun uumama lafa kanarra jiran kanneen lubbuu qaban hundaaf kan kennameedha.Wanti harka Waaqayyootiin uumamee hanga dhuma baraatti jiraatu goonkumaa hinjiru.

Oromoon jiruufi jireenyasaa gaggeessuudhaafi aadaa akkasumas duudhaasaa ibsuudhaaf sirnoota adda addaa raawwata. Sirnoota Oromoon raawwatu keessaa tokko sirna awwaalchaati. Kunis, miira gaddaa keessatti liqimfamuudhaan jaalala nama(fira, hiriyaa) boqote sanaaf qaban booyichaan kan ibsataniidha. Kanuma ilaalchisee Nagarii, (1992:23) yemmuu ibsu,"Booyichi sirba gaarummaa nama du'ee kaasanii sirbaniidha." jechuuni. Akkaatuma yaada hayyuu kanaarraa hubannuutti, booyichi gaarummaa nama boqote sanaa kan yemmuu lubbuudhaan jiraachaa turetti hojjete kan ittiin ibsaniidha. Namni lubbuudhaan jiru, kan mararfannaa cimaa keessa galee boo'u, walitti dhufeenya akkamii nama lubbuudhaan addunyaa kanarraa godaane waliin akka qabu ni beekama. Kunis, jechoota itti fayyadamee boo'uufi gadda irraa calaqqisurraati.

## 4.2. Adeemsa Raawwii Sirna Awwaalchaa

Nama ta'ee dhalatee lubbuudhaan lafa kanarratti kan hafu tokkollee hinjiru.Hunduu darabeedhaan wal-gaggeessa. Namni dhalate tokko boqochuun isaa waan hinoolleedha. Kanaafuu, adeemsi raawwii sirna awwaalchaa yemmuu firri dhiigaa, gootni, beekaan, ogeessiifi kanneen kana fakkaatan boqotan sirna awwaalchaa nama boqote kanaa akka miidhaguuf raawwii duraa duubaan raawwatamuudha. Kunisimmoo, hojiifi seenaan nama boqote Sanaa haalaan akka guyyaa sana yaadatamuuf jechoota sammuu namaa keessatti ergaa gurguddaa dabarsaniifi yaadamuu kan danda'aniin qophaa'ee dhiyaata. Kanuma ilaalchisee (Dassee, 1992:20) yemmuu ibsitu,"Faaruun booyichaa sagalee miidhaginaan

waan faarfamuuf sammuu hooqee, garaa raasee kan nama boochisuudha,” jechuuni. Akkaatuma kanaan sirni fardaan himii Aanaa Meettaa Roobiillee ni raawwata.

### 4.2.1. Qophii Sirna Awwaalchaan Duraa

Akkaataa maamilli qorataa Obbo Darajjee Warquu gaafa guyyaa 13/5/2011 sirna awwaalcaa kan magaalaa Shinoo mana amantaa Gabreelii jedhamuutti guyyaa keessaa 8:30-9:30’tti odeeffannoo isaanii kennaniin, battaluma namni jaalatamaan, firri, gootni, hayyuun, namni hawaasni mararsiifatuufi kanneen kana fakkaatan boqotanitti wantoota sirna awwaalchaarratti barbaachisoo ta’an dursanii qopheessuu eegalu. Kanas, kan ta’e takkaa ta’e, kan du’e hingalu jechuudhaan namootni wal-jajjabeessanii wantoota barbaachisoo ta’anirratti mari’achuu eegalu. Battala namni boqoteen, oduun boqochuu nama sanaa ni odeeffama; firri, hiriyyootni nama boqotee, olloonniifi namootni dhagahan xinnaa guddaan rifannaa addaa keessa seenu—hunduu rifatee waan jedhu, waan qabuufi waan gadidhiisu wallaala. Akkkuma dhagahaniin hunduu fiigee dhaquun firootni, olloonniifi hiriyyootni walitti naannawanii huursanii booyu, wacu, iyyus.Yeroo kanatti, firootni dhiigaa booyanii hirmii baafatu.Hirmiin kun immoo, akkaataa odeef kennitootni jedhanitti battala firri yookaan finni nama tokkoo boqotetti dhagahanii iddoo reeffi argamutti qaamaan argamanii booyanii baafachuudha. Yoo naannoo reeffi itti argamurraa fagoo tahemmoo battaluma boqochuu firaa dhagahanitti nyaataafi dhugaatii dhiisanii booyanii gadda ofii dhageessisuun hirmii baafachuu jedhama.Namni osoo hindhagahiin hafe maaliif hirmii na nyaachistan jedhee gaafa dhagahe ni dheekkama.Yeroo hedduu garuu boqochuun firaa namoota dhukkuboota adda addaa qaban rifatanii akka isaanis hin miidhamneef yeroodhaaf dhoksanii suuta itti himu. Kana malees, ijoolleen nama boqotee yoo Yuunivarsiitii adda addaa keessatti gabatee barnootaarra jiraataniifi qormaatarra jiraatan dhagahanii akka hinjeeqamneef eeggannoo cimaa akka taasisaniif odeef kennitootni odeeffannoo isaanii kennan.

Battala namni boqoteen namni muuxannoo qabufi beeku kirrii jirbii yookaan kirrii naannootti argamuun reeffa diriirsanii ciibsuudhaan miilla lamaan walqixxeessanii qubbeen gurguddoo lamaan kirrichaan walitti hidhu. Ammas gara jilbaatti ol siqanii kirrichumaan walitti hidhu. Erga kana godhaniin boodas, harkanama boqotee lamaan diriirsuudhaan kirrichumaan qubbeen gurguddoo harkaa lamaaniifi gara ciqileettis ol

siiqanii hidhu. Kunimmoo, reeffi yoo kokottaa'eefi dadacha'ee ture waan goguufi tole jedhee saanduqa reeffaatti galuu waan diduuf dursanii kan mijeessaniidha. Kana malees, afaan nama boqotee sun yoo banamee achumaan hafe tahe hatattamaan walitti deebisu; yoo dide isas akkuma harkaafi lukaa kirriidhaan gara mataatti dhiibanii ol hidhu. Ijji nama boqotees ilaalee achumaan hafe yoo tahe, battala sanatti walitti deebisanii junuunfachiisanii mijeessu.

Kana booda, reeffa siree teephaarra, siree mukaarra, madabiirraafi kanneen kana fakkaatanirra uffataan maranii ciibsuudhaan goolgaa itti naannessanii akka namoonni iddoo sana hinseenne taasisu. Kun immoo, akka firri yoo booyaa fiigee dhufe reeffarra hinbaaneef, mararsiifatee gangalchee dhudhungachuu akka hindhaqneef, akka uffata irraa hinkaasneeffi kanneen kana fakkaataniif jecha goolgaa itti tolchu. Sagalee dhageessisanii booyuun, iyyuuniifi wacuun namni lubbuun isaa darbe sun yoo guyyaa boqoteedha.Yoo halkan lubbuun keessaa baate garuu, akkanamni tokkoyyuu hinboonye wal -dhoowwu. Halkan hinbooyani, obsaa! kan ta'e takkaa ta'ee, jechuudhaan hanga bari'utti namootni warra firaafi aantee tahan nidhoowwamu akkasumas, jaalala nama boqote kanaaf qabanirraa kan ka'e finni akka of hinajjeesneef eegumsa taasisuuf—qofaa gadi hindhiisan, eegaas bulu. Yoo halkan booyan ayyaanatu rifata jedhanii waan amananiif akka halkan hin booyamne dhoorkama.

Kun hunduu osoo kanaan jiruu, namoonni booyan booyicha isaanii itti fufaa namootni kaan immoo abbaa, obboleessa, haadha, mana reeffi jiruu gaafachuudhaan saanduqni reeffaafi uffanni reeffa ittiin kafanan akka qophaa'u taasisu. Kana malees, firootaan mari'achuudhaan guyyaa sirna awwaalchaa murteessanii namoota beeksisu, afooshaanisgama isaatiin akkaaataa dhagahamuu danda'amuun xuruumbaa afuufsisanii miseensotni afooshichaa akka isaan hojiirratti hirmaataniif yeroo qabaniifii beeksisu. Namni miseensa afooshichaa tahe hunduu yeroo jedhame keessatti qaamaan argamee waan ajajame hundaa hojjetee ramaddii hojii isaa beekee gala. Erga guyyaan sirna awwaalchaa murtaa'ee beekameen booda, afooshaan wal- qoqqooduudhaan yookaan hajii addaan hirachuudhaan kaan duunkaana dhaabu,kaan teessoo guru,kaan waan nyaatamuufi dhugamu qopheessu, kaan qoraan falaxu, kaan saayinaafi kubbaayyaa afooshaa guuree

gara mana reeffi jiruu geessa,kaan mooraa yookaan dallaa jajjabeessa, kaan mooraa qulqulleessa.

Erga saanduqni reeffaafi uffanni reeffaa ittiin kafanan qophaa'ee dhiyaateen booda, namootni muuxannoo qaban reeffa iddoo turerraa fuudhanii siree teephaarra kaa'anii bishaaniifi saamunaadhaan dhiqu. Kunis, firoottanitti himamee yeroo itti reeffi saanduqatti galuudha. Yeroo kanatti firoottan nama boqotee ollootaafi namoota adda addaa of duuba hordofsiisanii gara iddoo reeffi jiruutti imalu. Erga achi gahaniin boodas wal- eegaa kaan naannawee booya—kaan naannawee dhaabatee hidhii xuuxa. Firoottaniifi namootni murteessoo taha hundi argamuun isaanii erga mirkanaaween booda namoonni reeffa dhiqanii kafananii qopheessan reefficha saanduqatti galchu. Ijibbaanni inni jalqabaa iddoo kanatti. Erga saanduqa seenee namni afuurri itti deebi'ee nifayyaan waan hinyaaddamneef waci, iyyi, booyichiifi wawwaannaan akka malee cimaa taha.Finni nama boqatee naannawee nagaa itti dhaama—addaan ba'uu isaanii labsa.

Kun osoo kanaan jiruu, firoottan dhiigaa nama boqotee, hiriyyoottan nama boqoteefi kaanis uffata gurraacha kan guyyaa sirna awwaalchaa uffatanii ittiin gaggeessan dursanii bitatanii yookaan bichisiisatanii qopheeffatu—kan hodhisiifamus yoo tahe dursanii hodhisiifatanii qophaawu. Kan rifeensa haaddachuu males dursee haaddatee qophaawa. Kana malees, suuraa namni boqote kun duraan ka'ee manaa qabu xiqqaa isaallee barbaadanii guddatee guyyaa sanatti akka mul'atuuf mana suuraa geesaanii guddisiisanii qopheessu. Kunis immoo namni boqote kun yemmuu lubbuudhaan jiru isa kana fakkaata jedhanii beeksisuuf yookaan argisiisuudhaaf hedduu gargaara.

Taatee kanaan booda, akkaataa odeef kennitootni odeeffanoo isaanii kennanitti, afooshaan guyyaa sirna awwaalchaaf dursanii namoota ramaduudhaan haala mijeessu. Kunis, namoota boolla reeffaa qofforan, namoota guyyaa awwaalchaa keessummoota alatti eeganii simataniifi teessisan, namoota bishaan harkaa buusan yookaan qican, namoota ittoo buusan, namoota buddeena kennan, namoota bishaan (waan dhugaatiif qophaa'e) kennan, namoota saayinaafi kubbaayyaa keessaa dhugame sassaaban hundumaa qopheessu. Namootni ramadaman kunneenis ramaddii isaanii kabajuudhaan iddoo ramaddii isaaniitti hojjetu. Akkaataa kanaan qophiin sirna awwaalchaan duraa gaggeeffama**.**

### 4.2.2. Yeroo Raawwii Sirna Awwaalchaa

Guyyaan raawwii sirna awwaalchaa kun kan iddoo olaanaa qabuufi kabajaa guddaa qabuudha. Akkaataa odeef kennitootni jedhanitti guyyaan kun guyyaa gaggeessaa isa dhumaa nama lubbuun isaa addunyaa kanarraa darbeef taasifamuudha**.** Kan nama boqote kanaaf tahuu malu hundi guyyaadhuma kana tahuu qaba jedhanii waan amananiif, miidhaginasirnichaaf xiyyeeffannoo guddaatu itti kennama. Namootni muraasni dirree bal’aafi diriiraa tahe ilaalanii xiqqoo mana reeffi jirurraa siquudhaan, yeroo reeffi manaa bahu iddoo baqotu muka dhaabanii dunkaana xiqqoo yookaan baala warqeefaa irra afanii qopheessu. Firoottan halaala jiran bariidhaan ka’anii imala isaanii eegalu,warren fardeeniin himuudhaaf qophaa’an ganamaan ka’anii fardeen isaanii sooru,mi’a fardeenii isaaniifi kan ofii godhataniifi qabatan hundumaa qopheeffatu,firoottan gamaa gamanaa uffata gurraacha uffatanii, warri dhiirotaa irraan gaabii yookaan kutaa dachaasanii uffatanii,warri dubartootaa irraan naxalaa ol garagalchanii uuffatanii wal- waamanii waliin imala isaanii itti fufu. Hunduu waa’eedhuma nama boqote kanaa kaasee karaasaarratti haasawaa adeema, hidhii xuuxaa, seenaasaa odeessaa, mararsiifachaafi yemmuu mana reeffi jiruutti dhiyaatan immoo huursanii booyaa dhaqu. Warri abbootii fardeenii immoo wal-eeganiifi wal-dubbisanii yeroo gara mana reeffi jiruutti dhiyaatan, naannawanii himaniifii hanaga reeffi bahuutti naannawanii dhaabatu. Yoo naannawaa baadiyaa tahe luugama fardeen isaaniirraa yaasanii hangasitti marga cuffachiisu.

Suuraa Shan: Suuraa hanga reeffi bakka boqotee ka’uutti namootni fardee isaaniirraa harca’anii dhadhaabatan, fardeen isaanii marga cuffachiisan agarsiisu.



Firoottan gamaa gamanaa booyaa dhufanii yemmuu wal-gahan namootni akka reeffi gadi bahu taasisu.Sadarkaa kanatti booyichi, wawwaannaan, iyyi, garmaamni fardeenii nicima.Yeroo itti firoottan dhiigaa ijibbaata booyan fakkaata.Manasaa keessaa reeffi yeroo gadi bahu namootni hinboonye muraasa. Kaanimmoo dhaabatee hidhii xuuxa, kaan osuma dhaabatuu imimmaan jaalalaa ofirra dhangalaasa. Osuma kunneen hunduu ta'aa jiranii namoonni reeffa manaa gadi baasu. Erga manaa gadi baasanii booddee iddoo boqonnaa reeffaa jedhamee dursee qophaa'etti geessanii kaa'u. Iddoon kunis dunkaana xiqqoorraa, sharaa irraa, baala warqeefi kanneen biroorraa dirree bal'aa isaa keessatti dursamee mukti dhaabatee qophaa'a. Kunis iddoo boqonnaa reeffaa jedhamee waamama. Yerookanatti firoottan, hiriyyootni, ollootniifi namoonni nama boqote kanatti dhiyaatan huursanii booyu.

Suuraa Jahaa: Suuraa iddoo boqonnaa reeffaatti firoottan naannawanii yemmuu booyan agarsiisu



Suuraa torba: Suuraa yeroo reeffi bakka boqotee jiruu ka'u, abbootii fardeenii himan agarsiisu.



Reeffi baka boqoterraa ka’uuf yemmuu jedhutti, warri abbootii fardeeenii fardeen isaaniitti bahanii godoo reeffi boqotee jiru kanatti naannawanii himuuf.Osuma isaan himanii namoonni reeffa kabajaafi ulfinaan suuta jedhanii oofaa gara iddoo awwaalchaatti oofu.Abbootiin fardeenii kanneen fardeeniin himan reeffa fuuldura naannawanii garmaamaa himuufi.Isaanis yemmuu himanitti dargaggoonni fardeen isaanii kallattii tokkotti ooffachuudhaan,kaanis akkaatuma walitti dhiyeenya umrii isaaniitiin naannawanii takkaa reeffa dura,takkaa immoo irraa siqanii himuuf.Yeroo tokko tokko miira keessa galanii fardeen isaanii reeffa fuuldura dhaabchiisanii akka reeffi hindeemne taasisu.Yeroo kanatti namoonni kaanimmoo abbootii fardeenii sana gara fuula duraatti akka adeemaniif dhiibu,reeffaafi isaan jidduu galanii isaan ittisu yookaan dhoowwu.

Suuraa Saddeet: suuraa osoo reeffi gara awwaalaatti deemaa jiruu namoota fuuldura goranii fardaan himan agarsiisu.



Yemmuu reeffi gara iddoo awwaalchaatti siqetti garmaamni fardeenii kanneen naannawanii himanii hedduu cima. Reeffa fuuldura goranii kaan ulee walirratti reebu, sagleen isaan ittiin himanis hedduu ol ka’a. Reeffi akka mana awwaalchaatti ol hinseenne hedduu yoo ittisanis, yookaraa cufanis namoonni kaan isaan dhoowwanii dhaabsisu— Isaanis garaa kutatanii fardeen isaaniirraa harca’u.Reeffi mana amantaatti erga ol galeen booddee fuuldura mana amantaa sanaa kaa’anee qeesonni naannawanii itti qaddasu.Erga isaan xumuranii gara iddoo awwaalaa qophaa’eetti geeffama.Adeemsota kanneen kana hundaa kan qorataan qaamaan iddoo taateewwan itti raawwatanitti argamee daawwate, viidiyoodhaan waraabee hubateefi odeeffate hundumaa dhuunfata.

Suuraa sagal: Suuraa yemmuu qeesonni reeffatti qaddasan agarsiisu.



Suuraa kudhan: Suuraa namoota iddoo awwaalaatti yeroo reeffi boolla seenu booyan agarsiisu.



**4.2.2.1. Nyaata Aadaa Sirna Awwaalchaarratti Dhiyaatu**

Namni tokko boqochuun isaa erga beekameen booda, kan namoonni irratti mari'achuu jalqaban, midhaan daakkamee jiraachuusaa, bishaaniifi waan namootni sirna awwaalchaarratti argaman ittiin keessummaa'anfaarratti Yoo midhaan daakamee hinjiraanne namootni wal qoqqoodanii kaan midhaan dheedhii soree qulqulleessa, kaan isa soramee qulqullaa'e gara mana baabura midhaan daakuutti geessa, kaanimmoo,erga daakkamee dhufee ni bukeessa, kaan erga bukoon bukaa'e gahee addaan qoqqooddatee, mana manatti, achuma iddoo mana gaddaatti eelee garaa garaarratti namootni ni tolchu, Kaan iddoo biddeenichi tolfame taa'u tolchanii baala baargamoo ciranii itti maranii kaa'u. Kaan immoo waan ittoo tahu, kaan qullubbii bitanii fidanii quncisanii muru, kaan shiroo

daaksisu, kaan barbaree barbaadanii bitanii qopheessu, kaan waan suuqiidhaa bitamu qarshii walitti buusanii bitanii booda fudhatu, kaan mi'a afooshaa fidanii dhiyeessu. Yoo horiin qalamuun barbaachises, kaan horii qalmaa barbaadanii bitanii dhiyeessu, yoo horii qe'eetu qalamuun barbaadames niqopheessu—niqalus.

Sirna awwaalchaarratti yeroo baay'ee nyaatni aadaa dhiyaatu shuummoodha. Kunis akkaataa odeef kennitootni Obbo Fayyisaa Fiixaa, Dargaggoo Kennaa Dagguufi Aadde Dammaqechi Mul'ataa gaafa guyyaa 24/6/2011 ganama sa'aatii 3:00-6:00;tti Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobiitti qorataa walii mare taasisaniin jedhanitti, shuummoon yookaan mulluun gaafa sirna awwaalchaa kan inni dhiyaatuuf amantaa waliin wal- qabata. Kunis, gaafa Yesuus du'ee ture shuummoo yookaan mulluutu nyaatamee ture waan tahee achirraa dhufe jedhanii amanu. Kunis, mana warra reeffi jiruutti nyaatama.

Inni kan biraa immoo, buddeena ittoo shiroofi dinnichaa yookaan missiraafi dinnichaa yookaan kikkiitu qophaa'ee dhiyaata. Namootni qabeenyaa qaban immoo, horii qalanii foon sana ittoo godhanii keessummoota isaanii galfatu. Nyaanni kun addaan qoodamee kaan gaariidhaan gara mana amantaaii geeffamee keessummoota firoottan dhiigaa waliin fagoodhaa dhufaniif ni kennama. Keessummootni fagoodhaa dhufan kunneen, achumatti nyaatanii dhuganii keessummaa'u. Kunis, galma mana amantaa keessatti keessummoota teessisuufi keessummeessuuf qophaa'e keessatta dhiyaata. Kanuma waliin meeshaalee adda addaatti nyaanni mana amanttaatti geeffamee qeessonni nyaatan ni jira. Kunis, qeesonni reeffa waliin deemaa "ye guuzoo fitaat" waan gochaa oolaniif ni dadhabu jedhamee yaaddamee kan kennamuudha. Namootni manni isaanii dhiyoo tahemmoo gara mana reeffi bahee awwaalameetti deebi'anii namoota gaddi mana isaanii seene sana jajjabeessaa nyaataafi dhugaatii achitti qophaa'e nyaatanii dhugu.

Iddoo tokko tokkotti keessummoota nyaachisanii obaasuun kun osoo reeffi iddoo boqonnaa isaa jiruu dunkaana qophaa'e keessatti keessummoota firoottan dhiigaa waliin dhufan keessummeessu. Inni kun yoo nyaanni keessummootaaf mana amantaatti hin geeffamne taheedha. Erga namootni nyaatanii dhuganii xumuraniin booda, namootni akka reeffi iddoo boqonnaasaatii ka'u taasisu. Namootni keessummoota kanneen qopheessan dursanii qophaa'u.

### 4.2.3. Raawwii Sirna Awwaalchaan Boodaa

Erga reeffi boolla seeneen booda, namootni akka booyaa hindeebineef ni dhoorkamu. Sababnisaa kun, firoottansaa warra lubbuudhaan jiraniif gaarii miti jedhanii waan amananiifi. Firoottaniifi namootni kaanis gara duubaatti deebi'anii iddoo tokkotti wal gahanii kaan ni dhaabatu kaanimmoo ni taa'u. Yeroo kanatti,qeesonni xiqqoo erga qaddasaniin booda,abbaan firri jalaa boqotee sun keessummootaan mana nagaatii dhuftanii mana nagaatti gala, firoottan dhiyoofi fagoo, namoonni gaggeessaa abaluu abaluurratti argamuudhaaf dhuftan marti keessanuu ulfaadhaa. Adaraa keessan manatti goraatii xabala qammasaa jedhanii dudubbachuudhaan nagaa isaanii dhaamu. Firoottan akkaatuma wal- beekaniifi walitti dhiyaatanitti dhugaatii wal-affeeraa waliin taphatanii adda adda bahuu eegalu. Abbootiin fardeeniis fardeen isaanii hiikkachuudhaan, kal'eefi daabee isaanii baafachuudhaan maranii feestaalaafi waan adda addaa keessa kaa'anii harkatti baattatanii, gaalee isaaniis qabatanii gara mana mana isaaniitti imala isaanii itti fufu. Kanneen kaan firoottan dhiigaa kanneen waliin tahuudhaan gara mana gaddi seene sanaatti qajeelu. Yemmuu achi gahanis balbala dura dhaabatanii namootni isaan simatan dursanii waan qophaa'anii jiraniif keessummoota dhufaniif bishaan harkaa buusuuf. Firoottan dhiigaas hunduu harka isaanii dhiqatanii ol seenu. Manattis namoonni keessummeessa waan qophaa'anii jiraniif, akka isaan shuummoo hammaarratan, akka isaan buddeena qophaa'es nyaataniif ni jajjabeessu. Keessummootni kaanis walumaan nyaatu. Kun akkaatuma kanaan itti fufa.

### 4.3. Adeemsa Raawwii Fardaan Himii

Namni tokko boqochuun isaa akkuma dhagahameen, akkaataa beekamtummaa nama boqote sanaatti abbaan fardaa farad isaatiin himuudhaaf dursee fardasaafi mi'afardaasaa mimmijeeffata. Guyyaan sirna awwaalchaa itti raawwatu erga adda bahee guyyaa dhaabbataan qabameefii, guyyaa sirna awwaalchaa sana abbootii fardeenii kanneen biroo kanneen mana jireenyaatiin walitti dhiyaataniin wal-waamanii fardeen isaanii fe'atanii, waan isaan barbaachisu hundaa qabachuudhaan imala isaanii itti fufu. Akkaataa odeef-kennitootni Obbo Qananii Raggaasaa, Obbo Caalaa Badhaadhaa, Obbo Tuujubaa Guutaa, Obbo Tasfaayee Tashooma, Alamaayyoo Dabalaa,Obbo Dabalaa Utaa, Obbo Dhaabaa Dabalii, obbo Dirribaa Beekaafi Obbo Tashoomaa Tafarraa kanneen jedhaman iddoo sirni

awwaalchaa itti gaggeeffamaa jirutti gaafa guyyaa 28/7/2011 guyyaa keessaa sa'aatii 6:30-7:50' tti iddoo mana amantaa Goorgisii kan ganda Qoree keessatti argamurratti gaaffiifi deebii qorataa waliin gaggeessaniin odeeffannoo kennaniitti, abbootiin fardeenii kunneen yeroo gara mana reeffi jiruutti dhiyaachaa adeeman namoota sadii, afur, shaniifi yoo isaa ol ta'anis maqaa nama boqote sanaa waamuudhaan gootummaafi hojiisaa himaa gara manichaatti imalu. Yeroo achi gahanis yoo reeffi bahuu baates xiqqoo naannawanii himanii hanga reeffi bahuutti fardeen isaaniirraa bubu'anii eegu. Yoo baadiyyaa tahes luugama afaan fardeen isaaniirraa yaasanii akka isaan dheedan taasisu.

Suuraa Kudha tokko: Suuraa qorataan namoota umurii waggaa 40-75 jiran waliin maree garee gaggeesse agarsiisu.



#### 4.3.1. Hurruubummaa Fardaan Himii Sirna Awwaalchaa Ittiin Raawwatan

Sirna awwaalchaarratti namootni nama hedduu jaalatan, mararsiifatan, akka addaatti ilaalan waan tasa dhabaniif miira addaa keessa galuudhaan hurruubummaa addaa garaa agarsiisu. Warreen fardeeniin himan ulee isaanii yookaan eeboo isaanii gara samiitti olqabuudhaan,gara fuula duraatti qabanii sosochoosuudhaan, akka nama waa darbachuudhaaf ka'ee gara fuula duraattialaamuudhaan, harka bitaatiin immoo gaachana isaanii ol qabanii sosochoosuudhaan, ulee isaanii jidduu isaa gaachanatti dhaanuudhaan, fardeen isaaniirraa yookaan kooraarraa hudduudhaan ol ka'aa, gadi deebi'anii irra taa'aa, fardeen isaanii duubaafi fuulduratti naannessaa fuula isaanii duubaafi fuula duratti nanaannessuudhaan sagalee mararoo dhageechisaa himuufi. Kaanneen ulee qabatanii jiran

yeroo tokko tokko ulee isaanii samiitti ol-qabuudhaan fuuldura reeffaatti garagalanii walitti bubuusaa, fardarraa ol jedhanii takkaammoo gadi taa’anii sagalee faaruu dhageessisaa himuufi. Yemmuu asiifi achi fardeen isaanii gagarmaamsaa nanaannawanii himaniif kal’een isaan uffatan, daabeen isaan godhatan isaanirraa wash wash jechuudhaan sochiinama mararu agarsiisa. Kana hundaa raawwachuudhaaf fardeen isaanii waan leenjite fakkaatti.Namni kamuu fardeen isaa walitti hinbuusu, namattis hinbuusu Abbootii fardeenii malees warren lafaa himaniifi booyan ulee isaanii waaqatti harka mirgaatiin qabatanii asiifi achi adeemaa himuufi. Odeeffannoon kun maalmila qorataa kan tahe obbo Darajjee Qananiirraa iddoo sirna awwaalaatti gaafa guyyaa 9/8/2011 mana amantaa Gabreeliitti sa’aatii 5:00-5:30’tti af-gaaffiidhaan kan argameedha.

### 4.3.2. Akaakuu Fardeenii kan Sirna Awwaalchaarratti Ittiin Himamuufi Hinhimamne

**Farda Collee:** Akaakuu fardeenii keessaa fardi colleen isa tokko. Fardi colleen kan leenjiteefi abboomamuu kan danda’uudha.Yoo fiigichas tahe garmaamaan hafee kan hinqabne jechuudha. Akaakuu fardaa isa kana abbaan fardaa hedduu isa soora isa jaalatas.Sababnisaa hamaa jalaa dheessee ittiin bahuudhaaf, hamaa fiigee ittiin dhaqqabuudhaaf, kallattii barbaadetti naannessee ittiin himuudhaaf waan leenji’aa taheef jechuudha. Akaakuun fardaa kun gaafa gugsii fardeenii, gaafa fardaan himii sirna awwaalchaa, gaafa lolatti ittiin bobba’aniitti ittiin tajaajilamu malee namoota dhukkubsatan, dubartoota umuriin isaanii sokke yookaan dulloomaniif hinoolchani. Sababnisaa farad dadhabaa yookaan daagii taha jedhamee waan amanamuufiidha.

**Farda Baataa**: Akaakuun fardaa inni kunimmoo farda waan adda addaa itti fe’achuudhaaf tajaajiluudha. Midhaan mana baabura midhaanii geessanii kan ittiin daaksifatan akaakuu fardaa isa kanaadha. Akaakuun fardaaa inni kun kan hedduu fiigicha hin dandeenye, kan garaan gadi guddate, kan suuta deemuu jaalatu, yoo hedduu garafan malee daddafee achi kan nama jalaa hinsiiqneedha. Dhukkubsataafi namni dadhabaanillee akaakuu fardaa kanaan mana yaalaafi bakka adda addaa ittiin adeemu. Sababnisaa akaakuun fardaa inni kun wareeree yookaan dammaqeellee kan nama hin kuffifne waan taheef gadi dhiisanii duuba deemanii oofuun.Akaakuu fardaa isa kanaan hin himamu.Sababnisaa gara itti deemi jedhanitti ariitii barbaachiseen waan hindeemneefi.

**Farda Qalaamaa:** Fardi qalaamaan kan saalaan dhaltuu taateefi hormaataaf tajaajiltuudha.Yeroo isheen rimaa hintaanetti fe'iisaafillee kan tajaajiltuudha. Akaakuu fardaa kana yeroo fardaan himiitti dhimma itti hinbahani. Sababnisaa akka fardeen kaanii dandeessee hinfiigdu, kallattii barbaadametti ariitii barbaadameen tole jettee waan hindeemneef hintajaajilamani. Yeroo hedduu fardi kun yaabbiidhaaf hintajaajiltu. Darbee darbee garuu akkuma farad baataa kanaa namoota dhukkubsataniifi dulloomaniif tajaajila nikenniti.Suuta jettee waan deemtuuf jechuudha.Kunuu, yeroo rimaatti tajaajila homaatuu hinkennitu.

**Farda Cidhoo**: Fardi cidhoon akaakuu fardaa keessaa isa tokko. Saalaan fardi cidhoon kormaa tahee umuriidhaan xiqqaa kan tahe, kan hinkolaafamiin jiru, kan garmaamaaf hinleenjineedha. Fardi cidhoon fardaan himii sirna awwaalchaarratti hintajaajiltu. Sababnisaa waan hinleenjineefi kallattii barbaadametti waan hindeemneefi.Fardi kun yeroo baay'ee gaanaaf deemti, yeroodhaanhingaltu. Akaakuun farad kanaa yaabbiidhaafis fe'iisaafis kan hintajaajilleedha. Odeeffannoo kana maamiltoota qorataa kanneen taha Dar.Tasfaayee Kabbadaa, Dar.Eebbisaa Baqalaafi Dar. Alamuu Raagaa kanneen jedhaman gaafa 15/9/2011'ganda Muxxee Roobiitti iddoo sirni awwaalchaa gaggeeffametti jirutti guyyaa keessaa sa'aatii 7:30-8:40 maree gareetiin odeeffannoo kennaniin qindaa'e.

### 4.4. Ilaalcha Hawaasni Oromoo Meettaa Fardaaf Qabu

Uummanni Oromoo Meettaa akkuma saba Oromoo kamiiyyuu fardasaa ni jaalata, ni kunuunsa, nisoora, ni obaasa, akka ijoolleesaatti ilaala, iddoo bultii isaallee akka roobni hin tuqnetti mijeesseefii bulcha. Hawaasichi yemmuu fardi dafqetti laga buusee fardasaa bishaaniin qaamasaadhiqa. Hamaan kamiyyuu akka fardasaa argatuuf hineeyyamu. Okaa haamee nyaachisa, gabuu, shamaamee, kanbiroos yoo ofii manaa hinqabu tahe biteellee nyaachisa. Odeeffannoo kana akka maamilli qorataa Obbo Caalaa Badhaadhaa gaafa guyyaa 22/8/2011 guyyaa keessaa sa'aatii 8:00-9:00'tti magaalaa Shinoo iddoo sirniawwaalchaa gaggeeffamutti kan kennaniidha.

### 4.4.1. Meeshaalee Fardaafi Nama Fardaan Himuu

Fardi gaafa sirna awwaalchaarratti ittiin himan, meeshaalee ittiin faayamee dhiyaatutu jira. Fardi meeshaa isaatiin miidhaga. Farda malees, abbaan fardaa meeshaa uffatuufi qabatu qaba. Kunneenis akkaataa armaan gadiitti dhiyaata.Innis:

#### 4.4.1.1. Meeshaalee Fardaa

Akkaataa odeef kennitootni Obbo Fayyisaa Fiixaa, Dargaggoo Kennaa Dagguufi Aadde Dammaqechi Mul'ataa gaafaguyyaa 24/6/2011 Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobiitti ganama keessaa sa'aatii 3:00-6:00'tti odeeffannoo isaanii dhimma mi'a fardaa ilaallaturratti kennan akkas jechuudhaani. Kunis: miini yookaan meeshaaleen fardaa hedduu murteessaadha.Akkaataa hawaasani Oromoo Meettaa amanutti, fardi mi'a isaa malee, miini fardaa farada malee hinmiidhagu. Meeshaalee fardaa kanammoo akkaataa armaan gadiitiin kaa'anii jiru. Kana malees,qorataan odeef- kennaa Obbo Tuujubaa Guutaa irraa gaafa 9/7/2011 iddoo sirna awwaalchaa mana amantaa Mikaa'elaa kan gana Baakaa keessatti argamurratti guyyaa keessaa sa'aatii 6:00-7:00'tti odeeffannoo sassaabameedha

**Fuuloo**: Fuuloon akaakuu mi'a fardaa keessaa isa tokko kan ta'eefi akkuma maqaa isaarraa hubachuun danda'amutti fuula fardaarratti waan godhamuuf kanarraa ka'ee maqaan isaa fuuloo jedhame. Fuuloon kun, gogaarraa kan hojjetamu tahee, akkaataa salphaa taheen farda gara barbaachisaa tahetti oofuudhaafi qajeelchuudhaaf kan tajaajiluudha. Kunis, fuulaafi mataa fardaa walitti kan qabateedha. Meeshaan fardaa kun bareedina fardaallee ni dabala jedhamee amanama.

**Luugama:** Luugamni sibiilarraa kan hojjetamu tahee, farad to'achuudhaaf, kallattii barbaadanitti oofuudhaaf, ariitii fardichaa to'achuudhaaf meeshaa hedduu murteessoo taheedha. Luugamni kun afaan fardaa keessa galee bitaafi mirgaan foo'aa furdaa kan gogaarraa yookaan pilaastika saphaatti cituu hindandeenyeen foo'amee qophaa'eengaamaa fardaarra naannawee kan qabatuudha.Inni afaan keessa galu kun akka fardi alanfatee hinciccirreef akka sibiila tahu tahe. Ammas, luugama sibiilaa kanatti karaa bitaafi mirgaa hidhamuudhaan luugamicha akka fardarraa gadi hinbuuneef gara mataatti gurra fardaa duubaan kan ol hidhu nijira. Kunis, kan fuuloo fakkaatuufi teepha irraa hojjetamuudha.

**Harkisaa:** Mi'a fardaa keessaa harkisaan isa tokko. Harkisaan kunis, mormafardaarratti kan hidhamu tahee teepha yookaan wadaroo furdaafi cituu hindandeenye irraa hojjetamuu ni danda'a. Harkisaan kun yeroo abbaan fardaa fardasaarraa bu'ee lafoo deemu harkisaa kana qabatee gara fuula duraatti waan harkisuuf maqaan isaallee kanumarraa akka madde odeef kennitootni ragaa ni bahu. Harkisaan kun, yemmuu abbaan fardaa fardasaarraa fagaatee deemuu barbaade, harkisaa kana garaa jala baasee miilla duubaatti hidhee biraa deema. Kunimmoo fardichi ol jedhee fagaatee akka hindeemneef isa gargaara. Yoo akkanatti hidhame naannoo itti hidhame sana naannawee dheeda malee fagaatee hin adeemu.Yeroo baay'ee fiixee harkisaa kanaatti muka gabaabduu ishii tolchanii itti hidhu.Farda sana yeroo harkisan muka sana qabanii harkisu waan taheef,hedduu tajaajilti.

**Maataba:** Meeshaa fardaa keessaa maatabni isa tokko tahee teephaafi fooyaa jabina qaburraa kan hojjetamuudha. Kunis, kuula halluu addaa garaa qabuun bareedee mataa fardaa karaa gurra duubaan gadi bu'ee hanga morma jalaatti kan fulla'uudha. Fardi maataba kana yemmuu godhatee adeemu hedduu bareeda.Mataan fardaa akkuma socho'uun kuulli kunis sosocho'a waan taheef.

**Kooraa:** Kooraan mi'a fardaa keessaakan hedduu barbaachisaa ta'eefi murteessaa taheedha. Idoon tajaajilasaatiis gugda fardaarra tahee, akkaataa abbaan faradaa irra taa'uuf kan mijateedha. Kooraan kunis, meeshaalee kanneen akka mukaa, teephaa, foo'aa, gogaa yookaan kal'eefaa irraa hojjetamee kan mijaa'uudha.kooraan kun wayita hojjetamutti, akkaataa dugda fardaattiifi gaangootti tahuutti bitaafi mirgaan golboobee hojjetama.Inni golboobee hojjetame kunis, akka irraan abbaa fardaa, jalaan farda yookaan gaangoo hinquuqneetti irraafi jalaan kal'ee hoolaa yookaan re'ee rifeesa ofirraa qabuun itti naannawee hodhama. Kooraan akka abbaa fardaayookaan namayaabbatu sana hinkuffifneef, gama fuula duraatiin mataa kooraa, gama duubaatiin duuba kooraa, karaa bitaafi mirgaan faanaan itti godhamanii hojjetamu. Kanaan alattis, akka kooraan kun fardatti hinnaannofneef teephni kallattii adda addaatiin dhufee itti hidhamu nijira. Kana simachuudhaaf teephni kallattii adda addaatiin itti rarra'u nijira.

**Qomoo:** Qomoonis mi'a fardaa keessaa tokko kan taheefi qoma fardaarratti kan hidhamuudha. Tajaajilli isaatiis, akka kooraan fardarraa gara duubaatti hindeebineefcimsee kan qabuudha. Qomoon kunis kan inni irraa hojjetamu, teepha, funyoo jabaataafi cituu

hindandeenyerraa hojjetama. Kunis, halluu adda addaatiin kan miidhagee hojjetamuudha. Yeroo hojjetamu kanattis, akkaataa kuula furdaa seensisuu danda'uun dameen adda addaa bitaafi mirgaan itti bahee qophaa'a Yemmuu kuula halluu garaa garaa qabu itti dabalanii qopheessan bareedina fardaallee baay'ee dabala—namoota ilaalanis hedduu hawwata.

**Uddeellaa:** Uddeellaani qaama mi'a fardaa keessaa tokko kan taheedha. Kan inni irraa hojjetamu teepha yookaan funyoo halluu adda addaatiin miidhagfamee hojjetama. Uddeellaan kooraa duubatti kan argamuufi kooraan gara fuula duraatti akka hindeemneef hedduu kan tajaajiluudha. Uddeellaan duubaan eegee fardaatti qabsiifamee bitaafi mirga lamaaniin kan argamuufi akkaataa kuulli itti hidhamuu danda'utti caaccuulee gadi rarra'an bitaafi mirgaan qaba. Caaccuuleen kunneen immoo, dheerinaan wal- caala. Dheeraatti aanee gabaabaa, gabaabaatti aanee dheeraa tahee hojjetama.

**Garajalee:** Gara-jaleenis, mi'a fardaa keessaa isa tokko. Kan irraa hojjetamus, teepharraa hojjetama. Kunis, akkuma maqaasaarraa hubachuun danda'amuutti, garaa fardaa jala naannawee kooraa gara fardaatti gadi hidhee qaba. Kunimmoo kooraan akka hingaragalleef hedduu gargaara.

**Faanaa:** Faanaan akkafaana miilanamaa seensisuu danda'utti jalaan sibiila, sibiilarraa ka'ee hanga kooraatti immoo teephaan kooraatti hidhamee hojjetama. Dheerinni isaa hanga dheerina miila abbaa fardaatiin safaramee hojjetama.

**Gilaashii:** Gilaashiin uffata miidhagaafi bareedaarraa hojjetama. Faayidaan isaas kooraan akka teessuma yookaan hudduu nama farda yaabbatuu hinquuqneef yaadamee kan hojjetamuudha. Gilaashiin kun fuulduraafi duubaan uraan itti hojjetamee hafaafi. Karaa uraa hafeefii kana kooraatti gadi maxxanee irra taa'ama. Gilaashiin uffata baaqqeerraa osoo hintaanee uffara dachaa hedduurraa qophaa'a. Kunis, akka nama farda yaabbatu sana hinquuqneef hedduu tajaajila.

**Baladii:** Baladiin gilaashiirratti asii gadi kan uwwifamu ta'ee kan hedduu bareedu. Kunis, uffata haphii yookaan gogaa waanniifaa baddaarraan uwwisanii kan itti tajaajilamaniidha. Baladiin kun, halluu garaa garaa waan qabuuf hedduu nama hawwata.

**Qarbaa:** Qarbaan sibiilarraa kan hojjetamu ta'ee, meeshaalee fardaa garagaraa wal qabsiisuudhaan fardarratti hidhuuf kan fayyaduudha. Kunis kooraafi wuddeellaa, kooraafi gara jalee, kooraafi qomoo akkasumas fuulooniifi luugamni akka fardarraa hinbuune fardarratti hidhuuf kan gargaaruudha.

**Birrii Bisii:** Birrii bisiin akkaataa qabeenya abbaa fardaarratti hundaa'ee kan hojjetamuudha. Kunis, fuuloo, qomoofi uddeellaarratti hodhamee bareedina mi'a fardaatiif hedduu kan tajaajiluudha. Mi'oota kanneenirratti kan hodhamus, akkaatuma qabeenya abbaatti taha. Kunis, sibiilarraa, birriirraa, naasiirraa, meetiirraafi warqeerraa hojjetamuu ni danda'a.

**Kuula:** Kuulli kun warshaa keessatti akkaataa halluu addaa garaa qabaachuu danda'utti qophaa'ee yemmuu dhiyaatu, isaan keessaa halluunama hawwatuufi miidhagaa tahe filachuudhaan wal-keessa yookaan halluu bifa garaa garaa qabu fayyadamuudhaan qophaa'a. Kuulli kun, fuula duraan meeshaalee kanneen akka maatabaafi qomoorratti yemmuu hidhamu, duubaan immoo uddeellaatti hidhamee qophaa'a.

Suuraa kudha lama: Suuraa meeshaa fardeen ittiin himanii ykn maqaa meeshaalee sanaa yeroo qorataan ode-kennaa gaafatu agarsiisu.



**4.4.1.2. MeeshaaleeNamni Fardaan Himu Uffatuufi Qabatu**

Abbaan fardaa akkuma fardasaa kunuunsatuufi meeshaalee addaa garaa kanneen aadaa bitee babbareechatu, ofii isaas waan uffatee himuufi qabatee himu qopheeffatee ittiin

miidhagee argama.Meeshaalee kanneenis duraa duubaan yemmuu ilaallu akka armaan gadiitti.

**Kal'ee/Anfaarroo:** Anfaarroon meeshaa abbaan fardaa gaafa gaddaa, gaafa foollee, gaafa ayyaanota adda addaa godhatee yookaan uffatuudha. Anfaarroonkun yeroo gaddaattikan abbaan fardaa fardasaarra bahee miidhagee ittiin himuudha. Anfaarroon gogaa qeerransaa, gogaa leencaa, gogaa jaldeessaafi gogaa weenniifaarraa osoo rifeensi irraa hinquncahiin akkuma jirutti kanhojjetamuudha. Gogaan kun uumamaan halluu garaa garaatiin faayamee kan ofitti nama hawwatuudha. Anfaarroon kun gateettii abbaa fardaarraa ka'ee hanga mudhii gahuutti kan haguugeefi irra jigee bareeduudha.

**Daabee:** Daabeenmeeshaa abbaan fardaa godhatu yookaan kaa'atu keessaa isa tokko. Daabeen akkuma kal'ee gogaa qeerransaa, gogaa leencaa, gogaa jaldeessaafi gogaa weenniifaa irraa akkuma rifeensi irra jiruutti, tolfameekan abbaan fardaa mataatti godhatee ittiin himuudha. Daabeen kun yeroo abbaan fardaa sosocho'u kan irraa sosocho'uufi irraa dambali'u waan taheef abbaan fardaa yemmuu himu hedduu irraa miidhaga.Odeeffannoon kun gaafa guyyaa 13/5/2011 sirna awwaalchaa mana amantaa Gabreelii magaalaa Shinootti argamutti guyyaa keessaa sa'aatii 8:00-8:30 qorataaf af-gaaffiidhaan odeeffannoo kennameedha.

Suuraa Kudha sadii: Suuraayerooqorataan namakal'ee/anfaarroo, daabee, uleefi alangee qabatee himu qorataaf af-gaaffiidhaan odeeffannoo kennuagarsiisu.



**Gaalee/Wantaa/Gaachana:** Gaaleen meeshaa abbaan fardaa qabatee ittiin himu keessaa isa tokko ta'ee, mukkeen sasalphaarraa, gogaa hedduu jabaaturraa boca gombisaa eeleetti ta'uu fakkaatee kan hojjetamuudha. Abbaan fardaa karaa golbooba isaa ofitti aansee keessaan qabannaa hojjetameef qabatee ittiin hima.Gaaleen kun hawaasa Oromoo biratti fudhatama guddaa kan qabuudha. Kunis yeroo lolaa abbaan fardaa fardasaarra taa'ee uleefi waraana garasaatti darbatamu hundaa kan ittiin ofirraa qolatuudha. Gaaleen lola kamiyyuu keessatti lubbuu namaa waan oolchuuf, abbaan gaalee gaaleesaa akka ilma isaatti ilaala—akkaataa gaariidhaan olkaa'as. Sirna awwaalchaarrattillee abbaan fardaa meeshaa kana qabatee nama boqote kanaaf hima. Abbaan fardaa yemmuu qabatee ittiin himuuf gootummaa nama boqote kanaallee ittiin calaqqisiisuudhaaf akka ta'e odeef kennaan Eebbisaa Baqqalaa gaafa guyyaa 13/5/2011 ganama keessaa sa'aatii 6:30-8:00'tti iddoo sirni awwaalchaa gaggeeffamaa jiru mana amantaa Gabreelii kan magaalaa Shinoo keessatti argamu kanarratti qorataa waliin taasifamerratti ibsanii jiru.

**Ulee:** Uleen meeshaa abbaan fardaa qabatee ittiin himu keessaa isa kan biraati. Uleen namni fardaan himu qabatee ittiin himu kun ulee hinulfaanne, salphaatti dabuufi salphaatti cabuu hindandeenye tahee arooressa, ceekaa, shimala, baargamoofi kanneen biroorraallee hojjetamuu kan danda'uudha. Uleen abbaan fardaa qabatee ittiin himu kun tilmaamaan naannoo meetira lamaa dheeratee hojjetamus, namoonni hojjaa gaggabaaboo qaban akkaataa hojjaa isaaniitti gabaabsanii mursiifatanii qabatu. Ulee kana moora, zayita, dhadhaafi dibata adda addaa dibanii akka aarri argatuufi cululuquuf baaxii manaa keessa kaa'anii diimessu. Uleen dibata quufee diimate kun yemmuu qabatanii ittiin himan hedduu waan cululuquuf nama hawwata.Abbaan fardaa yemmuu fardasaatiin himu ulee kana ol-qabee mirmirsuudhaan garmaamee ittiin hima. Namoonni fardeeniin baay'atanii yemmuu himan naannawanii qilleensarratti uleesaanii waliin reebu. Kun yemmuu gadda cimaafi mararfannaa cimaa keessa yemmuu galaniidha.

Suuraa Kudha afur: Suuraa qorataan nama gaaleefi ulee qabatee himurraa af-gaaffiidhaan odeeffannoo fudhatu agarsiisu.



**Alangee:** Meeshaa namni fardaan himu qabatee ittiin himu keessaa inni tokko alangeedha. Alangeen ariitii fardaa dabaluudhaaf, yemmuu fardi kallattii gadidhiisee adeemu garafanii karaatti deebisuudhaaf hedduu tajaajila. Alangeen kun gogaa bineensota roobiifi arba jedhamanirraa, gogaa loonii irraa, sibiila qallaa kan bakka qabannaatti tajaajiluu danda'urraa hojjetamuu nidanda'a. Yoo gogaa roobiifi arbaarraa kan hojjetamu tahesibiila hinbarbaachisu. Yoo kan gogaa loonii jabaataarraa hojjetamu ta'e, iddoo harki namaa qabatutti sibiila tilmaamaan dheerinnisaa meetira 0.5 tahutti gogaa kana maranii irratti hodhu. Karaa duubaa akka fannifamuuf mijatuutti naannessanii teepha rarraatoof ta'u hojjetuufi. Karaa fuulduraa akkaataa sibiilicha cimsee qabachuu danda'uuf sirriitti erga itti hodhamee qallachaa hanga fiixeesaatti fulla'a. Qallachaa deemuunsaa yeroo fardi didee guulutti wayita garafanitti hedduu akka dhukkubsuuf yaaddameeti. Namni fardaan himu wayita himaa jirutti alangee kana iddoo qabannaa luugamaatti luugama waliin walitti qabata. Osuma himuu fardi yoo diduu kajeele achumaa luqqisee ittiin garafee yemmuu inni karaa qabatutti himuusaa itti fufa.

**Eeboo:** Eeboon meeshaa abbootiin fardeenii qabatanii qabatanii gaafa sirna awwaalchaa ittiin himan keessaa isa tokko. Eeboon kunis fuula duraan sibiilli bifa batteetiin bal'atee qaramee bitaafi mirgatti kan bal'tuufi qara qabuudha. Fuula duraan akka yemmuu waan tokko waraanuu kutee seenuu danda'uutti qallachaa adeemee fiixeen dhumaa hedduu qaramee kan hojjetamuudha. Dheetinni sibiila eeboo kanaa tilmaamaan hanga 0.5m dheeratee hojjetama. Sibiilli eeboo karaa boodaan uraan hafeefii akka waa itti seenuu

danda’uutti tolfama. Uraa kanaan shimala, arooressa, ceekaa, baargamoofi kanneen kana fakkaatantu dheerinni isaa tilmaamaan hanga meetira 2m gahuutti itti hojjetama. Fiixee dhumaatiin dheeboon kun jinfuu kan sibiilarraa maramee qophaa’etu itti seena. Jinfuun kun yemmuu eeboon kun darbatamu human akka itti kennuuf yaadamee kan itti hojjetameedha. Dheeboon waanti hamaan yoo dhufe waraananii ofirraa ittisuufillee ni tajaajila.

Suuraa Kudha shan: Suuraa nama eeboo qabatee himu agarsiisu.



**Qawwee**-Qawween meeshaalee namootni fardaan himan qabatan keessaa isa tokkoodha.Kunis, sibiilaafi mukarraa kan hojjetamu tahee loltuun biyyaa kan qabatanii ittiin biyya eeganiidha. Namootni fardaan himanis gootummaa nama jidduu isaaniitii dhabanii kana qawwee kana qabatanii ittiin garmaamanii himuuf.Yeroo hedduus qawwee kana nama boqote kanaaf nidhukaasu. Warri himaniifis qawwee kana gateettiitti baatanii asiifi achi naannawanii seenaa nama boqote kanaa himuufi. Qawween kun kan ammayyaafi boodatti hafaa jedhamee waamama. Yeroo baay’ee baadiyaatti namootni kan qabatanii ittiin hima isa boodatti hafaa kanaani.Kunis, rasaasa muraasa kan nyaatuufi tokko tokkoon kan dhuka’uudha. Akka isa ammayyaa wal-wajjin dhuka’ee keessaa hindhumu.

Suuraa Kudha jahaa: Suuraa namaqawwee qabatee himu agarsiisu.



**4.5. Akaakuu Faaruu Fardaan Himii Sirna Awwaalchaa**

Sirnaawwaalchaarrattigootummaa, gaarummaa, arjummaa, gahumsa, dandeettii, jaalala, doqnumma soorummaa, hiyyummaa, hojiifi kanneen kana fakkaatan nama boqoteef himuudhaaf hawaasni Aanaa Meettaa Roobii faaruu addaa garaatti fayyadamee himaaf. Faaruun fardaan himii kun dubartoota hundaaf hinhimamu. Dubartootnis nama boqote tokkoof fardarra bahanii hinhimaniifi. Dubartoota hundaaf yoo himamuu baatullee, dubartoota hojii hunmaa dhiirota waliin hojjetaniif, dubartoota adda waraanaa turtee boqotteef, dubartii kophaa ishee abbaa warraa malee ijoolleesee barsiifattee guddifatteef, dubartoota bebbeekamoo tahaniif ni himama. Ragaa kanas odeef kennitoota kanneen akka Obbo Fayyisaa Fiixaa, Dargaggoo Kennaa Dagguufi Aadde Dammaqechi Mul’ataa Gaafa guyyaa 24/6/2011 ganama keessaa sa’aatii 3:00-6:00’tti Waajjira Aadaafii Tuuriizimii Aanaa Meettaaa Roobiitti gaaffiifi deebii qorataa waliin gaggeessaniin odeeffannoo dhimma akaakuu faaruurratti hundaa’uudhaan gaafatamaniif odeeffannoo bal’aa kanaa gadii kennaniiru.

Suuraa kudha torba: Suuraaqorataan maree garee ogeessota waajjiraa waliin taasifame agarsiisu.



#### 4.5.1. Faaruu Fardaan Himii Gootummaa Irratti Hundaa'ee Himamu

Gootummaan nama tokkoo kallattii hedduudhaan himamaafi. Gootummaan nama tokkoo kan namni adda waraanaa turee, diina biyyarraa deebisuurratti hirmaate, bineensota addaa garaa kan namootni hedduu sodaataniifi humnaafi onnee qaban kan salphaatti nama miidhuu danda'an ajjeesee mallattoo kan qabatee gale,misoomarratti hirmaatee hojii ajaa'ibsiisaa kan hojjeteef, baratee barnootasaatiin dandeettii isaa kan mul'iseefi kanneen kana fakkaataniin gootummaan namaa himamaafi. Kanas duraa duubaan yoo ilaalle akka gadiitti ta'a.

##### 4.5.1.1. Faaruu Fardaan Himii yemmuu Nama Duulee Galee Manatti Boqoteef Himamu

Faaruun fardaan himii nama yeroo human qabu, yeroo dargaggummaafi gaheessummaa isaatti diina biyya jeequudhaaf waraana banerratti adda durummaadhaan kan hirmaachaa ture, kan of hinqusanne, kan biyyarraa diina deebisaa ture tahuu isaa ibsuudhaaf yookaan dhageessisuudhaaf kan dhimma itti bahamuudha. Kunis, gootummaa namni har'a boqote kun yeroo sanatti argisiisaa ture warra hinbeekne beeksisuudhaaf, warra beekan yaadachiisuudhaaf kan raawwatuudha.

**Fakkeenya faaruu 1**

Eechaan dhaqxu goota keenya?
Abaluu koo!
Eechaan dhaqxu goota biyyi beeku?
Goota gootummaan beekamu
Dhiira diina fiigee qabu
Goota gootni dhalche
Kutataa homaa hinsodaanne
Leenca koo!
Goota alaamee tokkosu
Tokkosnaan lafa hinbuusu
Abaluu biyyi beeku
Abaluu koo!
Goota ija barbadaa
Dhaqi jennaan dhaquu beeka
Gali jennaan galuu beeka
Qeerransa koo!
Abaluun mudaa hinqabu
Goota homtinuu irraa hinfokkisne

Goota lolee moo'uutti beeku
Abaluu gaafa Shiraaroo
Abaluu gaafa Soomaalee
Abaluu gaafa Maqalee
Abaluu gaafa Baadimmee
Harangamaa abaluu!
Abaluu diina ijibbaachise
Abaluu, moo'amee hin beekne
Goota giddiif ciise
Harangamaa abaluu!
Goota mudhiin sinnaaraa
Egaa maal siif goona?
Har'an nagaa siif dhaama
Jabaa jabaan qabate
Qabeenyaa qabu dhiisee
Har'a marmaratee ciise
Seenaan kee hundaa boochise
Saaxiniin qulfiidhaa
Kan kee dubbiin qurxiidha

Ergaa walaloo kanaatiin gootummaa isaatiin kan namni hundi beeku, waan tokko raawwachuudhaaf sodaa kamiituu kan hinqabne, tokkosuutti kan beeku, gootummaa isaarraa kan ka'e kan du'a hin sodaanne, kallattii kamiinuu gochaan inni dalagu kan irraa hinfokkisne, akka inni nama abboomamu tahe, nama nama dhagayu, kan hidhannoon irraa miidhagu, nama yoo namni gorse waan gorfame raawwatu, kan eenyuufuu gadi hinjenne yoo tolaa malee, gaafa xiiqii kan nama biraa hinhafne, nama seenaa laphee namaa keessatti hambise, garuu gaafa giddii kan gadi jedhe yookaan kan dadhabe tahuu isaa ibsuudhaaf kan dhimma itti bahamaniidha.

**4.5.1.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Nama Duulee Achitti Boqoteef Himamu.**

Faaruun fardaan himii inni kun,namni guyyaa sana sirni awwaalchaasaa raawwatmu kun hanga gaafa lubbuu isaa dhabuutti biyyaaf kan of wareege,kan of kenne,kan biyyarra lubbuu isaa hin mararsiifanne,waraana daran bobahu keessa kan dhaabatu,biyyi baduurra ani baduu wayya jedhee fuula dura kan dhaabatu tahuu isaa ibsuuf kan itti tajaajilamaniidha.

**Fakkeenya faaruu 2**

Abaluu koo!
Goota biyyaaf duule
Harangamaa abaluu
Kan abiddarraa hindeebine
Goota matarayyeesii hinsodaanne
Goota taankii dura dhaabatu
Qeerransa koo!
Leenca biyyaaf lubbuusaa kenne
Abaluu xinnaa guddaan leellisu
Imbitenyaa koo!
Goota dhaqaaf malee galaaf hinboonye
Leenca koo!
Goota gootni dhalche
Dhiira diina ijibbaachise
Goota du'atti deemu
Tokkicha amma dhibbaa
Gaafa madfiin bookkise
Leenca lubbuun hinmararre
Abluu koo!
Yaa maatii koo hinjenne
Yaa qabeenya koo hinjenne
Yaa fira koo hinjenne
Dhaqee abidda seene
Goota bahee gala wallaale
Goota osoo eegnuu dhabne

Faaruu armaan olii kanneeniin, namni boqote kun hedduu biyya mararsiifachuu isaarraan kan ka'e, lubbuu isaa kan bakka bu'uu hin dandeenye kana dabarsee biyyaa kennuu isaa warra hinbeekne beeksisuuf kan faarfamuudha. Sababa jaalala biyyaa qabuuf, meeshaa kamuu fuuldura dhaabatee kan waraanu, itti qajeellaan kan irraa hindeebine, kan maatii isaa biyyarra hin mararsiifanne, qophaa isaa diinota hedduu kan deebisu, gootummaadhaan kan bakka buusa hinqabne, lolee moo'uu malee moo'amuu kan hinbeekne, kan osoo arguu abidda seene tahuusaa, kan bahee achumaan hafe tahuu isaa himuufi.

### 4.5.1.3. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Ajjeesaan Bineensaa Boqote Himamuuf

Faaruu yemmuu hinboqotiiniin duraatti, bineensa kanneen akka leencaa, qeerransaa, gafarsaa, arba, yeeyyiifaa yoo ajjeesee mallattoodhaaf faacha yookaan eegee isaa fidee hawaasichatti argisiiseera tahe, kan ittiin himamuufiidha.

**Fakkeenya faaruu 3**

Eechaan dhaqxu?
Abaluu abaluu
Abaluu koo! Kuni siif hinmalle
Goota leencarraa hindeebine
Goota qeerransarraa hindeebine
Harangamaa abaluu!
Dhiira dhiirri dhalche
Kan gafarsarraa galche
Qeerransa koo!
Marmaaraa bosona keessaa
Hordofaa faana bineensaa
Leenca koo!
Korma daggalatti galu
Kan bineensa adamsee qalu
Kan nyaannisaa foonii
Ilma abaluun dhalche
Leenca koo!
Goota faachaan galu
Goota koo!
Goota mudhiin zinnaaraa
Nama amma maqaa gahu
Qoricha leenca daggalaa
Qeerransa koo!
Abbaa minishirii gabaabduu
Kan alaamee lafa hinbuufne
Leenca leenca lafaan dhahu
Marmaaraa daggala cillimoo
Dhiira qoonqoof hinbadadne
Goota koo!
Goota harka duwwaa hingalle
Duroo gadi hinjettuu
Har'a maaluma taate
Mee ka'ii cidhakee ilaali
Duroo hinobsituu
Har'a akkamiin obsite?
Maaloo takkaa owwaadhu
Kun daandii sirrii miti
Maaliif kana filatte?
Maarraxaa koo!
Goota hiriyyaan eeggatu
Dhiira mukarra bulu

Faaruu kana keessatti immoo, gootummaa namni boqote gama bineensa ajjeesuu keessatti qabu, akka bineensa namni kaan ajjeesuu hindandeenye adamsee ajjeesuu isaatiin,iddoon

oolmaasaafi bultiisaa bosonaafi daggala keessa tahuu isaa, nama gara kuteessa tahuusaa, yoo manaa bahe harka duwwaa deebi'ee kan hingalle tahuusaa, kan qabannaansaa minishirii tahe tahuu isaa, nama gootummaaf jedhee mukarra bulee waan manaa baheef dhimma baasu tahuu isaa, homaa tokkollee sodaachuu dhabuu isaa, nama karaa bineensi darbe faana dhawee biraa hinhafne tahuu isaa, nama qoonqoofi lubbuudhaaf hinbadadne tahuu isaa, osoo gootummaadhaan beekamuu har'a immoo filannoo sirrii akka hinfilanne, hiriyyoota,firoottansaa,maatiisaatiin gar-gar bahuun isaa sirrii akka hin taane himuufi.

#### 4.5.1.4. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Nama Bineensa Ajjeesuuf Manaa Bahee Bineensi Ajjeeseef Himamu

Faaruun inni kun kan namni boqote kun bineensa ajjeesuudhaaf manaa bahee,tooftaa dhokannaa wallaaluu isaatiin,gootummaasaatiif kallattiidhumaan bineensatti bahee kan bineensa waliin wallaansoo wal-qabee garuu lubbuun isaa bade.Inni kun,bineensa ajjeesuudhaaf karoorsee yookaan ajjeesaa jedhamuudhaaf karoorfatee kan bahe,waan horii yookaan nama jalaa nyaateef aaree ajjeesuudhaaf yaalee kan bineensaan nyaatamefaa haammata.

**Fakkeenya faaruu 4**

Eechaan dhaqxu?
Abaluu abaluudhaa
Leenca leencarraa hingorre
Qeerransa qeerransarraa hingorre
Dhiira gafarsarraa hingorre
Goota akka abbaasaa
Abaluu koo!
Dhiira bahee gala wallaale
Goota leenca wallaansoo qabu
Goota gafarsa yaabee qalu
Qeerransa qeerransaan falmu
Goota gootummaaf du'u
Dhiira bineensa yaabee irraan bu'u
Leenca koo!
Goota gootummaaf darbe
Hinsarmuu koo!
Goota giddiin ciibse
Kutataa koo!
Goota itti cite hafe
Goota irraa hindeebine

Abaluu qabee gadi hindhiisne
Leenca lubbuun hinmararre
Goota bahee daggalatti hafe
Goota giddiin gadi qabe
Goota daggalatti hafe
Goota marmaratee ciise

Faaruun inni kun, dhiirummaa namni har'a sirni awwaalasaa raawwate kun qabu ykn gootummaa inni osoo lubbuudhaan jiruu qabaataa ture, namni boqote kun bineensa wallaansoo qabuurrattiifi sodaa tokko malee fuulaafi fuulatti kan bineensa nama nyaatutti bahee gootummaasaa argisiise tahuu, addaa addatti kan bineensatti sodaa malee deemu tahuun isaa, goota waan manaa baheef dhiisee hindeebine tahuu isaa, takkaa dhaqnaan ykn itti qajeellaan kan irraa hin deebine tahuu isaa, nama lubbuun isaa gootummaarratti darbe tahuu isaa,kan himamuufiidha.

### 4.5.2. Faaruu Fardaan Himii Qabeenyarratti Hundaa'ee Himamu

#### 4.5.2.1. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Hiyyeessi Boqote Himamuuf

**Fakkeenya faaruu 5**

Eechaan dhaqxu ilma abaluu abaluudhaa?
Abaluu bakka hundatti ergatan
Kan tolee malee lakkiin afaansaatii hinbaane
Abaluun halkanii guyyaa xaara,
Garuu, gaaftokko nyaatee hinboqonne
Abaluu qooqaa waa hinqabne
Marmaaraa koo
Abaluun har'a hinduune
Abaluun dura dhaabiitti du'e
Kutataa koo!
Ayii! yaa seenaa kee.
Abaluu jireenyasaatti hinboqonne
Gubataa koo!
Dhugaa qabda
Sitti baay'ate
Sii gamte
Abaluu rakkin jalaa dheesse
Abaluu rakkinaan guddate
Mufataa koo!
Abaluu deegni ijibbaachiste
Dhugaa qaba abaluun,
Rakkinatu irratti walfure

Faaruun kun namni boqote kun hiyyeessa waan taheef, bakkuma ergatan hundumaatti kan namaaf ergamaa oolu tahuu isaa, gaafa tokkollee akka namaatti quufee nyaatee osoo hinbashannaniin darbuu isaa, nama deegni, harkaa dhabuun, qullaa tahuun, rakkinniifi dhiphinni irratti walfuranii obsa dhoowwan tahuu isaa, rakkatee guddatee hanga ammaallee hanga lubbuun isaa darbituutti kanuma keessa jiraachaa turuu isaa, har’a rakkina itti guddate sana moo’achuu dadhabee jalaa akka inni baqateetti, obbaafachuunsaa har’a osoo hintaanee dur dhaabiitti akka inni jireenya namummaa keessaa akka inni bahe, dhugaa qabaachuusaas raga bahuufi. Kun immoo rakkina amma kanaa keessatti firri, ollaan namni isa beekuufi hinbeekne homaa hingooneef jedhanii ittiin himuufi.

### 4.5.2.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Sooressi Boqote Himamuuf

**Fakkeenya faaruu 6**

Abaluu koo!
Kun siif hinmalle
Eechaan dhaqxu abaluu abaluudhaa?
Yaa biyyaa!
Eechaan dhaqxu abaluu abaluudhaa?
Maaltu hir’atee jennaa nu gante?
Abaluu maree diige
Abaluu waadaa nyaate
Abaluu koo!
Abbaa hiyyeessotaa
Abbaa dilbii
Dhirsa koo!
Abaluu rakkina namaa hinjaalanne
Abaluu gaafa rakkinaa itti baqatan
Abbaa saawwanii
Abbaa daamaa
Abbaa daalee
Sooressa koo!
Abaluu koo!
Kan waan qabu namaaf hinqusanne
Kan kara deemaa obaasu
Gaaddisa koo!
Gaaddisa Meettaa!
Baacaa koo!
Abaluu garaa nama hindhokfanne
Abbaa coomaa
Abaluu hamma maqaa gahu
Leenca biyyi leellisu

Abaluu beela'aa beeluu baasu
Kan dheebotaa obaasu
Sooressa soorummaan beekame
Abaluu damma namaa muru
Abbaa qe'ee guutuu
Abbaa sireen warqee
Abbaa birriin akka cirrachaa
Abaluu abbaa firaa

Faaruu kana keessatti hiyyeessotaaf dhaabachuu nama boqote kanaa, nama rakkina nama oolchu tahuu isaa, garaa itti rakkataaatti garaa jabaatu akka hinqabne tahuu isaa, kana namni hunduu dhaqee biraa oolu, kan qoonqoo namaatti hinsassatne, kan cooma murr nama nyaachisu tahuu isaa, nama garaasaa namatti himatu tahuu isaa, inniifi maqaan isaa kan walgitu tahuu isaa,  nama hunduu manasaa guutee jiru tahuu isaa, arjummaa inni qabu,soorummaan isaa kan beekame tahuu isaa, qe'ee isaatii wanti dhabame tokkollee akka hinjirre, kan ciisicha bareedu ykn siree warqeerra akka inni ciisu, nama horiin qe'ee guutee jiru tahuu isaa, nama qanaateetti guddate tahuu isaa, qarshiin isaa kan lakkoofsa hinqabne tahuusaa, jaalala firaa qabaachuusaa ittiin himuufi.

### 4.5.3. Faaruu Fardaan Himii Barnootarratti Hundaa'ee Himamu

#### 4.5.3.1. Faaruu Fardaan Himii Nama Osoo Barnootarra Jiruu Boqoteef Himamu.

**Fakkeenya faaruu 7**

Abaluu koo!
Guddattuu koo!
Abaluun, gubaarraa gubaatti darbe
Naaf darba jedhee qooqasaa maratee
Korma dhiiraa!
Kutataa koo!
Maaliif karaarraa gorte?
Gurbaa hiyiyyaan beeku
Qacalee barataa beeku
Qacalee barsiisaan beeku
Korma koo!
Maal sitti balleessine?
Maaf garaa nu dhokfatte?
Dabtara kee maaf gate?
Maree akkasii qabnaa?
Gurbaa biyyi eeggatu
Qacalee firri eeggatu

Kibiriitii koo!
Kan dubbannaan dubbiin irraa bareedu
Abaluu sanyii abaluu
Maaf garaa nudhokfatte?
Gaanfuree koo!
Kan hundatti beeku
Mana barumsaa dhiistee eessa dhaqxa?
Hiriyyootni kee sigaafatu
Barsiisotni kee si gaafatu

Faaruu kana keessatti, namni lubbuun isaa darbe kun naaf darba jedhee qorratti gubatee qo'achaa turuu isaa, aduutti guggubatee barnootaaf oliifi gadi fiigaa turuusaa, beelatti guggubatee qooqasaa maratee boru naaf darba jedhee obsaa akka inni tureefi guyyoota gaggadhee hedduu akka inni dabarse, dheebuutti guggubatee abdiifi jireenya gaarii borii kalaallatee har'a gidiraa hedduu akka inni argaa ture, rakkina addaa garaatti jiraachaa turee osoo hindarbiiniif boqochuu isaa, kan namni hunduu beeku, nama dabtarasaattii gargar bahee hinbeekne tahuu isaa, jaalala hiriyyootasaaf akka inni qabu, barsiisotni isaallee ciminasaa raga akka isaan bahaniif,ciminasaa kan namni hundi ragaa bahuuf, tattaaffiifi kutannoo isaa ilaalee kan lammiin abdii irra kaa'atee eeggachaa ture tahuu, kan haasaa beeku tahuusaa, nama guddachuuf tattaafatu tahuu isaa, osoo hineegiin kan dhabame tahuu isaa himuufi.

#### 4.5.3.2. Faaruu Fardaan Himii Nama Barnoota Xumuree Osoo Hojiitti Hinbobba'iin Boqoteef Himamu.

**Fakkeenya faaruu 8**

Abaluu eechaan dhaqxu?
Abaluu abbaa digirii
Abaluu abbaa dippiloomaa
Abaluu qoricha barnootaa
Abaluu barnootaan beekani
Abaluu amalaan beekani
Abaluu nama gorsu
Qacalee gorsaan guddate
Maraataa koo!
Maaloo inariifattee
Ariifataa koo!
Xaartee nyaata wallaalte
Guggubattee bira hanqatte
Maaliif biddeena baqatte?
Namaafoo fala himtaa kan kee maaliif wallaalte?

Maaliif kana filatte?
Iddoo dhaqanii hingalle maaliif dhaqaxe?

Faaruun kun, namni boqote kun akka namaa baratee erga xumuree buddeen nyaachuu dhabuu isaa ibsuudhaaf, namni har'a lubbuudhaan addunyaa kanarraa darbe kun nidadhabe malee bu'aa dadhabbii isaa ijaan kan hinargineefi ittis hinboqonne tahuu isaa, boru jireenya gaariin jiraadha jedhee kan beela'aa, dheebochaa, dhiphachaa, rakkachaa, kan ture tahuu isaa, har'a imaanaa maatii,imaanaa biyyaa, imaanaa firaa dagachuusaa, yoo namni dogoggore kan nama gorse deebisu tahuu isaa, kaayyoo rakkachaa tureef wallaaluudhaan har'a sagalee dhokfatee deemuusaa, kan yoo gorsan tole jedhee namarraa fudhatu tahuu isaa, barnootarratti hedduu dhiphachuu isaa, dararamuu isaa, ifaajee nyaata wallaaluusaa himuufi.

#### 4.5.3.3. Faaruu Fardaan Himii Nama Barnoota Xumuree Hojii Eegalee Battala Boqoteef Himamu.

**Fakkeenya faaruu 9**

Abaluu koo!
Abaluu hojii bira gahee nyaata wallaale
Gurbaa homaattuu mudoo hinqabne
Gurbaa xinnaa guddaan leellisu
Abaluu waan hundatti beeku
Abaluu barumsatti beeku
Abaluu hojiitti beeku
Abaluu haasaatti beeku
Abaluu waa hundi irraa hinfokkisne
Abaluu dhama'ee nyaata wallaale
Shirri shirrii koo!
Goota gootni dhalche
Goota sanyii abaluu

Faaruu kana keessatti, namni boqote kun baroota hedduu baratee, hojii eegalee osoo dhamaatee isaa hinargatiin xiqqoo ishii argee dhabuu isaa, wanti guddaan osoo isa eeggatuu hanqatee karaatti hafuu isaa, akka nama buddeena afaan kaa'achuudhaaf fuudhee afaanii bu'eetti, nama yoo bakka haasaa dhaqe haasaan irraa hinfokkifne, yoo gara barnootaa dhaqe barnootni kan irraa hinfokkifne, yoo gara hojii dhaqe hojiin kan irraa hinfokkifne, gara dhaqe hundaatti kan milkaa'u, sanyii gootaa tahuu isaa, kan jaalala namootaa qabu, kan dandeettii gahaa qabu tahuu isaa himuufi

### 4.5.4. Faaruu Fardaan Himii Gaa'elarratti Hundaa'ee Himamu

Faaruun fardaan himii kun kanneen osoo hinfuudhiin boqotan, kan kaadhimmatanii osoo qophiirra jiranii boqotan, kan fuudhanii osoo mana bulchanii ijoollee isaaniirraa tasa boqotan irratti hundaa'ee akkaataa garaa garaatiin himama.

#### 4.5.4.1. Faaruu Fardaan Himii Nama Osoo Gaa'ela Hingodhatiin Boqoteef Himamu

Yemmuu namni yookaan dargaggeessi osoo gaa'ela hinuummatiin tasa miidhame,cidhi isaas sirni awwaalcha isaas guyyuma kana jedhamee waan amanamuuf, obbolaan dubaraa kan nama boqotee mudaayii yookaan leematii gaafa obboleessi fuudhu darbachuudhaaf qopheeffatan guyyaa sirna awwaalchaa kanatti gadi baasanii reeffa waliin deemanii leematicha reeffa fuula dura deemanii ol daddarbachaa yookaan ha'aa adeemu. Leematiin kun citaafi shutaarraa dhahamee naannoo qadaadaa gaditti kirriidhaan yookaan tubbaadhaan naannessanii boffee itti uumu. Boffee isaa sana wash wash gochaa booyaa adeemu.

**Fakkeenya faaruu 10**

Abaluu koo!
Abaluu kichuutti cabe
Abaluu koo!
Dhalchitee lafaa hinqabduu,
Maal kee laalleeti obsina?
Mucaa karaatti deebite
Jarjaraa koo!
Abaluu garaa namatti hinhimanne
Abaluu karaatti hafe
Maaliif garaa jabaatte?

Faaruun armaan olii kan inni ibsu, namni boqote kun osoo fuudhee fakkaattii isaa hingodhatiin karaatti citee hafuu isaa, garaa jabaatee darbuu isaa ittiin himuufi.

#### 4.5.4.2. Faaruu Fardaan Himii Nama Kaadhimmatee Tasa Boqoteef Himamu

Akaakuun faaruu isa kanaas kanuma akka osoo hinfuudhiin boqotee ta'us garaa garummaa xiqqoo niqabaata. Garaa garummaa kunis: innikun fuudhaaf guyyaa murachuu isaafi shamarree fuudhuuf ka'e adda baafatee adeemsarra jiraachuusaatu garaagara taasisa. Maatii isaafi maatiin mucayyoo osoo guyyaa gaa'ela isaanii hawwiidhaan eeganii kuni ta'uun isaa adda godha.

**Fakkeenya faaruu 11**

Abluu koo!
Mushurraa koo!
Kana jiduutti maaltu si hate?
Osoo gaa'elaaf si eegnuu,
Maaliif nu qaanessite?
Maaltu bade?
Kutataa koo!
Maaltu hir'ate?
Bareedaa koo!
Duroo garaa hinjabaattuu,
Har'a maaliif garaa jabaatte?
Ofilaallee koo!
Guyyaa cidha kee maaliif baqatta?
Atoo kana malattee,
nuufoo maaluma maltee?

Faaruun inni kun, namni boqote kun kaadhimmatee guyyaan gammachuusaa osoo eegamuu faallaa gammachuusaa tahuu, wanti hineeggamne tahuu isaa, fakkaataa abbaa yookaan haadhaa, hundumaa garaa dhokfachuu isaa, ofii malachuu isaa himuufi.

### 4.5.4.3. FaaruuFardaan Himii Nama Fuudhee Osoo Daa'ima Hingodhatiin Boqoteef Himamu.

**Fakkeenya faaruu 12**

Korma abaluu abaluudhaa!
Maaltu obsa si dhoowwe laata?
Maal kee ilaalla?
Mucayyoo mana keessee maaliif dheessita?
Jarjaraa koo!
Maaliif maree nudhoowwatte?
Maaliif garaa nu dhokfatte?
Maaltu garaa si hanqate laata?

Faaruu kanaan nama lubbuun isaa darbe kana dhala osoo hingodhatiin darbuusaa, nama itti siiqullee garaa dhokfachuusaa, rakkina namni hubachuufii hindandeenye tokko qabaachuusaa ittiin himuufi.

### 4.5.4.4. Faaruu Fardaan Himii Nama Fuudhee Daa'immansaarraa Boqoteef Himamu

**Fakkeenya faaruu 13**

Leenca koo!
Ijaallee kee eenyutti adaraa kennite?

Namni amma kee hingahuufi
Ormi nama hinjaalatuu
Qeerransa koo!
Maaliif ijoolleee facaafta?
Maaf orma ijoollee kee ifachiifta?
Eenyutti adaraa kennite?
Abbaa ijoollee qaqallii
Abbaa ijoollee qacalee
Abaluu koo!
Ijoollee maaliif qara ilaalchifta?
Ijoollee kee eenyutu daara baasa?
Kutataa koo!
Maal aarte?
Maaf garaa jabaatte?

Faaruu kana keessatti, ijoollee isaa kan jaalatu dhiisee deemuu isaa, abbaa ijoollee korommii, maaliif ijoollee garaa hammeessita jedhanii himuufi.

### 4.5.5. Faaruu Fardaan Himii Dubartootarratti Hundaa'e

Sirna awwaalchaarratti, faaruun fardaan himii kun dubartoota hundaaf hinhimamu. Dubartootnis nama boqote tokkoof fardarra bahanii hinhimaniifi. Dubartoota hundaaf yoo himamuu baatullee, dubartoota hojii hunmaa dhiirota waliin hojjetaniif, dubartoota adda waraanaa turtee boqotteef, dubartii ijoollee ishee seeraan guddisteef haalaan akka himamu odeef- kennitootni odeeffannoo kennanii jiru.

#### 4.5.5.1. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Dubartootni Bebbeekamoon Boqotan Himamuuf

**Fakkeenya faaruu 14**

Giiftii koo!
Giiftii aannaniin namatti fiigdu.
Abaluu koo!
Giiftii hundumatti beektu.
Haadha ijoollee qaqallii
Giiftii dhugaa malee soba hinjaalanne
Haadha abaluu koo!
Haadha ameessa dhibbaa
Arjaa baksaadhaan nama simattu
Ishee qottee galchuutti beektu
Haadha hiyyeessotaa
Haadha xinnaa guddaa

Arjaa beela namaa hinjaalanne
Haadha abaluu koo!
Yaa ishee itittuudhaan namatti kaattuu
Arjaa biyyi beeku
Maaltu si argate?
Dulloonni kee ni mar'atu
Ijoolleen kee gadoodanii booyu
Dur garaa hinjabaattuu har'a maaliif garaa jabaatte?
Maaliif balbala cuftee deemte?
Arjaa keenya eecha dhaqxa?

Faaruun kun kan yemmuu dubartootni bebbeekamoon boqotan faarfamuufiidha. Kunis, ergaan isaa kan waan qabdu namatti hinqusanne tahuu, osoo ijoolleen kee sitti iyyanii callisuu, arjummaa isheefaa himuufi.

### 4.5.5.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Dubartii Abbaa Warraa Malee Mana Bulchitu Boqottu Himamuuf

**Fakkeenya faaruu 15**

Haadha abaluu!
Yaa ishee baatee qottuu
Yaa ishee bakka dhiiraa ooltuu
Kutattuu koo!
Kan baksaadhaan namatti kaattu
Kan seeraan ijoollee guddistu
Ishee hundatti beektu
Kan bobbaastee galchitu
Haadha qotiyyootaa
Haadha dargaggootaa
Kan xinnaa guddaa gorsitu
Giiftii deegaa falmitu

Faaruu kana keessatti dubartiin lubbuun ishee dabarte kun akka dhiirotaa baatee kan alaa qottee galchitee ijoollee ishee nyaachistu, kan saawwan elmattu qabdu, kan sangoota qabdu, kan ijoollee dargaggeeyyii qabdu, kan hojii jaalattu, namaafi olloota ishee waliin hawwaasummaa uumtee kan walii galtu, kan ijoollee qacalee qabdu, kan badiirraa gorsitee nama deebistu, kan hiyyummaaf harka hinkennine, arjaa waan qabdu nama hindhoowwanne, tahuu ishee himuufi.

#### 4.5.5.3. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Dubartii Lolarratti Boqotteef Himamu

**Fakkeenya faaruu 16**

Giiftii koo!
Giiftii baatee loltu
Goota diina qoltu
Abaluu mirgaan galtu
Giiftii hunduu irraa bareedu
Goota koo!
Baatee dhukaasuu
Gurmuu diinaa mancaasuu
Goota maqaa abbaa waamsistu
Ishee alaamtee tokkostu
Ishee tokkostee mirgaan galtu
Goota akka maqaa ishee
Kutattuu dhiirri dheesse
Goota haati abaluu deesse
Kutattuu koo!
Shirrishirrii koo!

Faaruun kunimmoo kan dubartoota adda waraanaa deemanii achitti lubbuun isaanii darbeef waa'ee gootummaa ishii, lolatti beekuu ishii, onnee gootummaa qabaachuu ishii kan ittiin himaniidha.

### 4.5.6. Faaruu Fardaan Himii Arjummaafi Doqnummaarratti Hundaa'ee Himamu

#### 4.5.6.1. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Arjaan Boqote Himamuuf

**Fakkeenya faaruu 17**

Eechaan dhaqxu?
Isa birrii dhangalaasaa deemu
Isa koottaa nyaadhaa jedhu
Isa koottaa dhugaa jedhu
Eechaan dhaqxu?
Arjaa arjummaadhaan beekamu
Ilma abaluu abaluudhaa
Gooftaa rakkina nama oolchu
Kan qarshii firfirsaa deemu

Faaruu kana keessatti, arjummaa nama boqotee, kan waan qabu namaatti hinsassanne tahuu isaa, garaa ittiin rakkina keessatti nama hinilaalle akka hinqabne hundumaa ibsanii himuufi.

#### 4.5.6.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Doqni Boqote Himamuuf

**Fakkeenya faaruu 18**

Abaluu abaluudhaa!
Maal keetu nama gaha?
Dubbatee nama hingahu
Abaluun maaliinuunama hingahu
Abaluun kan namaa hinbarbaadu
Abaluun kan isaa namaa hinlaatu
Itti dhiisaa koo
Kan nama hinquuqne
Abaluun har'a miti dura du'e
Yaa isa arrabaan nama hingeenyee
Abaluu hamaa namaa hindubbanne
Calluma jedhaa koo!
Guduunfataa koo!

Faaruu kana keessatti, akka namni boqote kun qarshii namaaf hinliqeessine,akka bakka namaa hingeenye,akka qabeenyaa isaa namaaf hinkennine, akka kan namaas hinbarbaanne, kan qabeenyaa kuufatu, kan qarshii guduunfatu tahuusaa himuufi.

### 4.5.7. Faaruu Fardaan Himii Hojiirratti Hundaa'ee Himamu

#### 4.5.7.1. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Daldalaan Boqote Himamuuf

**Fakkeenya faaruu 19**

Abaluu koo!
Marmaaraa karaa Shaggar
Marmaaraa karaa Mugar
Yaa isa bitee gurguruutti beeku
Yaa isa gabaan dhaabatee eegu
Abaluu waa hundatti beeku

#### 4.5.7.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Qoteebulaan Boqote Himamuuf

**Fakkeenya faaruu 20**

Abaluu abaluudhaa
Abbaa qotiyyoota meeqaa
Abbaa gootaraa meeqaa
Abbaa saawwanii
Abbaa ijoollee qaqallii
Isa qotee facaasee galchuutti beeku
Gooftaa dilbii safaru

Faaruun kun namni boqote kun qabeenyaa, saawwan, sangoota, ijoollee qabaachuusaafi hojii jaallachuusaa kan ittiin himaniidha.

#### 4.5.7.3. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Namni Uffata Hodhu Boqotu Himamuuf

**Fakkeenya faaruu 21**

Injiinara koo!
Ogeessa waayyuu hindhibne
Gooftaa waa nama hindinne
Kan biyyi leellisu
Kan ijoolleesaa leenjisu
Kan kara deemaan eebbisu
Kan rakkataa gargaaru
Safaree muruu itti beeka
Kan mure seeraan hodhuu beeka
Abbaa uffata gaarii
Mee takkaa ol-jedhii nu ilaali
Abbaa senjarii

Faaruu kanaan namni boqote kun yemmuu lubbuudhaan jirutti hojiin isaa hodhaa uffataa akka tahe, hojjechuuf yoo ka'e kan isa hinrakkisne tahuu isaa, yoo rakkatan kan rakkoo nama oolchu tahuu isaa, kan waan gaarii hojjechuu malee hamaa hojjechuu hinjaalanne tahuu isaa ittiin himuufi.

### 4.5.8. Faaruu Fardaan Himii Umriifi safuu Hawaasaarratti Hundaa'ee Himamu

#### 4.5.8.1. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Jaarsi Biyyaa Boqotu Himamuuf

**Fakkeenya faaruu 22**

Gooftaa koo!
Kan taa'ee nama araarsu
Kan xinnaa guddaa gorsu
Kan hamaa namaa hinjaalanne
Kan bakka gadhee hindhaabanne
Abdaarii keenya
Guddicha keenya
Abbaa bullukkoo
Goofticha koo
Kan nagaa buusu
Dubbatee kan abidda dhaamsu

Faaruu kanaan namni boqote kun waldhabdee namootaa kan hin jaalanne tahuu, dubbii ulfaataallee yoo tahe seenaa odeessee qabbaneessuu danda'uu isaa, kan nama qajeelchu tahuu isaa himuufi jachuudha.

#### 4.5.8.2. Faaruu Fardaan Himii Yemmuu Ayyaantuun Boqote Himamuuf

Mata duree kan jalatti ayyaantuun dhiiras yoo tahe dubartiis yoo taate ni himamaafi.Sababnisaa dhiiras tahe dubartiin namoota ayyaana ayyaantuu sanaatti buluudhaaf dhufan ni gorsu, rakkina isaaniif fala himu waan taheef isheen dubartiinis hojii guddaa gama kanaan hojjette jedhamee waan yaadamuuf iddoo olaanaatu kennamaafi. Sababa ayyaana isaanirra jiruuf isaanis kabajaa argatu jechuudha.

**Fakkeenya faaruu 23**

Abaluu koo!
Abbaa/Haadha falaa
Abbaa/Haadha malaa
Kan lafti biraa bareedu
Kan haasaan irraa bareedu
Kan waan dubbate/tte raawwatu/ttu
Abbaa/Haadha galma gaarii
Abbaa/Haadha abdaarii

Faaruun kun namni boqote kun warra rakkataniifi warra dhibamaniif furmaata kan kennu/kennitu tahuu, kan nama gargaaru/tu tahuu, qabeenyaa qabaachuu kan ittiin himaniidha. Yeroo rakkinaatti kan nama gargaartu, kan namaaf hoo'itu, kan garaa laaftufi nama gargaaruudhaaf boodatti kan hin jenne tahuu ishii agarsiisa. Kanaan alattis haasaarrattillee akka isheen eeggannoo gootu, miira namaatti akka isheen hinbuune, bifaan hedduu kan bareedduufi simboo qabdu tahuu ishii ittiin himuufi.

### 4.6. Fakkoommiiwwan Sirna Awwaalchaa Waliin Wal-qabatan

Fakkoommiiwwan sirna awwaalchaa waliin walqabatan hedduun jiraatanillee isaan keessaa kan odeef- kennitootni Obbo Fayyisaa Fiixaa, Dargaggoo Kennaa Dagguufi Aadde Dammaqechi Mul'ataa waliin mare gaggeeffamerratti argame kanneen gadiiti.Isaanis:

**Fardaafi Ilma hangafa**: Abbaan fardaa fardasaa hedduu jaalachuurraan kan ka'e iddoo olaanaa kennaafi. Farda isaa kanas ilmasaa isa hangafatti fakkeessa. Kanaaf maqaa fardasaatiinillee kan waamamuuf. Fakkeenyaaf: Abbaa Daalee, Abbaa Bulloo, Abbaa Booraa, Abbaa magaal, Abbaa daamaafi kanneen kana fakkaataniin kan moggaafamaniif.

**Baaqqee/naxalaafi lubbuu**: Yemmuu namni tokko boqotu dubartootni baaqqee isaanii kuula ol garagalchanii uffatanii sirnicharratti hirmaatu. Kun immoo namni yemmuu dhalatu garaa haadhasaa keessaa mataadhaan asii gadi garagalee dhalata, inni kun immoo gammachuu waan taheef yeroo gaddi hinjirre dubartootni baaqqee isaanii gadi garagalchanii uffatu. Yemmuu namni lubbuudhaan darbe garuu baaqqeen ol garagalee uffatama, kunis lubbuun nama kanaa asii ol gara Waaqaatti ol baheera jedhanii waan amananiif kanaan wal fakkeessu.

**Uffata gurraachaafi gadda:** Namni hedduu jaalatan, leellisan, kabajan, jireenya gaarii hawwaniif akka tasaa yemmuu ittii gargar bahu lapheen isaanii baay'ee rifata, boqonnaa dhaba, abdii kutannaa keessa galu, dukkanatu itti mul'ata waan taheef dukkana kana immoo kan ittiin fakkeessan halluu gurraachaani. Kanaafuu, keessi isaanii inni guddaa gadde,inni abdiin jalaa dukkanaa'e kun keessatti qofaa akka hinhafneef, gara alaatti kan ittiin ibsamu uffata halluu gurraacha qabuunidha. Kanarraa ka; uudhaan uffata gurraachaafi gadda laphee, abdii kutannaafi kanneen kana fakkaatan kanaan wal-fakkeessu.

**Kirrii maashinaafi du'a:** Namni tokko yemmuu boqotu, reeffa tottolchanii ni kafanu. Kana keessatti yemmuu harkaafi miila sisirreessanii hidhaniifi kafanan uffata kirrii jirbii qofaarraa hojjetame fayyadamu malee kirrii maashinaa hinfayyadamani. Sababni isaas kirriin maashinaa kun daftee hincittu, ni jabaatti waan taheef yoo amma kirrii kana fayyadamne gaddi mana keenyarraa hincitu jechuudhaan kirriifi du'a akkaataa kanaan wal-fakkeessu.

**Qaddasuu Qeesotaafi mootummaa Waaqaa:** Yemmuu namni tokko boqotu qeesonni sirnoota garaagaraa raawwatu. Innis afaan Amaaraatiin "Yeguzo Fitaat" jedhama. Wayita reeffi gara awwaalaatti deemuufi bakka mana amantaa yemmuu gahutti lafa kaahanii itti naannawanii qaddasu. Kunimmoo lubbuu nama boqote sanaa mootummaa Waaqayyoo galchuudhaan fakkeeffama. Kunis, cubbuu namni kun osoo lubbuudhaan jiruu hojjete Waaqa biratti akka dhiifamuu cubbuu argatuufi lubbuun isaa mootummaa Waaqaa akka galtuuf qiddaaseefi lubbuun namaa mootummaa Waaqaa galuun kanaan wal-fakkeeffama.

**Harka dhiqachuufi cubbuu:** Sirni awwaalchaa nama lubbuudhaandarbe kanaa erga gaggeeffameen booda maatiin firri jalaa miidhame suniifi namootni sirnicharratti argaman

maatii booddee gara mana gaddi seenee sanatti imalu. Akkuma man asana bira gahaniin maatii gaddi seene dabalatee namootni seenan hundi namoota balbalarra dhaabatanii keessumsiisaniin bishaan harkaa ni buufamaafi. Kunimmoo lubbuudhaan darbuu nama kanaattii anii qulqulluudha, harkikoo yakka nama kana balleessuurraa qulqulluudha kan jedhuun wal-fakkeessu

**Booyicha/Nyaataafi hirmii**: Firri, hiriyaan, ollaan hedduu jaalatan tokko tasa yemmuu lubbuun isaa/ishee darbutti yoo osoo battalatti hindhagahiin tuee dhagahe maaliif hirmii nanyaachiftan jedha/tti. Kuni, battala lubbuun nama kanaa darbetti dhgahee osoon hinbooyiiniif, osoon hingaddiiniif midhaan nyaachuu hinqabun ture; isin garuu kana hundumaa na dhoksitanii akkan hingaddineef, akkan hinboonyeef, akkan nyaatatoo dhiisee booyee jaalala isaa/ishee osoo hinibsatiin maaliif akkas nagootan ergaa jedhu of keessaa qaba. Hirmiin lammata waan kan alafaa hinkaasu, hinyaadadhu yaada jedhuunfakkeeffama. Oromoo yemmuu mammaaku “Tufanii hinarraabani”, jedha. Kanaafuu, booyanii baafachuufi nyaata lagachuu hirmiidhaan wal fakkeessu.

### 4.7. Yeroo Ammaa Kanatti Haala Fardaan Himiin Sirna Awwaalchaa Irra Jiru

Akkaataa odeef kennitootni ogeeyyota Waajjiraa kanneea tahan Obbo Fayyisaa Fiixaa, Dargaggoo Kennaa Dagguufi Aadde Dammaqechi Mul’ataa Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobii Keessaa qorataa waliin gaafa 24/6/2011 ganama sa’aatii 3:00-6:00’tti maree garee bal’aa gaggeeffameen yeroo ammaa kanatti haalli fardaan himiin sirna awwaalchaa irra jiru kan duriirraa hir’achaa akka dhufeedha. Sababni hir’achuusaa akkaataa odeef kennitootni jedhanitti babal’achuu amantaa addaa garaafi naannawaa magaalaatti immoo fardeen waan sooraniifi iddoon jiraachisan dhiphachaa deemuurraan kan ka’e hir’achaa akka jiruudha. Kunis tahee garuu aadaan kun ammallee ni jira,ni gaggeeffama.

# Boqonnaa Shan: Argannoofi Yaada Furmaataa (Yaboo)

## 5.1. Argannoo

Qorannoon kun qaaccessa qabiyyee fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Shawwaa Lixaa: haala qabatamaa Aanaa Meettaa Roobii kan jedhurratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha. Kaayyoo gooroon qorannoo kanaatiis isuma kanaadha. Kaayyoo qorannoo kanaa milkeessuudhaaf immoo meeshaaleen funaansa raga kanneen akka daawwannaa, af-gaaffii, waraabbii, mare gareefi sakatta'a barruu yookaan galmeetiin odeeffannoon sassaabame. Daawwannaadhaan taatee fardaan himii sirna awwaalchaarratti gaggeeffame hundaa daawwachuudhaan  ragaan daawwatame qabame, afgaaffiidhaan namoota muuxannoo gahaa qaban kan qorataadhaan xiyyeeffannoo argatan gaafachuudhaan, waraabbiidhaan immoo, taatee fardaan himii sirna awwaalchaarratti gaafa sirni awwaalchaa raawwatu viidiyoodhaan yeroo reeffi manaa bahuu kaasee hanga awwaalamuutti waraabuudhaan waan argame qaaccessuu, mare gareetiin namoota dhimmicharratti muuxannoo niqabu jedhamanii ilaalaman walitti gurmeessuudhaan akka isaan waan irraanfatan wal yaadachiisaa odeeffannoo gahaa kennan taasisuudhaan kan sassaabame,sakatta'a galmeetiindhimmaqorannichaatiin walqabatee odeeffannoon kanaan dura Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Meettaa Roobiitti qabamee jirurraafi ogeessota waajjirichaarraa odeeffannoo sassaabameedha.

Ragaalee kallattii garaa garaa irraa walitti qabaman kunneenis, akkaataa kaayyoo qorannoo kanaatti duraa duuba isaanii eeganii mataduree walfakkaataa tahan jalatti qoqqoodamanii qaacceffamani. Yaaduma kanarratti hundaa'ee, yaada goolabaa armaan gaditti kaa'amerra gahamee jira. Kunis:

- Akkaataa aadaa Oromoo Meettaa Roobiitti adeemsi fardaan himii sirna awwaalchaa adeemsa mataa isaa akka qabuudha. Kunis, guyyaa namni lubbuun isaa darberraa kaasee qophii addaa garaatu taasifama.Yoo namni boqote kun hawaasicha keessatti fakkeenyummaa gaariidhaan kan jiraatu yoo tahe abbootiin fardeenii mi'a fardeen isaaniifi meeshaa ofii uffataniifi qabatan dursanii qopheeffatanii gaafa sirna awwaalchaa gamaa gamanaa walitti yaa'anii himaa gara mana reeffi jiruutti imalu. Yoo dargaggeessi boqote warruma umuriisaatiin walitti dhiyaatantu ykndargaggootumatu

seenaasaa himaafi. Yemmuu achi gahan reeffi ni tura yoo tahe, fardeen isaaniirraa harca'anii dhadhaabbatu, yoo baadiyyaa tahes luugama afaan fardeeniirraa baasanii marga cucuffachiisaa eegu,yemmuu reeffi qara iddoo boqonnaa reeffaatti qajeelu fardeen isaaniitti bahanii reeffa baha dhoowwu,namoonni garuu isaan ittisaa ,duubatti isaan dhiibaa reeffa gadi baasanii gara iddoo boqonnaa reeffaa geessu,yemmuu achi gahutti ammas xiqqoo waan turanii booyaniif fardeen isaaniirraa harca'anii eegu.Ammas, yemmuu reeffi gara mana amantaatti qajeelu fardeen isaaniitti bahanii hoo'isanii himaa hanga mana amantaa sanaatti himaa waliin deemu. Onnee addaatiin dhaadachaa, seenaa nama sanaa, gaarummaa nama saa lallabaa, mararsiifachaa hanga mooraa mana amantaatti ol seenutti naannawanii himu.

- Sirni awwaalchaa kun kutaawwan gurguddoo sadiitti qoodamee ilaalama. Kunis, inni jalqabaa awwaalchaan dura, inni lammataa yeroo awwaalchaafi inni sadaffaan awwaalchaan boodadha. Sirna awwaalchaan dura namoonni, firoottan hunduu rifatanii waan qabaniifi waan dhiisan wallaalu, booyanii hirmii baafatu, jirbii reeffa ittiin gannasan yookaan hidhan, uffata reeffa ittiin kafanan,saanduqa reeffaa, waan nyaatamuufi dhugamu qopheessuu, dunkaana dhaabuu, dallaajajjabeessuu, uffataafi qoobii gurraacha bitachuu, boolla reeffi itti mana amantaa deemanii qeesotaafi namoota mana amantaa sana gaggeessu haasofsiisuu, firatti bilbiluu, nama itti erguu,guyyaa awwaalaa murteessuu, namoota sirna awwaalchaarratti argaman kan keessummeessu ramadanii qopheessuufaatu raawwatama. Yeroo awwaalchaattis gochootni hedduun ni raawwatamu.Isaanis: Iddoo boqonnaa reeffaa qopheessuu, dunkaana keessummaan keessatti keessummaa'u dhaabuu, nyaataafi dhugaatii qophaa'e iddoo qaqabsiisuufi nama itti gochuu, reeffa manaa baasuu, reeffa iddoo boqonnaa geessuu, reeffa mana amantaa geessuu, seenaa nama boqote sanaa afaaniifi barreeffamaan beeksisuu,qeesonni itti qaddasuu, awwaaluufi namoota sirnicharrattia argaman hundaa galateeffachuufaatu raawwatama. Sirna awwaalchaatiin booda gara manaatti galanii keessummaa'uu, maatii gaddi seene jajjabeessuufaatu raawwatama.
- Garee hawaasaa garaa garaatiif, kaakuu faaruu garaa garaatiin nama boqoteef himu. Kunis, namoota gootummaa isaanii adda waraanaa, bineensa ajjeesuurratti, jiruufi jireenya jiraatan keessatti gaarummaa isaan argisiisan arjummaa, doqnummaa, gaa'ela uummachuufi uummachuu dhabuu, daa'imman godhachuufi godhachuu

dhabuu,adeemsa gaa'ela raawwachuu jalqabee karaatti hanqachuu, hojii isaatiin immoo qotee bulaa, daldalaa, ogeessa huccuu hodhu, jaarsa biyyaa, dubartootaaf immoo kanneen bebbeekamoo tahan, kan adda waraanaarratti hirmaannaa qabaachaa turte,kan mana bulchituufi kanneen kana fakkaataniif akkaataa garaa garaatiin himamaafi.

Fardaan himiin kutaa hawaasaa garaa garaatiif akkaataa garaa garaatiin himama. Kunis, adda baateen ykn garaa garummaan qabaachuufi dhabuurratti, dhiira tahanii ykn dubartii tahanii dhalachuurratti garaa garummaan ni jira. Gaafa abbaan qabeenyaa boqote, gaafa gootni boqote, gaafa jaarsi biyyaa boqote, gaafa namni beekamaan boqote fardeeniifi abbootiin fardeenii lafa fudhatu. Namni sirnicharraa hafu hinjiru. Garuu gaafa hiyyeessi boqotu fardaan himuun ni laafa-yeroon itti hafullee ni jira. Nama hawwaasummaa irratti hin hirmaanneef, namoota yakka garaa garaa raawwachuudhaan hawwaasicha mufachiiseef, doqnaafi kkf' taniif yeroo hedduu hin himamuufi. Akkasumas, dubartoota tahanii hojii dhiirotni hojjetan warra hin hojjenne, hawwaasummaa ollootaafi namoota garaa garaa waliin kanneen hin uummneef fardaan hin himamuufi. Kunimmoo, hawwaasicha biratti qoqqoodinsi qabeenyaan, saalaan, gootummaadhaan, arjummaadhaan addaan bahee akka gaggeeffamu nama hubachiisa.

- Meeshaaleen aadaa raawwii sirna awwaalchaarratti hedduu murteessoo tahan, nyaataafidhugaatii, meeshaalee fardaa, meeshaalee abbaan fardeenii qabataniifi uffataniidha. Kunneenis, toora tooraa taa'anii jiru. Meeshaaleen fardaa, luugama, fuuloo, harkisaa,maataba, kooraa, qomoo, uddeellaa, garajalee, faanaa, gilaasii, baladii, qarbaa, birrii bisiifi kuula yeroo tahan meeshaaleen abbootiin fardeenii uffataniifi qabatan immoo kal'ee, daabee, gaalee, ulee, alangee, eeboofi qawweefaati. Nyaatniifi dhugaatiin sirnicharratti dhiyaatu immoo shuummoo, buddeena tahee ittoon immoo akkaataa qabeenyaa warra gaddi seenee sanaan raawwatama (ittoo missiraa, ittoo baaqelaafi ataraa, ittoo foonii) faa tahuu ni dandaha.
- Fakkoommiiwwan sirna awwaalchaa waliin walqabatan kanneen akka kirrii maashinaafi lubbuu, uffata gurraachaafi gada, baaqqee ol garagalchanii uffachuufi lubbuu, harka dhiqachuufi cubbuu, qeesotni qaddasuufi lubbuu, fardaafi ilma hangafaafaan fakkoommiiwwan sirna awwaalchaa keessatti mul'atan hundi tokko tokkoon xiinxalamanii dhiyaatani.

- Yeroo ammaa kanatti sadarkaa fardaan himiin sirna awwaalchaa naannoo qorannoon itti gaggeeffame kanaa irra jiru kan hir'achaa adeemeefi qorraa dhufeedha. Sababootni kanaatiis babal'achuu amantaalee adda addaa, naannoo magaalaatti immoo fardeen kunuunsuudhaafi sooruudhaaf haalli mijataan dhabamuunfaa sababoota bu'uuraati.
  Kanaan alattis, aadaan kanaaf xiyyeeffannoo barbaachisaa kennuu dhiisuun hedduu isa miidheera.Nama dhuunfaarraa qabee hanga dhaabbilee garaa garaatti xiyyeeffannoo itti hin kennine.

**5.2. Yaada Furmaataa (Yaboo)**

Goolaba armaan olitti barreeffamerratti hundaa'uudhaan fardaan himii sirna awwaalchaa Oromoo Shawaa Lixaa: Haala qabatamaa Aanaa Meettaa Roobii maal akka fakkaatau yemmuu ilaallutti, hawaasichi aadaa bareedaa akkasii of keessatti qabatee tursiisuun isaa waan gudaafi galateeffamuu qabuudha. Kanuma giddu galeessa godhachuudhaan dhalootni ammaa aadaa kana qabatee kunuunsaa dhaloota dhufuuf akka darbuu dandahuutti riqicha tahee tajaajiluu qaba.

- Fardaan himiin sirna awwaalchaa hawaasichi kalaqee ittiin waliif himu kun baroota lakkoofsa hinqabne hedduu qaxxaamuree waan dhufeefi falaasama hawaasichaas qabatee waan jiruuf bakka hir'aterraa gara bakka isaa duraatti akka deebi'ee dhalootaaf turuu danda'uutti qaamni dhimmi ilaalu hunuu gahee isaa taphachuu qaba. Sababni kanaatiis, ergaan, miidhaginni, faayidaaniifi tajaajilli inni hawaasichaaf kennu akka hin jijjiiramnetti, akka hin hir'annettiifi akka hinbannetti turuu qaba.
- Dabalataanis, meeshaaleen fardaan himii sirna awwaalchaarratti tajaajilan marti ergaafi tajaajila isaanii waliin dhaloota dhufuuf darbuu qabu.Kanaafuu, waajjiraaleen dhimmi fardaan himiin kun ilaallatuufi namootni ogummaa kanarratti hojjechaa jiran qorannoo kana ka'umsa godhachuudhaan aadaa bareedaa hawaasichaa tursiisuu qaba.
- Dhimmi fardaan himii sirna awwaalchaa kun sirni barnootaa qophaa'eefii kitaabilee barnootaa keessa galee baratamuu qaba.Kanammoo qaamoleen garaa garaa yoo irratti qooda fudhate malee namoota muraasaan waan galma gahu miti.
  Qorannoo kana keessatti adeemsa fardaan himii sirna awwaalchaa akkaataa garaa garaatiin raawwachuun isaa ilaalcha hawwaasichi ittiin wal-qoqqoodee ilaalu

agarsiisa.Adeemsi raawwii sirnichaa osoo beekamee, dhaloonni haaraanis osoo irraa baratee gaariidha.

meeshaalee sirna awwaalchaarratti tajaajilan,fardaan himiin sirna awwaalchaa yeroo ammaa kanatti sadarkaa maaliirra jira,akaakuu faaruu fardaan himii sirna awwaalchaa, fakkoommii sirna awwaalchaa keessatti mul’atu irratti waan xiyyeeffateef, kanaan alattis kanneen hafan haammachiisuudhaan irratti yoo hojjetame aadaa kana tursuun nidanda’ama. Namni hunduu waan irraa barbaachisu raawwachuudhaan dhaloota haaraa boodaan dhufuuf aadicha uunkasaa, ergaasaa, hurruubummaasaa, gootummaa ykn miira addaa inni nama keessatti uumu osoo hinjijjiiriin dhaalchisuun gahee nama hundaati.

**Wabii**


Addunyaa Barkeessaa.(2011).*Akkamtaa*:Qorannoo Hujoo.Finfinnee.

Amdallaafi Kanneen Biroo. (2004). *Kitaaba Barataa Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa (Gul.2ffaa) Oromiyaa*, Finfinnee. Mana Maxxansaa Meeggaa.

Anderzejewski, B.W. (1985).*Litetature In Cushitic Languages Other Than Somali in Literature in African Language*.Cambrige University Press.

Araarsoo Badhaasoo. (1995).*Seenaa Dhalootaafi Hidda Oromoo Sooddoo*.Addis Ababaa: Central Printing Press.

Asafaa Tafarraa. (2004). *Theorizing the Present to Wards Sociology of Oromo Literature*: Jaarsoo Waaqoo Poetry. Finfinnee: Biranna Printing Enterprise.

Asafaa Tafarraa. (2009).*Eela.Seenaa Oguma Oromoo*.Finfinnee: Far East Trading Plc

Asnaaqechi Katamaa.(2014).Mata duree "*Ibsa Sirnaafi Afoola Awwaalcha Oromoo Godina Addaa Naannawaa Finfinnee Magaalaa Sabbataa*"Yuunivarsiitii Addis Ababaatti Qorannoo MA(Kan hinmaxxanfamne).

Bascom,W,R.(1965).*Four Functions of Folklore.In the Study of Folklore*.Englewood cliffs,NJ:Prentice,Hall.

Ben Amos.(1979).*To ward A definition of Folklore in Cintext(Reading American Folklore*).South Asian Publishers Ltd.New Dechi.

Ben Amos.(1993). "*Context in context"Western Folklore*: Theorizing Folklore Toward New Perspectives on the Politics of Culture.

Berg,B.(2001).Qualitative Research Method Staff for the Social Sciences.California State University.

Biiroo Aadaafi Tuuriizimii Oromiyaa.(1998/2006).*Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa*.Biranina Selam Printing Interprize.Finfinnee.

Bukenya, A. (1994).*Understunding Oral Literature*.Nairobi City University Press.

Creswell, J.W. (2009).*Research Design.*Qualitative and Mixed Research Methods Approaches (3rd ed.).Thous and calif: Sage Publication.

Dassee Goobanaa.(1999). "*Faaruu Booyaa". Wiirtuu* Jildii 8: Barruulee Qormaata Waaltin Afaan Oromoo. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisaa Oromiyaa.

Dastaa Dassaaleny. (2002).*Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dirribaa Tafarraa. (2005). *Gahee Afoolli Oromoo Aadaa Hojii Irratti Qabu Wiirtuu Jildii10*: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo: Finfinnee: Print Branna P.E.F.114-142.

Dorson,M, R.(1972). *Folklore And Folklife*: An Introduction .London: Chicago University Studies, Volume 10Number 1&2.Middle Tennessee State University.

____________.(1983).*Hand Book of American Folklore*. Bloomington: Indiana University Press.

____________-.(2015). *Folklore Theories*. Current Antropology, Vol.4, No.1 (Feb 1963) Pp93-112 the University of Chicago Press.

Dundes, A.(1965).*The Study Of Folklore*.U.S.A.

____________,A,(2007).*The Meaning of Folklore*.The analytical essay.Logo:Utah State University Press.

Eebbisaa Gammadaa. (2010).Mata duree "*Qaaccessa Adeemsa Sirna Booyichaa Oromoo Sooddoo Aanaa Qarsaa Maallimaa*"Yuunivarsiitii Finfinneetti Qorannoo MA (Kan Hinmaxxanfamne).

Elizabeth Tucker.(2008).*Children's Folklore*.London.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii*: *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Sibi Printing Press.

Fiixee Birrii.(2013).*Seenaafi Aadaa Oromoo Wallaggaa*. Itoophiyaa: Dambidoolloo.

Filee Jaalataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo*: Mana Maxxansaa Raajii. Finfinnee.

Finnegan, R. (1970). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Basil Black Well.

______.(1977).*Oral Poetry*.London.New York:Cambridge University Press.

______.(1992).*Oral Traditions and the Verbal Arts*: A Guide to Research Practices. London and New York: Routledge Publishing Company.

--------------.(2012).*Oral Literature in Africa*.London: Open Book Publishers.

Gammachuu Daadhii. (2001).*Akkaataafi Qabiyyee Afwalaloo Oromoo Salaalee Haala Beela 1977(ALI) Keessatti*. *Wiirtuu Jildii9*: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Finfinnee: Commercial Printing.

Geetaachoo Rabbirraa. (2001). *Furtuu*: Seerluga Afaan Oromoo.Finfinnee: Kuraz International.

____________. (2013). "*Xiinxala Raawwii Afoolaa*.Afoola Jilawwan Gadaa Oromoo Jiillee". Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaatiif dhiyaate (Kan hinmaxxanfamne)

Georges, R,A And Jons,M,O.(1995). *Folkloristic*: *An Introduction*. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press

Green,A.Thomas.(1997).*An Encyclopidia of Beliefs, Custums, Tales, Music, and Arts, Santa Barbara, California Denver*. Colorado Oxford,England.

Hirphaa Baqqalaa.(2017). "*Qaaccessa Afwalaloo Boo'ichaa Oromoo Maccaa Ilmaan Liiban*" Yuunivarsiitii Jimmaatti Qorannoo MA (Kan hinmaxxanfamne).

Iristeen Akka Waaq.(2012). "*Qaaccessa Sirna Lufiinsaa: Raawwii Sirna Da'umsa Godina Jimmaa Aanaa Mannaa*" AAU. Waraqaaa Qorannoo MA (Kan hinmaxxanfamne).

Jaalataa Mootii.(2014). "*Xiinxala Sirna Gombisa Fardaa Oromoo Tuulamaa Aanaa Kuyyuu"* Yuunivarsiitii Addis Ababaatti Qorannoo MA (Kan hinmaxxanfamne).

Katamaa Bayeechaa. (2003). "*Tapha Fardaa Aanaa Meettaa Roobii*" Qorannoo Digirii Baachilarii. Yuunivarsiitii Addis Ababaa (Kan hinmaxxanfamne)

Kumar,R.(2005). *Research Methodology*. Pearson Education. Australia Wallen steen p.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii*. Bu'uura Afoola, Ogbarruufi Afwalaloo Oromoo. Finfinnee.

Nagarii Leencoo.(1992). "*Mararoo Durbaa*." Wiirtuu Jildii 7: Barruulee Qormaata Waaltinaa Afaan Oromoo .Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisaa.

Okpewho. (1992). *Africa Oral Literature*: Back grounds .Characters and Continuity Blooming Ton and Indian University Press.

Oring, E. (1986). *Folklore Groups and Folklore Genres*: An Introduction.Utah State University Press.

Sims and Stephen. (2005). "*Living Folklore*" *An Introduction to the Study of People and their Traditions.* Longman: Utah State University Press.

Taaddasaa Hoomaa. (2016). "Xiinxala Akaakuu Fookiloorii Oromoo Gombisa Fardaa Keessatti Aanaa Dandii" Yuunivarsiitii Addis Ababaatti Qorannoo MA (Kan hinmaxxanfamne)

Tafarii Nugusee.(2005). "*Dagaagina Ogbarruu Afaan Oromoo"* Wiirtuu Jildii10: Barruulee Qormaata Waaltinaa Afaan Oromoo: Finfinnee: Print Branna P.E.F.179-206.

Tesema Ta'a. (2002). "*Oromo Traditional Songs*" IN Catherine Griefenow Mewis (Tamene Bitima (Eds.) Oromo Oral Poetry: Seen From Within. Kolen: Rudiger Koppe Verlag, 13-40.

Urgeessaa Xilaahun. (2017). "Xiinxala Fookiloorii Oromoo Itti Fayyadama Fardaa Keessatti Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Daawoo''Yuunivarsiitii Finfinneetti Qorannoo MA (Kan hinmaxxanfamne)

Wasanee Bashaa. (2000). *Bantuu Haaraa*: Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo. Finfinnee: Emay Printers.

Warqinaa Qalbeessaa. (2008). *Traditional Oromoo Attitudes to Wards the Environment*: An Argument for Environmentally Sound Development: Organization for Social Science Research in East and South Africa (OSSREA)

Warqinaa Abbaa Soorii.(2008). “*Sirna Gadaa*” Finfinnee. P.P. Finfinnee.

Zelelem Abera. (2003). “*Transition from Oral to Written Oromo Poetry” The Journal of Oromo Studies.* Volume 10 Numbers 1 and 2. Middle Tennessee State Universiyy.

ዘሪሁን አስፋዉ፡፡ (2004)፡፡ የስነ-ጽሁፍ መሠረታዉያን፡፡ ንግድ ማተሚያ ቤት፡፡ አዲስ አበባ፡፡

ፍቃደ አዘዘ፡፡ (1991)፡፡ <u>የስነ-ቃል መመሪያ፡፡</u> አርቲስቲክ ፕሪንቲንግ ፕሬስ፡፡

## DABALEE A

## YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

## WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF KAN DHIYAATE.

**Afgaaffii ragaan ittiin walitti qabame**

1. Raawwiin sirna awwaalchaa jalqabaa hanga xumuraatti adeemsa akka mii keessa darba?
2. Raawwii sirna awwaalchaarratti nyaataafi dhugaatii akkamiitu dhiyaata? Maaliif?
3. Sirna awwaalchaarratti nama boqoteef fardaan himuutiin ala karaan ittiin himan kanbiraa jiraa? Maali inni?
4. Raawwii sirna awwaalchaarratti fardaan himuun maaliif filatame?
5. Fardaan himuun saalaafi umurii addaan nibaasaa? Akkamitti?
6. Dubartoota boqotaniif fardaan nihimamaafii? Yoo hinhimamne maaliif?
7. Dubartootni dhiirri yeroo boqotu nihimuufii? Akkamiin? Maaliif?
8. Fardaan himuudhaaf akaakuu fardaa akkamiitu filatama? Maaliif?
9. Hariiroon fardaafi abbaa fardaa (nama) jidduu jiru maali?
10. Raawwii sirna awwaalchaarratti kan sirriitti boo’amuuf yoomi? Maaliif?
11. Nama boqote tokkoof namoota akkamiitu himaafi? Maaliif?
12. Garee hawaasaa garaagaraatiif faaruun fardaan himii sirna awwaalchaa maalirratti hundaa’ee himamaafi?Akkamiin himama?
13. Meeshaaleen fardaafi abbaan fardaa fardaan himiirratti fayyadamu maal maali?Maalirraa hojjetameet maaliif tajaajila?
14. Fakkoommiiwwan sirna awwaalchaa waliin walqabatan maal maali?
15. Yeroo ammaa kanatti fardaan himiin sirna awwaalchaa sadarkaa maaliirra jira?
16. Sirna awwaalchaatiin booda maal maaltu raawwatama? Maaliif?
17. Reeffi naamusa akkamiitiin dhiqama? Kafanama? Gaggeeffama?
18. Fardaan himiin onnee akkamiitiin gaggeeffama? Dhalootni har’aa hoo maal irraa barata?

**BABALEE B**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

**GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI**

**FOOKILOORIITIIF KAN DHIYAATE.**

**Namoota odeeffannoon irraa walitti qabame**

| Lak. | Maqaa | Saala | Umurii | Godina | Aanaa | Ganda | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Tuujubaa Guutaa | Dhiira | 54 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Baakaa | Qotee bulaa |
| 2. | Caalaa Badhaadhaa | Dhiira | 57 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Keelloo Sheelloo | Qotee Bulaa |
| 3 | Qananii Raggaasaa | Dhiira | 69 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Kimmoo Diimaa | Qotee bulaa |
| 4 | Tasfaayee Kabbadaa | Dhiira | 29 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Faallee | Barsiisa |
| 5 | Darajjee Warquu | Dhiira | 40 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Shinoo 01 | Daldalaa |
| 6 | Eebbisaa Baqqalaa | Dhiira | 26 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Faallee | Qotee Bulaa |
| 7 | Fayyisaa Fiixaa | Dhiira | 45 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Shinoo 01 | Itti gaafatamaa waajjiraa |
| 8 | Dammaqechi Mul’ataa | Dubartii | 41 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Shinoo 01 | Ogeettii Waajjiraa |
| 9 | Kennaa Dagguu | Dhiira | 28 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Shinoo 01 | Ogeessa waajjiraa |
| 10 | Alamaayyoo Dabalaa | Dhiira | 42 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Qoree | Qotee bulaa |
| 11 | Tasfaayee Tashoomaa | Dhiira | 71 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Baakaa | Qotee bulaa |
| 12 | Guutaa Tasammaa | Dhiira | 53 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Baakaa | Qotee bulaa |
| 13 | Darajjee Qananii | Dhiira | 48 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Shinoo 01 | Ogeessa Waajjiraa |
| 14 | Dabalaa Utaa | Dhiira | 65 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Baakaa Qorichaa | Qotee bulaa |
| 15 | Alamuu Raagaa | Dhiira | 24 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Qoree | Qotee Bulaa |
| 16 | Dhaabaa Dabalii | Dhii | 65 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Kiloo | Qotee bulaa |
| 17 | Dirribaa Beekaa | Dhiira | 52 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Qoricha | Qotee bulaa |
| 18 | Tashoomaa Tafarraa | Dhiira | 43 | Shawaa Lixaa | Meettaa Roobii | Qoricha | Barsiisaa |

**BABALEE. C**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF KAN DHIYAATE**

**“Check List”Daawwannaa Ragaan Bakka Booyichaafi Waraabbiidhaan Walitti Qabame.**

| T/L | Garee hawaasaa garaa garaatiif akkamiin dhiyaata? | Fakkoommii Akkamiin dhiyaata? | Meeshaalee akkamii uffataniifi qabatanii himu? | Nyaataafi dhugaatii akkamiitu dhiyaata? | Fardaan himiif akaakuu fardaa akkamii Gargaaramu? | Fardaan himiin adeemsa akkamiin gaggeeffama? |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Nama duulee galee manatti boqoteef | | | | | |
| 2 | Nama duulee achitti boqoteef | | | | | |
| 3 | Ajjeesaa bineensaaf | | | | | |
| 4 | Nama bineensa ajjeesuuf manaa bahee achitti boqoteef | | | | | |
| 5 | Hiyyeessa boqoteef | | | | | |
| 6 | Sooressa boqoteef | | | | | |
| 7 | Nama osoo barnootarra jiruu boqoteef | | | | | |
| 8 | Baratee osoo hojiitti hinbobba’iin boqoteef | | | | | |
| 9 | Reefu kan hojii eegalee boqoteef | | | | | |
| 10 | Nama osoo gaa’ela hingodhatiin boqoteef | | | | | |
| 11 | Nama kaadhimmatee tasa boqoteef | | | | | |
| 12 | Fuudhee osoo daa’ima hingodhatiin kan boqoteef | | | | | |
| 13 | Abbaan ijoollee yeroo boqote | | | | | |
| 14 | Dubartii beekamtuun yeroo boqottu | | | | | |
| 15 | Dubartiin abbaa manaa malee mana bulchitu yeroo boqottu | | | | | |
| 16 | Dubartii adda waraanaatti boqotteef | | | | | |
| 17 | Yeroo arjaan boqote | | | | | |
| 18 | Yeroo doqni boqote | | | | | |
| 19 | Yeroo daldalaan boqote | | | | | |
| 20 | Yeroo qotee bulaan boqote | | | | | |
| 21 | Yeroo namni uffata hodhu baqote | | | | | |
| 22 | Yeroo jaarsi biyyaa boqote | | | | | |
| 23 | Yeroo ayyaantuun boqote | | | | | |

**BABALEE. D**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

**GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI**

**FOOKILOORIITIIF KAN DHIYAATE**

**Faaruu fardaan himii nama duulee galee manatti boqoteef himamu**

**Fakkeenya faaruu 1**

Eechaan dhaqxu goota keenya?
Abaluu koo!
Eechaan dhaqxu goota biyyi beeku?
Goota gootummaan beekamu
Dhiira diina fiigee qabu
Goota gootni dhalche
Kutataa homaa hinsodaanne
Leenca koo!
Goota alaamee tokkosu
Tokkosnaan lafa hinbuusu
Abaluu biyyi beeku
Abaluu koo!
Goota ija barbadaa
Dhaqi jennaan dhaquu beeka
Gali jennaan galuu beeka
Qeerransa koo!
Abaluun mudaa hinqabu
Goota homtinuu irraa hinfokkisne
Goota lolee moo’uutti beeku
Abaluu gaafa Shiraaroo
Abaluu gaafa Soomaalee
Abaluu gaafa Maqalee
Abaluu gaafa Baadimmee
Harangamaa abaluu!
Abaluu diina ijibbaachise
Abaluu, moo’amee hin beekne
Goota giddiif ciise
Harangamaa abaluu!
Goota mudhiin sinnaaraa
Egaa maal siif goona?
Har’an nagaa siif dhaama
Jabaa jabaan qabate
Qabeenyaa qabu dhiisee
Har’a marmaratee ciise

Seenaan kee hundaa boochise
Saaxiniin qulfiidhaa
Kan kee dubbiin qurxiidha

**Faaruu fardaan himii nama duula deemee achitti boqoteef himamu**

**Fakkeenya faaruu 2**

Abaluu koo!
Goota biyyaaf duule
Harangamaa abaluu
Kan abiddarraa hindeebine
Goota matarayyeesii hinsodaanne
Goota taankii dura dhaabatu
Qeerransa koo!
Leenca biyyaaf lubbuusaa kenne
Abaluu xinnaa guddaan leellisu
Imbitenyaa koo!
Goota dhaqaaf malee galaaf hinboonye
Leenca koo!
Goota gootni dhalche
Dhiira diina ijibbaachise
Goota du'atti deemu
Tokkicha amma dhibbaa
Gaafa madfiin bookkise
Leenca lubbuun hinmararre
Abluu koo!
Yaa maatii koo hinjenne
Yaa qabeenya koo hinjenne
Yaa fira koo hinjenne
Dhaqee abidda seene
Goota bahee gala wallaale
Goota osoo eegnuu dhabne

**Faaruu fardaan himii yemmuu ajjeesaan bineensaa boqote himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 3**

Eechaan dhaqxu?
Abaluu abaluu
Abaluu koo! Kuni siif hinmalle
Goota leencarraa hindeebine
Goota qeerransarraa hindeebine
Harangamaa abaluu!
Dhiira dhiirri dhalche
Kan gafarsarraa galche
Qeerransa koo!
Marmaaraa bosona keessaa
Hordofaa faana bineensaa
Leenca koo!

Korma daggalatti galu
Kan bineensa adamsee qalu
Kan nyaannisaa foonii
Ilma abaluun dhalche
Leenca koo!
Goota faachaan galu
Goota koo!
Goota mudhiin zinnaaraa
Nama amma maqaa gahu
Qoricha leenca daggalaa
Qeerransa koo!
Abbaa minishirii gabaabduu
Kan alaamee lafa hinbuufne
Leenca leenca lafaan dhahu
Marmaaraa daggala cillimoo
Dhiira qoonqoof hinbadadne
Goota koo!
Goota harka duwwaa hingalle
Duroo gadi hinjettuu
Har'a maaluma taate
Mee ka'ii cidhakee ilaali
Duroo hinobsituu
Har'a akkamiin obsite?
Maaloo takkaa owwaadhu
Kun daandii sirrii miti
Maaliif kana filatte?
Maarraxaa koo!
Goota hiriyyaan eeggatu
Dhiira mukarra bulu

**Faaruu fardaan himii yemmuu nama bineensa ajjeesuuf dhaqee achitti boqoteef himamu**

**Fakkeenya faaruu 4**

Eechaan dhaqxu?
Abaluu abaluudhaa
Leenca leencarraa hingorre
Qeerransa qeerransarraa hingorre
Dhiira gafarsarraa hingorre
Goota akka abbaasaa
Abaluu koo!
Dhiira bahee gala wallaale
Goota leenca wallaansoo qabu
Goota gafarsa yaabee qalu
Qeerransa qeerransaan falmu
Goota gootummaaf du'u
Dhiira bineensa yaabee irraan bu'u

Leenca koo!
Gooa gootummaaf darbe
Hinsarmuu koo!
Goota giddiin ciibse
Kutataa koo!
Goota itti cite hafe
Goota irraa hindeebine
Abaluu qabee gadi hindhiisne
Leenca lubbuun hinmararre
Goota bahee daggalatti hafe
Goota giddiin gadi qabe
Goota daggalatti hafe
Goota marmaratee ciise

**Faaruu fardaan himii yeroo hiyyeesi boqote himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 5**

Eechaan dhaqxu ilma abaluu abaluudhaa?
Abaluu bakka hundatti ergatan
Kan tolee malee lakkiin afaansaatii hinbaane
Abaluun halkanii guyyaa xaara,
Garuu, gaaftokko nyaatee hinboqonne
Abaluu qooqaa waa hinqabne
Marmaaraa koo
Abaluun har’a hinduune
Abaluun dura dhaabiitti du’e
Kutataa koo!
Ayii! yaa seenaa kee.
Abaluu jireenyasaatti hinboqonne
Gubataa koo!
Dhugaa qabda
Sitti baay’ate
Sii gamte
Abaluu rakkin jalaa dheesse
Abaluu rakkinaan guddate
Mufataa koo!
Abaluu deegni ijibbaachiste
Dhugaa qaba abaluun,
Rakkinatu irratti walfure

**Faaruu fardaan himii yeroo sooresi boqote himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 6**

Abaluu koo!
Kun siif hinmalle
Eechaan dhaqxu abaluu abaluudhaa?
Yaa biyyaa!
Eechaan dhaqxu abaluu abaluudhaa?
Maaltu hir’atee jennaa nugante?
Abaluu maree diige

Abaluu waadaa nyaate
Abaluu koo!
Abbaa hiyyeessotaa
Abbaa dilbii
Dhirsa koo!
Abaluu rakkina namaa hinjaalanne
Abaluu gaafa rakkinaa itti baqatan
Abbaa saawwanii
Abbaa daamaa
Abbaa daalee
Sooressa koo!
Abaluu koo!
Kan waan qabu namaaf hinqusanne
Kan kara deemaa obaasu
Gaaddisa koo!
Gaaddisa Meettaa!
Baacaa koo!
Abaluu garaa nama hindhokfanne
Abbaa coomaa
Abaluu hamma maqaa gahu
Leenca biyyi leellisu
Abaluu beela'aa beeluu baasu
Kan dheebotaa obaasu
Sooressa soorummaan beekame
Abaluu damma namaa muru
Abbaa qe'ee guutuu
Abbaa sireen warqee
Abbaa birriin akka cirrachaa
Abaluu abbaa firaa

**Faaruu fardaan himii yeroo nama osoo barachaa jiruu boqoteef himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 7**

Abaluu koo!
Guddattuu koo!
Abaluun, gubaarraa gubaatti darbe
Naaf darba jedhee qooqasaa maratee
Korma dhiiraa!
Kutataa koo!
Maaliif karaarraa gorte?
Gurbaa hiyiyyaan beeku
Qacalee barataa beeku
Qacalee barsiisaan beeku
Korma koo!
Maal sitti balleessine?
Maaf garaa nu dhokfatte?
Dabtara kee maaf gate?
Maree akkasii qabnaa?

Gurbaa biyyi eeggatu
Qacalee firri eeggatu
Kibiriitii koo!
Kan dubbannaan dubbiin irraa bareedu
Abaluu sanyii abaluu
Maaf garaa nudhokfatte?
Gaanfuree koo!
Kan hundatti beeku
Mana barumsaa dhiistee eessa dhaqxa?
Hiriyyootni kee sigaafatu
Barsiisotni kee si gaafatu

**Faaruu fardaan himii yeroo nama baratee osoo hojiitti hinbobba'iin boqoteef himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 8**

Abaluu eechaan dhaqxu?
Abaluu abbaa digirii
Abaluu abbaa dippiloomaa
Abaluu qoricha barnootaa
Abaluu barnootaan beekani
Abaluu amalaan beekani
Abaluu nama gorsu
Qacalee gorsaan guddate
Maraataa koo!
Maaloo inariifattee
Ariifataa koo!
Xaartee nyaata wallaalte
Guggubattee bira hanqatte
Maaliif biddeena baqatte?
Namaafoo fala himtaa kan kee maaliif wallaalte?
Maaliif kana filatte?
Iddoo dhaqanii hingalle maaliif dhaqaxe?

**Faaruu fardaan himii yeroo nama baratee hojii eegalee tasa boqoteef himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 9**

Abaluu koo!
Abaluu hojii bira gahee nyaata wallaale
Gurbaa homaattuu mudoo hinqabne
Gurbaa xinnaa guddaa leellisu
Abaluu waan hundatti beeku
Abaluu barumsatti beeku
Abaluu hojiitti beeku
Abaluu haasaatti beeku
Abaluu waa hundi irraa hinfokkisne
Abaluu dhama'ee nyaata wallaale
Shirri shirrii koo!
Goota gootni dhalche
Goota sanyii abaluu

**Faaruu fardaan himii yeroo nama osoo gaa'ela hindhaabbatiin boqoteef himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 10**

Abaluu koo!
Abaluu kichuutti cabe
Abaluu koo!
Dhalchitee lafaa hinqabduu,
Maal kee laalleeti obsina?
Mucaa karaatti deebite
Jarjaraa koo!
Abaluu garaa namatti hinhimanne
Abaluu karaatti hafe
Maaliif garaa jabaatte?

**Faaruu fardaan himii yeroo nama kaadhimmatee tasa boqoteef himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 11**

Abluu koo!
Mushurraa koo!
Kana jiduutti maaltu si hate?
Osoo gaa'elaaf si eegnuu,
Maaliif nu qaanessite?
Maaltu bade?
Kutataa koo!
Maaltu hir'ate?
Bareedaa koo!
Duroo garaa hinjabaattuu,
Har'a maaliif garaa jabaatte?
Ofilaallee koo!
Guyyaa cidha kee maaliif baqatta?
Atoo kana malattee,
nuufoo maaluma maltee?

**Faaruu fardaan himii yeroo nama fuudhee ijoollee osoo hingodhatiin boqoteef himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 12**

Korma abaluu abaluudhaa!
Maaltu obsa si dhoowwe laata?
Maal kee ilaalla?
Mucayyoo mana keessee maaliif dheessita?
Jarjaraa koo!
Maaliif maree nudhoowwatte?
Maaliif garaa nu dhokfatte?
Maaltu garaa si hanqate laata?

**Faaruu fardaan himii yeroo nama fuudhee ijoollee isaarraa boqoteef himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 13**

Leenca koo!
Ijaallee kee eenyutti adaraa kennite?
Namni amma kee hingahuufi
Ormi nama hinjaalatuu
Qeerransa koo!
Maaliif ijoolleee facaafta?
Maaforma ijoollee kee ifachiifta?
Eenyutti adaraa kennite?
Abbaa ijoollee qaqallii
Abbaa ijoollee qacalee
Abaluu koo!
Ijoollee maaliif qara ilaalchifta?
Ijoollee kee eenyutu daara baasa?
Kutataa koo!
Maal aarte?
Maaf garaa jabaatte?

**Faaruu fardaan himii yeroo dubartiin beekamtuun boqotte himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 14**

Giiftii koo!
Giiftii aannaniin namatti fiigdu.
Abaluu koo!
Giiftii hundumatti beektu.
Haadha ijoollee qaqallii
Giiftii dhugaa malee soba hinjaalanne
Haadha abaluu koo!
Haadha ameessa dhibbaa
Arjaa baksaadhaan nama simattu
Ishee qottee galchuutti beektu
Haadha hiyyeessotaa
Haadha xinnaa guddaa
Arjaa beela namaa hinjaalanne
Haadha abaluu koo!
Yaa ishee itittuudhaan namatti kaattuu
Arjaa biyyi beeku
Maaltu si argate?
Dulloonni kee ni mar'atu
Ijoolleen kee gadoodanii booyu
Dur garaa hinjabaattuu har'a maaliif garaa jabaatte?
Maaliif balbala cuftee deemte?
Arjaa keenya eecha dhaqxa?

**Faaruu fardaan himii yeroo dubartiin abbaa manaa malee maatii bulchitu boqotte himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 15**

Haadha abaluu!

Yaa ishee baatee qottuu
Yaa ishee bakka dhiiraa ooltuu
Kutattuu koo!
Kan baksaadhaan namatti kaattu
Kan seeraan ijoollee guddistu
Ishee hundatti beektu
Kan bobbaastee galchitu
Haadha qotiyyootaa
Haadha dargaggootaa
Kan xinnaa guddaa gorsitu
Giiftii deegaa falmitu

**Faaruu fardaan himii yeroo dubartii lolarratti boqotteef himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 16**

Giiftii koo!
Giiftii baatee loltu
Goota diina qoltu
Abaluu mirgaan galtu
Giiftii hunduu irraa bareedu
Goota koo!
Baatee dhukaasuu
Gurmuu diinaa mancaasuu
Goota maqaa abbaa waamsistu
Ishee alaamtee tokkostu
Ishee tokkostee mirgaan galtu
Goota akka maqaa ishee
Kutattuu dhiirri dheesse
Goota haati abaluu deesse
Kutattuu koo!
Shirrishirrii koo!

**Faaruu fardaan himii yeroo arjaan boqote himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 17**

Eechaan dhaqxu?
Isa birrii dhangalaasaa deemu
Isa koottaa nyaadhaa jedhu
Isa koottaa dhugaa jedhu
Eechaan dhaqxu?
Arjaa arjummaadhaan beekamu
Ilma abaluu abaluudhaa
Gooftaa rakkina nama oolchu
Kan qarshii firfirsaa deemu

**Faaruu fardaan himii yeroo doqni boqote himamuuf**

**Fakkeenya faruu 18**

Abaluu abaluudhaa!
Maal keetu nama gaha?
Dubbatee nama hingahu
Abaluun maaliinuunama hingahu
Abaluun kan namaa hinbarbaadu
Abaluun kan isaa namaa hinlaatu
Itti dhiisaa koo
Kan nama hinquuqne
Abaluun har'a miti dura du'e
Yaa isa arrabaan nama hingeenyee
Abaluu hamaa namaa hindubbanne
Calluma jedhaa koo!
Guduunfataa koo!

**Faaruu fardaan himii yeroo daldalaan boqote himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 19**

Abaluu koo!
Marmaaraa karaa Shaggar
Marmaaraa karaa Mugar
Yaa isa bitee gurguruutti beeku
Yaa isa gabaan dhaabatee eegu
Abaluu waa hundatti beeku

**Faaruu fardaan himii yeroo qotee bulaan boqote himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 20**

Abaluu abaluudhaa
Abbaa qotiyyoota meeqaa
Abbaa gootaraa meeqaa
Abbaa saawwanii
Abbaa ijoollee qaqallii
Isa qotee facaasee galchuutti beeku
Gooftaa dilbii safaru

**Faaruu fardaan himii yeroo namni uffata hodhu boqote himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 21**

Injiinara koo!
Ogeessa waayyuu hindhibne
Gooftaa waa nama hindinne
Kan biyyi leellisu
Kan ijoolleesaa leenjisu
Kan kara deemaan eebbisu
Kan rakkataa gargaaru
Safaree muruu itti beeka
Kan mure seeraan hodhuu beeka
Abbaa uffata gaarii
Mee takkaa ol-jedhii nu ilaali
Abbaa senjarii

**Faaruu fardaan himii yeroo jaarsi biyyaa boqote himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 22**

Gooftaa koo!
Kan taa'ee nama araarsu
Kan xinnaa guddaa gorsu
Kan hamaa namaa hinjaalanne
Kan bakka gadhee hindhaabanne
Abdaarii keenya
Guddicha keenya
Abbaa bullukkoo
Goofticha koo
Kan nagaa buusu
Dubbatee kan abidda dhaamsu

**Faaruu fardaan himii yeroo ayyaantuun boqote himamuuf**

**Fakkeenya faaruu 23**

Abaluu koo!
Abbaa/Haadha falaa
Abbaa/Haadha malaa
Kan lafti biraa bareedu
Kan haasaan irraa bareedu
Kan waan dubbate/tte raawwatu/ttu
Abbaa/Haadha galma gaarii
Abbaa/Haadha abdaarii

# Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta’usaa fi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaan Qorataa ____________________________________________________

Mallattoo _________________________

Guyyaa __________________________

**Dabalee E**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

**GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI**

**FOOKILOORIITIIF KAN DHIYAATE**

**Suuraaa odeef kennitootaa afgaaffiifi mare gareetiin yeroo adda addaatti qorataaf odeeffannoo kennanii agarsiisu.**





